# Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii

# KITAABA BARATAA

## Kutaa 6

**Qopheessaan:**

Ministeera Barnootaa Federaalaa

**Afaan Oromootti Kan Hiikan:**

- Hayiluu Birruu
- Tsahaay Addunyaa

**Gulaalaan:**

- Darajjee Mokonnin
- Tsahaay Addunyaa
- Sirnaa Dabalaa

Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa
Rippabilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

AG PRINTING & PUBLISHING LTD

Sample output to test PDF Combine only

## Galata

Fandiin Dizaayinii, maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii kun deeggersa karaa **Piroojektii Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa** (GEQIP)n kan argame yommuu ta'u kaayyoon piroojeektii kanaas dhaabilee barnoota mootummaa kutaalee 1-12 keessatti qulqullina barnootaa fooyyessuudha.

Mootummaan Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa fandii **Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa(GEQIP)** kana dhaabilee gargaarsa **Internationonal Development Association (IDA), The Fast Track Initiative Catalytic Fund (FTICF)** fi dhaabilee deeggertoota misoomaa biroo kanneen akka **Mootummoota Fiinlaand, Niizerlaandii, UK fi Walta'insa Misoomaa Mootummaa Xaaliyaanii** irraa argate.

Ministeerri Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa qaamolii kallattiinis ta'e al kallattiin kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa BLAG maxxansiisuu keessatti qooda fudhatan hundaaf galata galchuu barbaada.

**© Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa, bara 2003**

ISBN 978-99944-2-060-5

Dhaabbata Maxxansaa Alguuraarii
Lakk. Sanduuqa Poostaa 5613
Dubaayi, U.A.E

Wal ta'insa
Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinaalii
Lakk Sanduqa Poostaa 100767
Finfinnee,
Itoophiyaa

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamiyyuu hayyama Ministeera Barnootaa ykn hayyama qaama labsii **Nagaarit gaazeexaa lakk 410/2004** qabeenya sammuu egsisuuf angoon kennameefiin alatti baa'yisuun, haala addaatiin itti fayyadamuuf kuusuu fi tamsaasuun dhorkaaddha.

Kitaaba kana keessatti abbootii mirga maxxansaatiif haga danda'ametti beekamtii kennuun ragaalee adda addaa fedhanneerra. Akka tasaa ta'ee beekamtii osoo hin kenniin kan fudhanne yoo jiraate dhiifama gaafachaa, maxxansa fuula duraa keessatti galchuu akka barbaannu asumaan ibsina.

Qaamni mirgi maxxanssaa koo sirriitti beekamtii osoo hin argatiin ragaan koo fudhatameera jedhu yoo jiraate karaa teessoo keenya armaan gadii nuuf barreessuu ni danda'a:

**Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa**
**Lakk. Sanduuqa Poostaa 1367**
**Finfinnee,**
**Itoophiyaa**

Sample output to test PDF Combine only

# Baafata

*Qabiyyee* *Fuula*

**Boqonnaa 1.** Sirna Dimookiraatawaa ...................................... 1
**Boqonnaa 2.** Olaantummaa Seeraa ...................................... 17
**Boqonnaa 3.** Walqixxummaa ................................................ 33
**Boqonnaa 4.** Haqummaa ...................................................... 49
**Boqonnaa 5.** Jaalala Biyyaa ................................................ 65
**Boqonnaa 6.** Miira Itti Gaafatamummaa ............................... 84
**Boqonnaa 7.** Aadaa Hojii Cimaa .......................................... 97
**Boqonnaa 8.** Of Danda'u .................................................... 110
**Boqonnaa 9.** Aadaa Qusannaa ............................................ 122
**Boqonnaa 10.** Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa............ 135
**Boqonnaa 11.** Beekumsa Fedhuu ......................................... 148

Sample output to test PDF Combine only

# Alaabaa Mootummaa Naannoolee Miseensota Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa.



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Tigraay**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Affaar**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Amaaraa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Sumaalee**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Beeneshaangul-Gumuz**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Ummatoota Kibbaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Gambeelaa**



**Alaabaa Mootummaa Naannoo Hararii**

Miseensonni mootummaa naannoolee armaan olii kun akkaataa heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa (*Keeyyata 47, fuula 102 - 103*) kan kaa’amedha.

Sample output to test PDF Combine only

## የኢትዮጵያ ሕዝብ መዝሙር

የዜግነት ክብር በኢትዮጵያችን ፀንቶ፣
ታዬ ሕዝባዊነት ዳር እስከዳር በርቶ::
ለሰላም፣ ለፍትህ ለሕዝቦች ነፃነት፣
በእኩልነት በፍቅር ቆመናል ባንድነት::
መሠረተ ፅኑ ስብዕናን ያልሻርን፣
ሕዝቦች ነን ለሥራ በሥራ የኖርን::
ድንቅ የባህል መድረክ የአኩሪ ቅርስ
ባለቤት፣
የተፈጥሮ ፀጋ የጀግና ሕዝብ እናት፣
እንጠብቅሻለን አለብን አደራ፣
ኢትዮጵያችን ኑሪ እኛም ባንቺ እንኩራ::

## Faaruu Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Oromiyaa, Oromiyaa haadha seenaa guddaa
Handhuura Oromootaa galma sirna Gadaa
Dachee heeraa fi seeraa haadha Caffee Odaa
Badhaatuu, gabbattuu magarsituu hundaa;
Xurii bara dhibbaa dhiigaan sirraa dhiqnee
Wareegama qaaliin alaabaa kee ol qabnee
Gammannee gammadii bokkuu deebifannee;
Nagaaf dimokraasii tabaroo namummaa
Misoomaa amansiisaa guddina hatattamaa
Ummatootaa wajjiniis jaalalaafi tokkummaa
Wabii jireenyaatiif goonee kaayyoo cimaa;
Irree gamteeffannee kaanee nu abdadhuu
Oromiyaa lalisii dagaagii jiraadhuu!

## KITAABA KANA HAALA GAARIIN QABUU QABDA



- Kitaaba kana haala gaariin qabuu qabda.
- Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetiiti.
- Kana gochuuf qabxiileen kurnan (10) armaan gaditti tarreefaman ilaali.

1. Kitaaba kana wantoota akka plastikii, gaazeexaa fi k,k.f niin ufisuu qabda.
2. Yeroo hunda kitaaba kana iddoo gogaa kaauu qabda.
3. Yeroo kitaaba kanatti fayyadamtu harki kee qulquulluu ta'uu qaba.
4. Qola kitaaba kanaa irraattis ta'ee fuula irratti barreessu hin qabdu.
5. Kitaaba kana mallattoo itti godhachuu yoo barbaadde waraqaa xiqqoo ykn kaardii itti fayyadami.
6. Fikkii fuula kitaaba kanaa irra jiru hunda gonkumaa kutuu hin qabdu.
7. Kitaabni kun yoo akka tasaa tarsa'e battaluma sanatti hapheen ykn 'maastishiin' qabsiisuu qabda.
8. Kitaaba kana erga fayyadamteen booda haala gaariin teessoo kitaabaa irra kaa'uu qabda.
9. Kitaaba kana yeroo namaaf kennitus ta'ee; fudhattu eeggannoo gochuu qabda.
10. Kitaaba haaraa kana yeroo jalqabaaf yeroo fayyadamtu fuula jal qabaa suuta saaquu qaba. Erga saaqte booda suuta jedhii dugda isaa gadi qabi akka hin cinnetti. Kunis qola kitaaba kana haal gaariin qabuuf gargaara.

Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA TOKKO

# SIRNA DIMOOKI RAATAWAA

Kaayyoolee Boqonnichaa: Boqonnaa kana barattee yoo xumurtu:

- ***Mirgoota Namummaa fi dimokiraasii lammiileen qaban ni hubatta.***
- ***Tokkummaa fi garaagarummaa mirgoota namummaa fi dimokraasii ni hubatta.***
- ***Maalummaa fi barbaachisummaa sirna dimookiraasii addaan baafatee ni beekta.***
- ***Garaagarummaa sabootaa, sablammootaa fi uumattoota Itoophiyaa jiddu jiru ni hubatta.***
- ***Yaada bu'uura imaammata biyya alaa Itoophiyaa ni hubatta.***

## 1.1 Sirna Dimokiraasii

Jechi dimokraasii jechu jecha Afaan Giriikii irraa kan fudhatame ta'uu isaa kutaa 5ffaa keessatti barattanii jirtu. Kanaafuu, dimokiraasii jechuun maal jechuu akka ta'e ni yaadattuu? Sirna dimokraasii jechuun hoo?

**Haasawa Obbo Orkaaydoo**

Obbo *Orkaaydoon qindeessaa mana barnoota sadarkaa 1ffaa Laanteeti.-Laanteen Finfinnee irraa ka'uun gara dhihaatti yoo deemnu Arbaa Mincii ga'uuf 20km yoo nu hafu magaalaa argamtu dha. Barnoonni seemisteera 1ffaa eegalee torbee booda obbo Orkaaydoon barattoota mana barnootichaa hunda dirree kubbaatti walitti qabuun yaada armaan gadii dubbatan.*

*Kabajamtoota barattoota! duraan dursee baga nagaadhaan bara haaradhaan nu gahe jechaa barnoota bara haarawaa kana gahuu keenyaaf hundi keenya baga gammanne. Barri kun bara adda ta,ee fi bu'aa qubsaa ta'e itti galmeessisnu akka ta'u abdiin qaba. Hojiiwwan bara kana keessatti hojjachuuf karoorfanne keessaa lamaan tokko isiniif ibsuun barbaada. Kaayyoon walgahiichaas kanuuma. Haala kanaan:*

1. *Ji'atti guyyaan tokko guyyaa mana barumsa qulqulleessinu akka ta'u. Haaluma kanaan, barattoonni kutaa 6ffaa mana fincaanii, barattoonni kutaa 5ffaa biiroolee fi kutaalee barnootaa, barattoonni kutaa 1-4ffaa keessa jiran immoo dallaa mana*



Sample output to test PDF Combine only

*barumsichaa hunda akka qulqu-lleessan ta'ee, barnoonni akka hin miidhamneef jecha guyyaanis guyy-aa sanbataa akka ta'u murteesseera.*

2. *Barattoota akka qindeessanii fi hojicha akka hogganan barattoota armaan gadii ramadeera.Isaanis, barattoota kutaa 6ffaa tiif barattuu Lalisee, barattoota kutaa 5ffaatiif bar-ataa Luungoo, barattoota kutaa 1-4 jiraniif barataa Geellaboo ramadeera.*

*Barattoonni qalbii fi dinqisiifannaan dhaggeeffachaa erga turanii booda gara dhumaatti gumgumuu jalqaban.Obbo Orkaaydoon riifaatanii maali? rakkootu jiraa? jechuun gaafatan. Barattoota keessaa Saarrooteen dursitee harka waan baasteef akka dubbattu carraan kennameef. Saarrooteenis, barsiisaa osoo nu irratti hin mari'atin akkamitti adduma keessan qindeessitoota rama-ddan? Ammas fedhaa fi yaada nama tokkootiin hogganamuu hin dandee-nyu. Bara darbe adeemsi akka kanaa kun dimokraatawaa akka hin ta'in bars-iisaan barnoota lammummaa fi amala gaarii keenya nuuf ibsanii turan. Adeemsa sirna dimokraasii keessatti murtoo tokko osoo hin kennin dura qaamni dhimmi ilaalu hundi irratti mari'achuu akka qabu barannee turre. Kanaafuu, nuti barattoonni mana barumsa kanaa dhimma nu ilaallatu irratti mari'annee yaada irratti kenn-uun osoo nurraa eegamuu adduma keessan, dhuunfaan murteessuun sirrii miti. Akkasumas, dilbataa fi sanbata kan jettan barattoonni hojii biroo yoo qabaatan hoo? jechuun osoo dubbachaa jirtuu barattoonni harka rukutuun Saa-rrooteef haamilee kenn-an.*

*Obbo Orkaaydoon yaada Saarrooteetti waan gammadaniif barattoonni yeroo tokko obsaan akka dhaggeeffatan gaafatan. Barattoonnis gama isaanitiin yaadni Saarrootee obbo Orkaaydoo aarsuu ni danda'a jechuun shakkaa osoo jiranuu fuula obbo Orkaaydoo irratti gammachuu waan arganiif waan isaa wallaalanii dhaggeeffachuu eegal-an. Obbo Orkaaydoon barattoota hund-aa keessattuu, Saarrootee kan dinq-isiifatan ta'uu ibsan. Itti fufuunis obbo Orkaaydoon yoo dubbatan yaada armaan olii kan kaaseef hangam barnoota lammummaa fi amala gaarii akka hubattan ilaaluufan ture. Haala kanaan waayee dimookiraasii fi sirna dimokiraasii sirritti akka hubattan arge-era. Kanaafuu, jabaadhaa, akkan-umatti itti fufaa jechuudhaan wal gahii guyyaa sanaa xumuran.*



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala -1**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Barreeffama armaan olii irraa dimokraasii fi sirni dimokraasii maal akka ta'an hubattanii jirtuu?
2. Adeemsa marii armaan olii keessatti sirni dimokiraasii akkamitti akka ibsame mari'adhaa.
3. Yaadni obbo Orkaaydoon xumura irratti kennan sirriidhaa? Maaliif?
4. Murteewwaan lamaan obbo Orkaaydoon haala adeemsa sirna dimokraasiitiin yoo ilaalaman sirriidhaa? Maaliif? Irratti mari'adhaa.

Jechi dimokraasii jechu aangoon ykn bulchiinsi harka ummataa kan jiru ta'ee, sirna mootummaan fedhii fi waliigaltee ummataatiin hundaa'e keessa jiru jechuu dha. Sirna dimookraasii keessatti ummanni hoggantoota fedhii isaatiin filata. Hoggantoonni filatamanis deebi'aanii ummata bulchu. Akkas-umaas hawaasni hoggantoota sirna dimokraatawaa ta'een filate irratti amantaa yoo dhabe deebi'ee aangoo irraa kaasuu ni danda'a.

Sirni dimokiraasii sirna nageenyii fi misoomni itti dhugoomuu fi hirmaannaa hawaasaatiin kan hundeeffamuu fi faaydaa ummataaf dursa kennu dha.. Haala kanaan sirna dimookraasii keessatti, namoonni jireenya isaanii kan gaggeessan, rakkoo isaanii kan hiikan murtiiwwan kan murteessan mariidhaan.

Sirni dimokraasii sirna ummanni fedhii isaatiin bakka bu'oota isaa aangoo mootummaa irra ittiin kaa'uu dha. Hoggantoonnis seeraan ala yoo hojjatan aangoo irraa buus-uun bakka isaanii nama kan biroo filannoon jijjiiruun aangoo kan ittiin kennu dha.

**Gilgaala- 2**
**Gaaffii armaan gadii irratti mari'adhaa.**

Sirni dimokraasii sirna hirmaannaa ummataatiin hundeeffamuu fi faaydaa hawaasaaf dursa kennu dha jechuun maal jechuu dha?

## 1.1.1 Barbaachisummaa Sirna Dimokiraasii

- ***Sirni dimokraasii barbaachisaa fi faaydaa qabeessa dha kan jennuu maaliif?***

Biyyi teenya Itoophiyaan biyyoota kan biraa irraa haala adda ta'een biyya saba, sab lammootaa fi ummattoota heddu kan qabdu dha. Kanaafuu, sir-



Sample output to test PDF Combine only

ni dimokraasii Itoophiyaaf baay'ee barbaachisaa dha. Sababni isaas:

1ffaa Faayidaa fi walqixxummaan saba,sab-lammootaa fi ummattootaa akka kabajamuuf godha. Hojmaata loogii irraa bilisa ta'e diriirsuun hunda ija tokkoon ilaaluun mirgii fi faaydaan isaanii akka eegamu ni godha. Fakkeenyaaf. Biyya teenya Itoophiyaa keessatti sirni dimokraasii ijaaramaa waan jirtuuf aadaan, aafaanii fi, seenaan sabaa fi sab-lammootaa kabajamee jira. Saboonni mirgi afaan isaanitiin fayyadamuun kabajamuun isaa mirgi wal-qixxummaa fi wal-qixa fayyadamtoota ta'uun isaanii hojii irra ooluu isaa agarsiisa.

2ffaa Sirni dimokraasii Itoophiyaaf baay'ee barbaachisaa haalli itti ta'u keessa inni biraa saba, sablammiilee fi ummattootnii fi amantiiwwan adda addaa kunniin garaagarummaa isaanii mariin hiikuun wal-kabajanii jaalalaan akka waliin jiraatan waan gargaaruuf dha.

**Gilgaala- 3**

**Gaaffii armaan gadii gareen ta'uun irratti mari'adhaa.**

1. Sirni dimokraasii keessattuu Itoophiyaadhaaf baay'ee barbaachisaa dha kan jedhameef maaliif?

### 1.1.2.Mul'istoota Sirna Dimokraasii

Daree keessan keessatti hojmaatni sirna dimokraasii jiraa? Jira yoo ta'e hojmaatni dimokraasii daree keessanii maal maalin ibsama?

- ***Garaagarummaa yaadaa fudhachuu jechuun maaljechuu dha?***
- ***Garaagarummaa yaadaa fudhachuudhaan obsaan walin jiraachuu jechuun maal jechuu dha?***

Barataa daree keessan keessatti yaadaan walii hin galle tokko ilaalchisee gaaffilee armaan gadii osoo gaafatamtanii deebiin keessan maal ta'uu danda'a? Nan gammada yoo jettan mallattoo (√) yaada nan gammada jedhu duratti ykn hin gammadu yoo jettan mallattoo (√) yaada hin gammadu jedhu jalatti kaa'aa.

| Lakk | Gaaffilee | Nan gammada | Hin gammadu |
|---|---|---|---|
| 1 | Musee daree osoo taatee | | |
| 2 | Hojii garee akka hojjattan waliin osoo isinii kennamee | | |
| 3 | Daree qulqulleessuu irratti barattoorta kan biro waliin osoo ramadamte | | |
| 4 | Teessoo tokko irra waliin akka teessan osoo ajajamtee | | |
| 5 | Gumii tokko keessa waliin miseensa taatanii ati qindeessaa gumichaa osoo taatee | | |
| 6 | Hojiin daree waliin isinii kennamee ati qindeessaa garichaa osoo taatee | | |



Sample output to test PDF Combine only

Sirni dimokraasii amaloota ittiin ibsamu heddu qaba. Amaloota kanneen keessaa ijoo kan ta'an kan armaan gadii ti.

***A. Hirmaannaan hawaasaa jiraachuu.***

Sirna dimokraasii keessatti hawaasni dhimmoota adda addaa irratti hirmaachuu ni danda'u. Fakeenyaaf kaadhimamaa taasisanii of dhiyeessuu, ykn kallattiin filannoo irratti argamuun bakka bu'aa isaaniif ta'u filachuun ta'uu danda'a. Walgahii dhimma naannoo isaanii ilaallatuu fi waldaalee hawaasummaa keessatti miseensa ta'uun hirmaachuu ni danda'u. Qajeelfamoota mootummaanbaasu madaaluudhaan hojii irra oolchuu fi haalli itti fooyya'uu danda'u akka jiraatu tattaaffii gochuun hirmaachuu ta'uu danda'a.

***B. Wal qixxummaan ummataa jiraachuu.***

Sirna dimokraasii keessatti walqixxummaan ummataa ni kabajama. Namni kamiyyuu sanyiin, amantiin, saalaanii fi kkf gargar osoo hin qoodamin loogii tokko malee carraa walqixa ta'e qaba. Sirna dimokraasii keessatti wal-qixa ta'uu qofa osoo hin ta'in wal-qixxummaan isaanii kun kan ittiin ibsamu karaan hedduutu jira. Ummattoonni biyya isaanii keessatti filachuunis ta'e filatamuun hirmaachuuf mirga wal-qixxummaa qabu.Seera birattis wal-qixxummaan ilaalamuuf mirga qabu.

***C. Aadaan Wal-Danda'uu Jiraachuu***

Sirna dimokraasii keessatti ummata gidduutti garaagarummaan afaannii, aadaa, sanyii, amantii, sabaa fi sablammiilee jiraachuun isaa gaarii ta'uu isaa itti amanu. Garaagarummaan yaadaas jiraachuun isaa kan hin oollee fi faaydaa kan qabu ta'uu isaas amantiin fudhatu. Garaagarummaan yaadaa jiraachuu isaa fudhachuus ta,e wal-danda'anii waliin jiraachuun amala ijoo sirna dimokraasii ti.

Garaagarummaa yaadaa fudhachuu jechuun namoota gidduu sanyiin,afaanin, amantiin bifaan fi kan kana fakkaatuun garaagarummaan kan jiru ta'uu isaa fi yaadaanis garaagarummaan jiraachuu kan danda'u ta'uu isaa amanuu jechuu dha. Garaagarummaa yaadaa fudhachuun gara-agarummaa jiru amananii fudhac-huun ala yaada nama tokkoo inni kan biroo kabajuus dabalata.

Garaagarummaa yaadaa obsuun waliin jiraachuu jechuun yaada nuti itti hin amannes ta'e hin fudhatin namni kan biraa yaada sirrii dha jedhee yaadicha ibsachuun mirga isaa ta'uu hubachuu fi kabajaan dhaggeeffachuu danda'uu jechuu dha. Kanaan alattis ni dand-



Sample output to test PDF Combine only

a'ama yoo ta'e karaa nageen-yaatiin marii fi falmiidhaan garaagarummaa jiru dhabamsiisuu , hin danda'amu yoo ta'e immoo garaag-arummaa jiru fudhatanii nagayaan waliin jiraachuu danda'uu jechuu dha.

**Gilgaala -4**
**Gaaffilee armaan gadii hojjadhaa.**

1. Amaloota sirna dimokraasii jedhaman keessaa lamaan isaanii ibsi.
2. Garaagarummaa jiru huba-tanii obsaan waliin jiraac-huun bu'aa maal qaba?
3. Garaagarummaa yaadaa fudhachuus ta'e obsanii waliin jiraachuun amala sirna dimokraasii ti jech-uun maal jechuu dha?

## 1.2. Mirgoota Namummaa Fi Dim-okraasii

### 1.2.1. Tokkummaa Fi Garaagarummaa Mirga Namummaa Fi Dimokraasii

- ***Mirgoota namummaa jechuun kan beekaman keessaa sadeen isaanii ibsi.***
- ***Mirgoota dimokraasii jechuun kan beekaman keessaa sadeen isaanii ibsi.***

Mirgoonni namummaa dhalli namaa hundi nama ta'ee uumamuu isaatiin qofa mirgoota uumamaan argate dha., Mirgoota namummaa jedhamuun kan beekaman keessaa isaan ijoon mirga lubbuun jiraachuu, mirga nag-eenya qaamaa fi mirga walabummaa ti.

Mirgoonni dimokraasii mirga hawaasn-ni sirna dimokraasiitiin bulu miseensa sirnichaa waan ta'eef qofa argatu dha. Kanas jechuun ummanni biyyaa fi hawaasa jiraatu keessatti hirmaannaa adda addaa gochuuf mirga isaan dandeessisu jechuu dha. Mirga dimo-kraasii kan jedhamanis mirga yaada ofii walabaan ibsachuu, mirga gur-maa'uu, mirga hiriira nagaa bahuu, mirga filuu ykn filatamuu fi kkf dha.

Mirgoonni namummaa fi dimokraasii tokkummaa fi garaagarummaas ni qabu. Lamaanuu dhala namaatiif kan barbaachisan ta'uun isaanii tokku-mmaa isaanii ti. Mirga namum-maa fi dimokraasii kan adda godhu madda isaanii ti. Mirgi namummaa namni nama ta'uu isaatin qofa kan argatu, kabajamuufiis kan qabu ta'ee mir-goonni dimookiraasii immoo namni kamiyyuu yaada isaa walabaan ibsa-chuu akka dana'u mirga sirnicha irraa argatuu fi kabajamuufii qabuu dha.

**Namni tooko mirga isaatti kan fayyadamu hanga mirga namoota biro hin tuqineetti dha.**



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala - 5**

Gaaffilee armaan gadiif mirga namummaa yoo ta'e, saanduuqa mirga namummaa jedhuu keessatti Mallattoo (√) yoo mirga dimokraasii ta'e immoo saanduuqa mirga dimookiraasii jedhuu keessatti mallattoo (√) gochuun deebisi.

| T/L | Akaakuu mirgootaa | Mirga namummaa | Mirga dimookiraasii |
|---|---|---|---|
| 1 | Mirga nageenya qaamaa | | |
| 2 | Mirga gurmaa'uu | | |
| 3 | Mirga wal gahii gochuu | | |
| 4 | Mirga walabummaan amantii dhunfaa gaggeessuu | | |
| 5 | Mirga filuu fi filatamuu | | |
| 6 | Mirga lubbuun jiraachuu | | |

***Barataa Shamsuu fi Obbo Mootummaa***

Barataa kutaa 6ffaa kan ta'e Shamsuu kan jedhamu ganama osoo barattoonni hiriira irra jiranuu. bulchiinsi mana barumsaa keenya seeraan ala hojjachaa kan jiru ta'uu isaa, keessattuu dura taa'aan mana barumsaa hannaa fi rakkoo adda addaa raawwachaa kan jiru ta'uu isaa,itti gaafatamaa mana qabeenyaa waliin ta'uun qabeenya mana baru-msaa gurguuraa kan jiran ta'uu,. Dabalataaniis qarshii barattoonni misooma mana barumsaatiif walitti qaban dhuunfaa isaatiin ittiin dhugaa kan jiru ta'uu isaa fi barattoonni hundi kana hubatanii durabu'icha ari'uu akka qaban otuu dubbachaa jiruu itti gaafatamaa kochoo kan ta'an obbo Mootummaan gara waltajjiitti deemuun Shamsuun maal akka dubbachaa jiru gaafatan. Barataa Shamsuunis <<haasawan gochaa jira>> jechuun deebise. Obbo Mootummaanis <<Haasawa maalii?>> jedhanii gaafatan.Waanan barbaade yoon dubbadhe maaltu isin galche? Dubbachuun mirga dimokiraasii koo ti jechuudhaan deebise. Obbo Mootummaan deebii Shamsuutti waan aaraniif Shamsuu kaballaa fi dhiitichaan muddaa gara biiroo geessan. Biiroo keessattis balbala itti cufanii alangaan tuman.

**Gilgaala - 5**


**Bu'uura yaada barreeffama armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Haasofni Shamsuun barattoota duratti godhe sirriidhaa? Maaliif?
2. Obbo Mootummaan Shamsuu reebuun isaanii sirriidhaa? Maaliif?
3. Obbo Mootummaanis ta'e shamsuun mirga namaa sarbaniijiruu? Mirgoonni sarbaman maal fa'a akka ta'an ibsi.
4. Shamsuunis ta'e, obbo mootummaan mirgoota kabajuuf maal raawwach uutu irraa eeggama ture?



Sample output to test PDF Combine only

### 1.2.2. Barbaachisummaa Kabajamuu Mirgoota Namummaa Fi Dimookiraasii




*Fakkii 1.1. Fayyidaalee mirgoota namummaa fi dimokiraasii*

- ***Fakkiin tokkoon tokkoon isaa ergaa maal dabarsa?***
- ***Yaada fakkii armaan olii irratti hundaa'uun faayidaa mirgoonni namummaa fi dimokraasi i dhala namaaf kennan tarreessi.***

Fedhiiwwan dhalli namaa hundi qabu keessaa ijoon biyya rakkoon ykn garbummaan hin jirre keessaattii gammachuun jiraachuu dha. Akkas-umas hawwiin isaa biyya nageenyi, haqummaa fi wal-qixxummaan lamm-ilee keessatti dagaage arguu dha.

Kanaafuu, lammileen hacuuccaa dhabamsiisuuf, fincila,jeequmsa wkf akka filannoo dhumaatti ilaaluun akka itti hin fayyadamnee fi mirgi namummaa fi dimokiraasii akka kabajamu gochuun barbaachisaa dha. Gama birootiin mirgi namummaa fi dimokiraasii kabajame jechuun ilmi namaa haqummaa nageenyaa fi walqixxum maa hawwu argate jechuu ta,a. Hojm-aatni badaan haqummaa dabsuu fi loogiin ittiin raawwatu yoo qunnamu walaba ta'uun ifatti mormii dhagees-sisuun hoggansi mijataa hin taane akka dhabamsiifamu ykn akka sirraa'u gochuun ni danda'ama.

Mirgoonni namummaa fi dimokraasii baayyee barbaachisoo dh



Sample output to test PDF Combine only

Sababni isaas:


- Nagaan jiraachuuf
- Hojii kamiyyuu nagaan hojjechuuf
- Bulchiinsa haqummaa fi walqixxummaan diriire keessatti loogii fi hacuuccaa irraa walaba ta'anii jiraachuuf gargaara.

**Gilgaala – 7**

**Gaaffii armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Mirgoonni namummaa fi dimookraasii dhala namaa hundaaf barbaachisaa dha kan jedhamuuf sababni maal? (Walitti dhufeenya daree keessattis ta'e mooraa mana barnootaa keessatti hiriyoota keessanii fi barsiisota waliin akkasumas hojjettoota kan biroo waliin qabdan bu'uura gochuun deebisaa )

## 1.3 Garaagarummaa Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa Gidduutti Mul'atu.




*Fakkii 1.2 Saboota, Sablammootaa fi Ummattoota Itoophiyaa*

- ***Fakkii armaan olii irraa maal hubattan?***
- ***Itoophiyaan muuziyeemii afaanii fi sabootaa, sab-lammiilee fi ummattootaa ti jechuun maal jechuu dha?***
- ***Daree keessan keessatti mirga bara-ttota saba, sablammiilee fi umma-ttootaa, aadaa, akkasumas mirga hordoftoota amantaa adda addaa kabajuun bu'aa maal qaba jettee yaadda?***

Itoophiyaan biyya saboonnii fi sab-lammileen 80 ol ta'an keessa jiraatan yoo taatu saboonni kunis aadaa mataa isaanii kan qaban dha. Sabni kamiyyuu afaan, amantaa fi aadaa kan koo ti jedhee ittiin boonu qaba.Saboonni, sab-lammiilee fi ummattoonni kun walitti makamuun waliin waan jiraataniif biyyattiin muuziyeemii saboot-aa, sab-lammiilee fi ummattootaa jedhamti.Inni kunis lammiileen kan ittiin boonan dha. Kanaaf, kenna adda uumamni nuuf kenne kana kunuunsinee eeguu qabna. Badhaadha adda ta'e kana kunuunsinee eeguuf hundi keenya lollii fi walitti bu'iinsi akka hin uumamnee fi jaalalli akka dagaagu tattaafachuu qabna. Lollii fi walitti bu'iinsi akka hin uumamne walii yaaduu fi wal danda'uun muuxannoo guyyaa guyyaan itti fayyadamnu ta'uu qaba. Kunis kan nama boonsu yoo ta'u, lammileen hundii kanuma bee-



Sample output to test PDF Combine only

kanii tokkummaa, jaalalaa fi wal-qixxummaa irratti hundaa'e mirkane-essuu keessatti gahee isaanii bahuutu irraa eegama.

Saba, sab-lammiileen fi ummattoonni Itoophiyaa tokkummaan wal-qixxum-maa irratti hundaa'e jiraachuu isaa hubataniiru. Haaluma kanaan, fedhii fi jaalala isaanitiin sirna mootummaa federaalaa tokko hund-eessaniiru. Kan-aafis, biyya nageenyii fi tasgabbiin amansiisaa ta'e itti mirkanaa'e, dinag-deen guddatee fi sirni dimokraasii itti dagaage ijaaruuf harka walqabatanii daandii guddinaa irra deemaa jiru.


Sirni mootummaa federaalawaa Itooph-iyaa sirna mirga sabootaa, sablamm-iilee fi ummattootaa guutummaa guu-tutti fudhatu dha. Garaagarummaa jiru keessa tokkummaan jiraachuun isaa dhugaa ta'us wal-diddaa fi walitti bu'iinsi uumamullee sirnichi marii, wal-danda'uu fi karaa nagayaan adee-msifamuun fala akka argatan isaan dandeessisa. Dhimmoota mariidhan furmaata argachuu didán immoo qaa-ma seeraaf akka dhiyaatan gochu-un murtii sagalee caalmaan deggarame fudhachuun hojii irra akka oolu ni gargaara.

**Gilgaala – 7**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Garaagarummaan saboota, sablammiilee fi ummattoota Itoophiyaa jidduutti mul'atu maal?
2. Walitti bu'iinsi akka hin uumamne, saba, sablamm-iilee fi ummattootni Itoophiyaa maal gochuu qabu? Yoo uumame hoo maal gochuutu irraa eega ma?

## 1.4. Imaammata Biyya Alaa.

### 1.4.1. Hariiroo Itoophiyaan Biyyoota Oll-aa Waliin Qabdu.




*Fakkii 1.3 Itoophiyaa fi biyyoota ollaa*



Sample output to test PDF Combine only

- ***Kaartaa kana yaadannoo keessan irratti qopheessuun maqaa biyyoota ollaa Itoophiyaa barreessaa.***
- ***Walitti dhufeenyi Itoophiyaan biyyoota ollaa kana waliin qabdu yaada bu'uura maal irrattí akka hundaa'e ibsi.***

Imaammata Itoophiyaan walitti dhufeenya biyya alaa waliin qabdu keessaa inni tokko "Biyyoota ollaa akkasumas biyyoota Afrikaa kan biroo waliin tumsa dinagdee fi obbolummaa ummattootaa yeroo yeroon guddachaa deemu babal'isuu" dha.Walitti dhufeenyi Itoophiyaan biyyoota ollaa waliin qabdu yaada bu'uura ollummaa gaarii, obbolummaa fi nagaan waliin jiraachuu cimsuu irrattí kan hundaa'e dha.

Haala kanaan Itoophiyaan walitti dhufeenyi biyyoota ollaa kan akka Jibuutii, Suudanii fi Keeniyaa waliin qabdu kan nama jajjabeessuu fi guddachaa deemaa kan jiru dha. Sararri bilbilaa Suudan waliin walqunnamsiisu diriire jira. Akkasumas, karaan biyyoota lamaan walqunnamsiisu hojjatameera. Bara dheeraaf ollaa taanee waliin jiraannus daandiin amansiisaan bonaa fi ganna wal-qunnamsiisu hin jiru ture. Daandii Gondar, Matammaa, Galaabaatii fi Gadaariif akka fakkeenyaatti tuquun ni danda'ama. Biyyoonni lamaan waliin hojjachaa jiru. Daandiin kun erga hojjetamee asitti daldalli biyyoota lamaan gidduutti gaggeeffamaa jiru cimaa jira.Walitti dhufeenyi daldalaa ummattoota daangaa irra jiran, Wal-ta'iinsii fi nageenya waliinii kkf. Hundi haala milkaa'een gaggeeffamaa jira.

Kanaaf, walitti dhufeenyi Sudaan waliin jiru haala gaarii irra jira. Inni kun immoo misooma, nageenyaa fi ijaarsa sirna dimokraasii keenyaaf gu-maacha olaanaa waan qabuuf xiyy-eeffannaan itti kennama.

Haala wal fakkaatuun Jibuutii waliinis walitti dhufeenyi cimaan hundeeffamee walitti dhufeenya Kanaan biyyoonni lamaanuu fayyadamtoota ta'aa jiru. Akkuma beekamutti yeroo ammaa buufatni Jibuutii daldala biyya alaa Itoophiyaan gaggeessituuf balbala ijoo dha.Isa kana waliin wal qabatee walitti dhufeenyi daldalaa, ummattootaa, siyaasaa fi nageenyaas babal'achaa fi cimaa jira.

**Gilgaala – 9**
**Yaada armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Walitti dhufeenyi Itoophiyaan biyyoota ollaa waliin qabdu walqixxummaa fi obbolummaa irratti kan hunda'e dha yoo jedhamu maal jechuu keenya dha? Fakkeenya waliin ibsi.



Sample output to test PDF Combine only

## 1.4.2. Yaada Bu'uuraalee Imaammata Hariiroo Biyya Alaa Itoophiyaa





*Fakkii 1.4 Yaada bu'uura hariiroo biyya ala Itoophiyaa*

- ***Fakkiin 1.4 maal nu hubachiisa?***
- ***Fakkiiwwan kana irraa bu'uurri walitti dhufeenyi Itoophiyaa kan biyya alaa maal akka ta'e hubachuun ni danda'amaa? Hubbattanii jirtu yoo ta'e bu'uuraaleen walitti dhufeenya biyya alaa ma-al fa'a dha?***

Yaadni bu'uura hariiroo biyya alaa Itoophiyaa misoomaa fi ijaarsa sirna dimookiraasii ti. Biyya keenya keessatti misooma ariifachiisaa ummata fayyadu fiduu fi hiyyummaa irraa walaba ta'ee jireenya milkaa'aa akka jiraatu gochuun murteessaa dha. Faaydaan ijoon ummata keenyaa hiyyummaa, dhukkubaa fi boodatti hafummaa dhabamsiisuu dha

Imaammanni walitti dhufeenya biyya alaa ergama faaydaa biyyattii eegsisuu kan qabu dha. Kanaaf, imaammnni biyya alaa keenyas ergama Kanaan adda ta'e hin qabu. Faaydaa biyya keenyaa jechuun faaydaa ummataa jechuu dha. Faaydaan ummataa inni bu'uuraa fi murteessaa ta'e immoo misooma ariifachiisaa fiduu fi isuma kana irraa fayyadamaa ta'uu jechuu dha.Faaydaan ummataa sirni dimokiraasii fi bulchiinsi gaariin biyya keenya keessatti akka diriiru gochuu dha. Kanaaf, imaammata walitti dhufeenya biyya alaa faaydaa keenya kabajsiisu jechuun, imaammata misooma ariifachiisaa fi ummata fayyadu mirkaneessuuf, biyya keenyatti dimokiraasiin akka lafa qabatu gochuuf gargaaru jechuu dha. Jalqabbii fi xumurri faaydaa biyya keenyaa misoomaa fi dimokiraasii dha. Imaammanni walitti dhufeenya biyya alaa keenyas jalqabbii fi xumurri isaa misoomaa fi dimokraasii dha.

**Gilgaala – 9**
**Gaaffii armaan gadii irratti mari'adhaa.**

- Yaadni bu'uura imammata hariiroo biyya alaa Itoophiyaa misoomaa fi sirna dimokraasii ti kan kan jedhame sababa maaliin?



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada Waliigala Boqonnichaa

Sirni dimokraasii sirna mootummaan fedhiiummataatiin hundeeffame keessa jiru, hawaasni hoggantoota ofii isaatiin filateen kan ittiin bulu dha.Sirni dimokraasii biyya keenyaa saba, sablammii fi ummattootni akkasumas amantiiwwan adda addaa keessa jiran kana keessatti hundi keenya wal kabajnee, wal dandeenyee fi wal jaalannee akka jiraannu kan gargaaru dha.

Sirni dimokraasii amaloota ittiin ibsamu heddu qaba.Amaloota kanneen keessaa ijoon:

- Walqixxummaan ummattootaa kabajamuu
- Hirmaannaan hawaasaa jiraachuu
- Aadaan waldanda'uu jiraachuu isaa ti.

Mirgoonni namummaa fi dimokraasii tokkummaa fi garaagarummaa ni qabu. Lamaan isaanii mirgoota bu'uuraa waan ta'aniif tokkummaa qabu. Garaagarummaan isaanii immoo mir-gnni namummaa nama waan taa-neef qofa mirgoota arganne yoo ta'an, mirgoonni dimokraasii garuu namni sirna dimokraatawaa keessa waan jiraatuuf mirgoota sirnicha irraa argatu ta'uu isaanii ti.

Migoonni namummaa fi dimokraasii ilma namaa hundaaf baay'ee barbaachisoo dha.Sababni isaas nagaan jiraachuu, hojii kamiyyuu walabaan hojjechuu, bulchiinsa loogii fi hacuuccaa irraa walaba ta'een, walqixxummaa fi haqummaan hojjetanii buluun akka danda'amu kan gargaaran mirgoota kanneen waan ta'aniif dha.

Itoophiyaan biyya sabootni, sablammiilee fi ummattoonni 80 ol ta'an keessa jiraatan dha. Sabni, sablammii fi ummanni tokkoon tokkoon afaan, amantaa fi aadaa mataa isaa qaba. Kanaaf, Itoophiyaan biyya sabni, sablammii fi ummattnni kunniin aadaawwan mataa mataa isaanii qabatanii tokkummaan keessa jiraatan waan taateef moggaasa muuziyamii saba, sablammii fi ummattootaa jedhu argattee jirti. Saboonni, sablammiilee fi ummattoonni Itoophiyaa garaagarummaa kana keessa tokkummaan jiraachuu isaa haalaan waan hubataniif fedha isaanii irratti hundaa'uun biyya fedaraalaa tokko hundeessanii jiru. Kanaan alattis biyya nageenyii fi tasgabbiin amansiisaan keessatti uumame, dinagdeedhaan kan badhaadhee fi sirni dimokraasii keessatti dagaage ijaaruuf harka wal qabatanii socho'aa jiru.

Imaammata Itoophiyaan walitti dhufeenya biyya alaa waliin qabdu keessaa inni tokko tumsa dinagdee fi obbolummaa ummataa biyyoota ollaas ta'e biyyoota Afrikaa kan biroo waliin yeroo yeroon guddachaa deemu cimsuu dha. Waan kana ta'eef, Itoophiyaan imaammata kana haalaan hojii irra oolchaa jirti.

Yaada bu'uura hariiroo biyya alaa Itoophiyaa misoomaa fi ijaarsa sirna dimokraasii ti.Misooma ariifachiisaa ummanni itti fayyadamu fiduu fi hiyyummaa fi boodatti hafummaa jalaa baasuun jireenya milkaa'aa akka jiraatu gochuun murteessaa dha. Ummata keenyaaf faaydaa ijoo kan ta'e hiyyummaa, dhukkubaa fi duubatti hafummaa dhabamsiisuu dha.



Sample output to test PDF Combine only

# JECHOOTA IJOO

**Fedaraalawaa:** Mootummaa giddu galeessa, mootummaa fedaraalaa fi tumsa naannoolee ofiin of bulchaniin hundeeffame ta'uu isaa agarsiisu dha.

**Dimokraasii:** Jechuun sirna aangoon mootummaa harka ummataa jiru ta'ee ummanni bakka bu'oota isaa walabaan filatee kan ittiin bulu jechuu dha.

**Saba, sab-lammii fi ummata:** Jechuun ummata aadaa, barmaatilee xinsammuu fi amala walfakkaatu qabatanii naannoo tokko keessa waliin jiraatan.



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee keessa deebii

**I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun kan dogoggora ta'een "soba" kan sirrii ta'een "dhugaa "jechuun deebsi.**

1. Imaammanni biyya alaa keenya ergama faaydaa biyyaa eegsisuu dha.
2. Sirni dimookraasii hojmaata loogii irraa walaba ta'ee fi haqummaa qabu saboota,sab-lammiilee fi ummattoota gidduutti diriirsa..
3. Tokkummaan mirga namummaa fi dimokraasii lamaan isaanituu ilmi namaa umamaan kan argatu ta'uu isaanii ti.
4. Sirna dimookraasii sirna ummattoonni fedhii isaanitiin hoggantoota filataniin bulan dha.
5. Garaagarummaa yaadaa fudhachuu jechuun garaagarummaan jiraachuu isaa amananii fudhachuu qofa osoo hin ta'in inni tokko yaada nama biroo kan hin fudhannellee yoo ta'e kabajuu akka qabu kan dabalatu dha.

**II. Gaaffilee armaan gadii "A" jalatti eeraman kan "B" jala jiraniin walitti firoomsi**

**"A"**

1. Yaada ofii walabaan ibsachuu, hiriira nagaa bahuu
2. Mirga lubbuun jiraachuu, nageenya qaamaa , ollummaa gaarii
3. Obbolummaa
4. Misoomaa fi ijaarsa sirna dimokraasii

**"B"**

A. Mirga namummaa
B. Kaayyoo Imaammata biyya alaa
C. Mirgoota dimokraasii
D. Yaada bu'uura imaammata biyya alaa
E. Saba, sablammiilee fi ummattoota

**III . Himoota armaan gadii dubbisuun iddoo duuwwaatti jecha ykn gaalee sirrii ta'e guutaa**

1. Biyya teenya biyya garaagarummaan afaanii, amantii fi aadaa jirutti hundi keenya wal kabajnee wal dandeenyee fi jaalalaan akka jiraannu kan nu gargaaru ________________________ dha.
2. ____________fi___________n yaada bu'uura imaammata biyya alaa Itoophiyaa ti



Sample output to test PDF Combine only

## IV. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta'e filadhaa

1. Amala bu'uura sirna dimokraasii kan ta'e isa kam?
   A. Wal danda'uu
   B. Walqixxummaa
   C. Hirmaanna ummataa
   D Hunduu debí dha.

2. Sirna dimookraasii keessatti ummanni akkamitti hirmaachuu danda'a?
   A. filuu fi filatamuun
   B. Walgahii adda addaa irratti hirmaachuun
   C. waldaalee hawaasummaa keessatti miseensa ta'uu
   D. Hunduu deebii dha.

3. Imaammaata biyya alaa kan faayidaa biyya keenyaa eegsisu jechuun maal jechuu dha?
   A Imaammata misooma ariifachiisaa biyya keenyatti fidu jechuu dha.
   B. Imaammata ijaarsi sirna dimokraasii biyya keenya keessatti akaa lafa qabatu gargaaru jechuu dha.
   C. Imaammata ummanni kallattiin bu'aa irraa argatu.
   D. Hundu debí dha.

## V. Gaaffilee armaan gaditiif deebii gabaabaa kennaa

1. Garaagarummaa yaadaa fudhachuu fi fudhatanii obsaan waliin jiraachuu jechuun maal jechuu dha? Faayidaan isaa hoo maal? Fakkeenyaan ibsaa.
2. Sirna dimookraasii keessattuu biyyoota akka Itoophiyaatiif baay'ee barbaachisaa dha kan jedhameef maaliif? Fakkeenyaan addeessaa.



Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA LAMA

# OLAANTUMMAA SEERAA

kaayyoolee boqonnichaa. Boqonnaa kana erga barattee booda:

- ***Barbaachisummaa heeraa ni hubatta.***
- ***Seera kabajuu fi kabajsiisuun bu'aa inni lammiileef kennu ni hubatta.***
- ***Faayidaa olaantummaa ummataa ni qalbeeffatta.***
- ***Barbaachisuummaa daangaa aangoo filatamtoota ummataa fi abbootii aangoo caasaa mootummaa irratti kaa'amuu qabu ni hubatta.***

## 2.1 Heerri Maal?

Barnoota kutaa 5ffaa keessatti waayee mootummaa feederaalaa fi naannoolee barachuu keessan ni yaadattu. Waayee heera mootumma feederaalaa fi heera mootummaa naannoolee maal akka barattanii turtan ni yaadattuu?

Heerri mootummaa seera olaanaa biyya tokkoo yoo ta'u sanada kaayyooleen ijoon siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdee biyya tokkoo daangeffamanii kan ittiin ibsaman dha. Heerri mootummaa lammiileen mirga isaaniitti akka fayyadamanii fi dirqama isaaniis akka bahan ni gargaara.

Heerri mootummaa feederaalaa sanada sadarkaa biyyoolessaatti dhimmoota ijoo akka siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa ilaallatu dha. Heerri mootummoota naannoolee immoo sanadoota imaammataa fi tarsiimoo kaayyoolee ofiin of bulchuu, dinagdee fi hawaasummaa naannichaa kan of keessatti qabate dha.

**Gilgaala -1**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Heera jechuun maal jechuu dha?
2. Qabiyyeewwan heerri mootummaa federaalaa of keessatti qabate maal maal irratti xiyyeeffatu?

### 2.1.1 Barbaachisummaa Heera Mootummoota Naannoolee

- ***Naannoleen heera mataa isaanii qopheeffachuun maaliif barbaachisee?***



Sample output to test PDF Combine only

Heerri naannoolee, haala qabatamaa naannoo isaaniitiin naannooleen kan ittiin hogganamanii fi ummata kan ittiin bulchan dha. Waan kana ta'e-ef,haalotni heerri naannoolee itti barb-aachisu keessaa isaan ijoo ta'an kan armaan gadii ti.

- ***Aangoo fi mirga saba, sablam-mootaa fi ummattootaa ni mirk-aneessa, dhugoomsa.***
- ***Haalota mirga ofiin of bulchuu ni mijeessa.***
- ***Haala qabatamaa naannoo irratti hundaa'uun seera baafachuu ni dandeessisa.***
- ***Wal qixxummaa saalaa ,aadaa fi afaanii ni mirkaneessa.***

**Gilgaala – 2**
**Gaafilee armaan gadii deebisaa.**

1. Heera mootummaa naannoo jechuun maal jechuu dha?
2. Sababoota barbaachisumm-aa heera mootummaa naa-nnoolee cimsan keessaa sadi eeruun addeessaa.

**Hojii Garee**

Heera mootummaa feederaalaa fi mootumma naannoo keetii dubbisuun yaada armaan gadii irratti gabaasa gabaabaa dareef dhiyeessaa (Gareen tokkoon tokkoon isaa heera mootum-maa federaalaa fi naannoo yaa dub-bisu.)

1. Dhimmoota ijoo heerri mootummaa irratti xiyyeeffate tarreessaa.
2. Dhimmoota heera mootummaa naa-nnoolee irratti xiyyeeffate eeraa.
3. Tokkummaa fi garaagarummaan he-era mootummaa feederaalaa fi naa-nnoo maal?
4. Barbaachisummaan heera mootum-maa naannoo maal?

### 2.1.2 Gahee Damboonnifi Aadaa Naa-nnoo, Seera Kabajsiisuu Keessatti Qaban

- ***Jiraachuun damboota aadaa hawaasa naannoo maaliif barb-aachisa ?***

Namoonni hojii isaanii guyyaa guyyaan yeroo hojjetan rakkoo isaanii kamiyyuu moo'achuuf dhaabbilee hawaasummaa adda addaa hundeessuun socho'aa turanii jiru. Ammas kanuma gochaa jiru. Fakkeenyaaf,rakkoolee dinagdee furuuf dhaabbilee akka iqqubii, iddirii, qusannoo fi afooshaatti fayyadamu. Akkasumas, dhaabbilee amantii hun-deessuun dhimma itti bahu. Dhim-moonni kun hundi dambootaa fi qajeelfamoota ittiin hogganaman kan qaban yoo ta'u ,seerota sadarkaa naa-nnootti bahan cimsuu fi seera kab-ajsiisuu keessatti gaheen isaanii olaanaa dha.



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala – 3**
**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Jiraachuun damboota hawa-asa naannoo bu'aa maal qaba?
2. Damboonni aadaa naannoo seera kabajsiisuu keessatti gahee maal qabu?

### 2.1.3 Seera Kabajsiisuu Dhab-amuun Miidhaa Inni Lammii Irraan Gee-ssisu

- Seera kabajsiisuu dhabuun miid-haa maal qaba jettu?

**Seera maqaaf qofa qophaa'e**

Mana barnoota sadarkaa tokkoffaa "Taariik" jedhaamu keessaatti barat-toonni kutaa 6ffaa jalqaba waggaa irr-atti, barsiisaa daree isaanii maqaa waamu waliin ta'uun seera ittiin bulmaata daree isaanii baafatan. Hun-di isaanii seera baafataniin akka bulan walii galtee irra gahan. Seerawwan daree isaaniif baafatan keessaa yeroon dareetti argamnuu fi barumsa naam-usaan hordofuu kan jedhu keessatti argama. Seera kanas akka kabajsiisuuf kan filatame Miinaas dha. Miinaas seerota dareen baafate hunda kan kabaju yoo ta'u,haala wal fakkaatuun barattoonni biroo akka kabajan goch-uu irratti tattaaffiin inni godhu baay'ee gadaanaa dha. Kanaafuu, Miinaas ba-rataa naamusa kabaju ta'us barat-toonni biroo naamusa akka kabajan gochuu waan hin dandeenyeef adeemsi baruu barsiisuu tasgabbiin gagge-effamuu hin dandeenye. Barattoonni waan jeeqaniif fedhiin barattoonni he-dduun barnoota irratti qaban gadi bu'aa deemuu danda'eera.

**Gilgaala 4**
**Yaada armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Seerri baafatan hojii irra ooluu dhabuu isaatiif kan itti gafatamu eenyuu?
2. Dambiin itti fufiinsaan hojii irra akka oolu barsiisaan itti gaafatamaa daree ta'e maal gochuu qaba ture?
3. Museen daree osoo adeemsa sirna dimokraasiitiin filata-mee jira ta'ee hojii irra ool-maan seera kanaa maal ta'uu danda'a ture?

Seera kabajuu jechuun lammiin kam-iyyuu seeraaf abboomamuu fi hogg-anamuu isaanii agarsisa. Seera kab-ajsiisuu kan jedhamu immoo seerri bahe namoota kan biroon yoo cabu yaada karaa seera qabeessa ta'een akka hin diigamne ittisuu of keessaa qaba. Seerri hin jiru ykn ni caba taanaan nageenyaan barachuun hin danda'amu. Nageenyi waan boora'uuf



Sample output to test PDF Combine only

akka fedhanitti nagaan bahanii deebi'uun hindanda'amu. Namoonni nagahaan jiraachuu babaadanis abbaa humnaatiin miidhaa guddaan irra gahuu ni danda'a.

**Gilgaala -5**
**Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirriidha jettan kennaa.**

1. Hojjetaan mana barumsaa barfaatee dhufu , barattootaan barfaachuu hin qaban osoo jedhee
2. Hojjataan qulqullina mana barumsaatiif hin quuqamne tokko barattootaan qulqullinni mana barumsaa yaa eegamu osoo jedhee,

**Seera kabajsiisuuf dursanii ofiif seera kabajuun barbaachisaa dha.**

**Gilgaala - 6**
**Gaaffilee aramaan gadii irratti gareen mari'adhaa.**

1. Seerri yoo kabajamuu baate rakkoo akkamiitu dhufuu danda'a?
2. Seera kabajuu fi kabajsiisuun gahee eenyuu ti?

## 2.2. Naamusa

### 2.2.1.Naamusni Maal?





*Fakkii 2.1 Naamusa Qajeelfama jireenya keenyaa haa gonnu!*

- ***Fakkii armaan olii irraa maal maal hubattan***
- ***Fakkii armaan olii keessatti hojiiwwan maaltu hojjetamaa jira?***
- ***Hojiiwwan hubattan kanniin gaarii dha moo badaa dha?***
- ***Isin hoo hojii isa kam keessatti osoo hirmaattanii itti gammadduu?***



Sample output to test PDF Combine only

## Bu’aa naamusa gaarii

*Misginnaan barataa kutaa 6ffaa ti. Amala gaarii kan qabu ta’uun isaa maatii isaatiin, ollaa, mana barumsaa isaatiin ragaan bahameefii jira. Misginnaan, amala gaarii qabaachuu qofaan osoo hin ta’in barumsa isaatiinis cimaa waan ta’eef hiriyootaa fi barsiisota isaa birattis baay’ee jaalatamaa dha.*

*Seeraa fi naamusa mana barumsaa kabajuunis baay’ee beekamaa dha. kanuma irraa ka’uun namoota heddu biratti maqaan " Ilma beekaa " jedhu kennameefii jira. Yeroo barnootaan ala gumiiwwan adda addaa keessatti ni hirmaata. Keessattuu gumii lammummaa fi amala gaarii keessatti gahee olaanaa qaba. Hirmaannaa isaa kanaanis allama badhaasa argatee jira. Barumsa isaatiinis ta’e naamusa isaatiin ragaan kan bahameef waan ta’eef barattoota mana barumsaa sana keessaa 1ffaa ta’ee harkaa dura bu’aa mana barumsaatiin badhaasa addaa argateera.*

*Misiginnaan amalaa fi barumsa isaatiin bu’a-qabeessa waan ta’eef <<Ilma jechuun kan akka Misginnaa ti>> jechuun barataa hawaasni akka fakkeenyaatti fudhatu ta’uu danda’ee jira.*

**Gilgaala -7**

**Yaada armaan olii irratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Ciminaa fi naamusa gaari Misginnaan horateef eenyutuu gumaacha qaba jettanni yaaddu?
2. Naamusa gaarii qabaachuun bu’aa maal argamsiisa?

Amalli gaariin hojii raawwatame tokko gaarii dha ykn badaa dha jechuun kan ittiin safaramu dha.Xiyyeeffannoon amala gaarii namni tokko naamusa gaarii akka horatu taasisuu dha.Amala gaarii kan jedhamus amala bu’aa qabuu fi hawaasa keessatti fudhatama qabu dha. Amala gadhee kan jedhamu immoo amala yaraa ykn badaa hawaasa keessaattii fudhatma hin qabne jechuu dha.Walumaagalatti amalli hojii gaarii ykn badaan kan ittiin safaramu dha jechuun ni danda’ama.

**Gilgaala -8**

Gocha armaan gadii hubachuun naamusa gaarii yoo ta’e yaada naamusa gaarii jedhu jalatti mallattoo (√), akkasumas gocha gaarii yoo ta’u baate yaada naamusa gaarii hin taane jedhuu jalatti mallattoo (√) tarreessuun addaan baasi.



Sample output to test PDF Combine only

| Lakk | Akaakuu amalaa | Fakkeenya amala gaarii | Fakkee-nya amala badaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Seera daree fi mana barumsaa kabajuu | | |
| 2 | Humna dhabeeyyii gargaaruu | | |
| 3 | Gocha hawaasa keessatti fudhatama hin qabne raawwachuu | | |
| 4 | Namootaan walitti bu'uu | | |
| 5 | Abbaa fi haadha akkasumas angafa ofii kabajuu dhiisuu | | |
| 6 | Maanguddoo tuffachuu | | |
| 7 | Iccitii eeguu | | |
| 8 | Iftoominaa fi amantummaa dhabuu | | |
| 9 | Nama dhugaa deggaru ta'uu | | |
| 10 | Sobuu | | |
| 11 | Nama gowwomsuu | | |

## 2.2.2. Naamusa Mana Barnootaa Keessatti Baratâa Irraa Eeggamu.

- ***Naamusni mana barnootaa keessatti barataa irraa eegamu maal ?***
- ***Mana barnootaa keessatti barattoonni naamusa gaarii akka qabaatan gochuun maaliif barbaachise?***

Naamusa barataa qaruun kan eegalu maatii irraa dha.Daa'ima naamusa gaariin qarame guddisuu keessatti gaheen maatii olaanaa dha. Daa'imman gocha gadhee kamirraayyuu walaba ta'anii, amala gaarii horatanii akka guddatan gochuu keessattis itti gaafatamummaa olaanaa qabu. Manneen barnootaas haala maatiidhaan walqixa ta'een lammiilee naamusa gaarii qaban horachuuf itti gaafatamummaan kennameefii jira. Manneen barnootaa adeemsa baruu fi barsiisuu waliin amala barattootaa sirreessuu irratti gahee olaanaa ta'e qabu. Barattoonni naamusa gaarii qabaatanii akka guddatan gochuuf manneen barnootaa xiyyeeffannaa itti kennanii socho'uun irraa eegama.

Manneen barnootaa keessatti mul'istoonni naamusa gaarii barattoota irraa eegamu heddu dha. kanneen keessa kan armaan gadii eeruun ni danda'ama.

### *A)Seeraa fi dambii mana barnootaa fi daree keessaa kabajuu.*

Hojmaata adeemsa baruu- barsiisuu bu'aa qabeessa taasisu diriirsuun barbaachisa dha. Sirna kana hojii irra oolchuuf seeronnii fi damboonni manneen barnootaa keessatti qophaa'an tooftaa ijoo dha. Barattoonni immoo dambii manni barnootaa baafate kanaaf abboomamuu qabu.

Seeraa fi dambiilee manni barnootaa baafateen alatti barattoonnis barsiisota waliin mari'atanii dambii hojii baafachuu ni danda'u. Kanaafuu, seera mana barnootaa fi dambiilee dareen baafatan kabajuun naamusa gaarii barattoota irraa eegamu dha



Sample output to test PDF Combine only

### *B) Qabeenya mana barnootaa fi daree keessaa kunuunsuu*

Qabeenyi mana barnootaa fi daree barnootaa keessatti argamu baasii ummata irraa walitti qabameen kan bitame dha. Qabeenyi kunis horii guddaan kan itti bahe waan ta'eef salphumatti kan bakka bu'u miti. Kanaaf, yeroo dheeraaf tajaajila hawaasaaf kennuu qabu jedhamee abdatama. Yeroo dheeraaf tajaajila akka kennaniif immoo kunuunsi godhamuufii qaba. Kanaafuu, barattoonni hundi qabeenyi kun biyyaa fi isaaniifis kan tajaajilu ta'u isaa hubachuun kunuunsutu irraa eegama. Kun yoo ta'e qofa qabeenyi kun dhaloota dhufuuf tajaajiluu kan danda'u.

### *C) Qulqullinaa fi miidhagina mana barnootaa fi daree barnootaa eeguu.*

Namuusa gaarii barattoota irraa eegamu keessaa inni biroo qulqullinaa fi miidhagina mana barnootaa fi daree eeguu dha. Kaayyoon kun akka galma gahu immoo barattoonni hundi daree isaanii qulqulleessuu, biqiltoota mooraa mana barnootichaa keessatti dhaabaman kunuunsuu,miidhaan akka irra hin geenye irraa ittisuu fi miidhaan yoo irra gahes bulchiinsa mana barnootichaa beeksisuu qabu. Kanas jechuun manneen barnootaa iddoo gammachuun itti baratan akka ta'aan haala mijeessu jechuu dha. Kun yoo ta'e immoo manneen barnootaa akka iddoo barnoonni itti kennamuu qofa osoo hin ta'in akka iddoo bashannanaattis ta'uun tajaajilu.

### *D) Hawaasa mana barnootaa kabajuu*

Galma gahiinsa adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti hawaasni mana barnootaa hundi gahee mataa isaanii qabu. Kanaafuu, namoota hojii manneen barnootaa keessatti gahee qaban hunda kabajuun naamusa gaarii barattoota irraa eegamudha.

**Gilgaala – 9**

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Teessoo fi minjaalli itti barachaa jirtan of eeggannaa gochuu dhiisuudhaan osoo cabee barattoonni bara dhufu gara kutaa kanaatti seenan maal irratti baratu? Mari'adhaatoo yaada furmaata jettan kaa'aa?
2. Mana barnootaa keessatti naamusni barattoota irraa eegamu maal maal?
3. Barattoonni naamusa gaarii akka horatan maaliif barbaadama?
4. Dhaloota naamusa gaarii qabu ijaaruu keessatti gaheen maatii maal ta'uu danda'a jettu?



Sample output to test PDF Combine only

## 2.3. Daangaa Aangoo

### 2.3.1. Daangaa Aangoo Jechuun Maal Jechuu Dha ?

- ***Nama filannoodhaan hogganaa aanaa ykn gandaa ta'ee aangoo isaaf kennameen ala hojjate jedhamee himatame beektuu?***
- ***Namoota gocha akka kanaa irratti hirmaatan tarkaanffiin akkamii irratti fudhatamuu qaba jettu?***

**Aangoon daangaa yoo hin qabaatiin namoonni akka fedhii isaanitti waan hojjataniif seerri ni bada.**

Daangaan aangoo hojii tokko hojjachuuf jecha aangoo seeraan kenname jechuu dha. Aangoo seeraan kennameen ala hojjachuun, ummata miidhuun, nama gaafachiisa. Hojiin haala kanaan raawwatames fudhatama hin qabu. Filatamtoonni ykn namoonni waajjira mootummaa keessatti aangoon seeraan daangeffamee kennameefii jira .Aangoo seeraan kennameef kana iddoo fi yeroo barbaachisaa ta'etti haalaan itti fayyadamee hojjechuu qaba. Inni kun daangaa aangoo jedhama. Daangaa aangoo kennameefiin ala hojjechuun hin heyyamamuuf. Namoonni aangoo kennameefiin ala kan hojjetan yoo ta'e hojmaanni seera qabeessa ta'e hin jiru jechuu dha. Yoo kana ta'uu baate immoo namoonni akkuma fedhii isaaniitti hojjechuun hawaasa miidhuu danda'u jechuu dha.

Fakkeenyaaf, muuseen daree naamusa eegsisuu irra darbee hojii hin heyyamamneef akkuma barbaadee kan hojjatu yoo ta'e, daree keessatti nageenyi ni dhabama; Barattoonnis tasgaabbaa'anii barachuu hin danda'an.

**Gigaala – 10**

**Gaaffilee armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.**

1. Daangaan aangoo jiraachuun maalif barbaachisa?
2. Daangaan aangoo hin jiru yoo ta'e rakkina maal fiduu danda'a?

### 2.3.2. Barbaachisummaa Aangoo Filatamtoota Ummataaf Daangessuu Oftuulummaa Obbo Mulaatuu

Obbo Muulaatuun dura taa'aa gandaa ummataan filataman dha. Garuu erga aangoo argatanii booda amalli isaanii jijjiiramaa dhufeera. Aangoo seeraan isaanii kenname akkuma barbaadanitti itti fayyadamuu egalaniiru. Akkasumas, loogii fi aantummaan hojjatu jedhamanii shakkamu. Fakkeenyaaf, seeraan ala namoota mana gandaa kireeffatan sababa qubsaa fi murtii mana murtii hawaasummaa malee keessaa baasuun fiiroottan isaanitiif kennan. Kanaan alas aangoo kennameefiin ala darbuun lafa jireenyaa liiziidhaan gurguruuf qophaa'e faaydaa adda addaa fudhachuun gurguranii jiru. Akka ijaaranis heyyamanii jiru.



Sample output to test PDF Combine only

Kana irraa kan ka'e ummanni isaan filate komii kaasuu jalqabee jira. Haa ta'u malee, namni kamuu dhimmicha ifa baasuun komachuu fi tarkaanfii fudhachuu hin dandeenye. Guyyaa tokko hawaasni gandaa walgahii dhimma biraatiif gaggeesse irratti namni iccitii obbo Mulaatuu beeku tokko rakkoo obbo Mulaatuun uumaa jiran tokko tokkoon ibsuudhaan obbo Mulaatuun aangoo irraa akka bu'anii fi badii uumaniifis seeraan akka itti gaafataman yaada dhiyeesse. Hawaasni gandichaas kanuma waan beekuuf yaada ka'e kan deggaran ta'uu isaanii harka rukutuun ibsan. Haa ta'u malee, obbo Mulaatuun yaada kana fudhachuu diduun aangoo isaanis kan gadi hin lakkisne ta'uu ibsan.

1. Wanti obbo Mulaatuun seeraan ala hojjatan maali?
2. Namtichi gaaffii yoo dhiyeessu ummanni maaliif harka rukute isinitti fakkaata?
3. Obbo Mulaatuun aangoo gadi hin lakkisu waan jedhaniif irra turuu ni danda'uu?
4. Dhimmoonni akka kanaa naannoo keessanitti uumamuu isaanii dhageessanii beektuu? Bu'aan isaa hoo maal ta' e?

Filatamtoota ummataa jechuun namoota hawaasni akka isa hogganan of keessaa kan filate ta'ee filatamtoonni kunis mirgoota hawaasni seeraan qabu akka kabajsiisaniif kan filatamaan dha.

Filatamtoota ummataa irratti daangaa aangoo kaa'uun kan barbaachise

- ***Mirgoonni hawaasaa akka kabajamanii fi seerri akka hin cabneef.***
- ***Inni tokko fayyadamee inni kuun akka hin miidhamneef***
- ***Amaanaa hawaasaa eegsisuuf.***
- ***Adeemsa gocha loogii ittisuuf.***
- ***Seera dhabeessummaa to'achuuf***
- ***Badiin yoo uumamu adabuuf***

**Gilgaala – 11**

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Filatamtoota ummataaf daangaan aangoo maaliif akka barbaachisu tarreessuun irratti mari'adhaa.

## 2.4 Iccitii

- ***Namni biroo iccitii isinitti himee beekaa?***
- ***Iccitii namni biroo isinitti hime dabarsitanii nama biraatti himtanii beektuu?***
- ***Iccitii nama tokkoo dabarsitanii nama biraatti himuu keessaniin rakkoon uummame jiraa?***

Iccitii jechuun dhimma namoota lama jidduutti sadarkaa maatiitti ykn hir-



Sample output to test PDF Combine only

iyaa fi kkf gidduutti keessumaa'uu namoota kaayyoolee murtaa'aa qabachuun wal gahan biratti eegamee gara nama biroo osoo hin darbin qabamu jechuu dha.

## 2.4.1 Iccitii Hiriyaa

- ***Yaada iccitii hiriyaa jedhu irraa maal hubattu?***
- ***Hiriyaa kee waliin iccitii mari'attee beektaa?***
- ***Fakeenyaaf maal maaltu iccitii jedhamuu danda'a?***

Iccitii hiriyaa jechuun namoota lamaa fi ol ykn hiriyoota lamaa fi ol ta'an jidduutti qofa waan dhokatee hafuu qabu jechuu dha. Haala kanaan, iccitii tokko nama biraatti dabarsanii himuun sirrii miti. Sababni isaas namoota ykn garee sana irraatti rakkina fiduu waan danda'uuf. Iccitii hiriyaa jechuun dhiirsaa fi niitii jidduutti, hiriyoota daree jidduutti ,iddoo hojiitti fi k.k.f biratti uumamuu ni danda'a. Namoonni tokko tokko iccitii qabachuu yoo danda'an isaan kuun immoo iccitii eeguu kan hin dandeenye dha. Namoonni akka kanaa kun jaalala hawaasaa fi maatii hin argatan .Hawaasa biratti kan tuffatamanii fi kan jibbaman ta'u. Namni cimaa ta'e tokko hiriyaa isaatiin yoo wal loles iccitii dura ture baasuu hin qabu. Sababni isaas, iccitiin kun yoo ba'e isaan keessaa nama tokko irratti ykn lamaanuu irratti ykn namoota kan biroo irratti rakkoo qaqqabsiisuu waan danda'uuf.

**Gilgaala – 12**

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Iccitiin hiriyaa maal?
2. Iccitii hiriyaa ti kan jettan keessaa fakkeenya kennaa.
3. Iccitiin hiriyaa osoo bahee rakkoo maal fiduu dan-da'a?
4. Kana dura iccitii hiriyaa keetii dabarsitee kan biraatti himtee beektaa? Rakkoo maal fidee turee?

## 2.5 Malaammaltummaa

### 2.5.1 Maalummaa malaammaltummaa




***Fakki 2.2 Malaammaltummaan olaantummaan seera akka hin kabajamne taasisa***

- ***Fakkii armaan olii keessatti namoonni maal raawwachaa jiru?***



Sample output to test PDF Combine only

- ***Maaliif iccitiin ykn dhoksaan hojjatu?***
- ***Gochi isaanii kun hawaasa kan miidhu yoo ta'e isin akka lammii tokkootti maal gochuu qabdu?***

**Barumsa jechuun akkanatti malee !**
Barattuu kutaa 7ffaa kan taate Lubaabaan intaala sooreessaa ti. Haa ta'u malee, barumsa isheetiin baay'ee laaftuu dha.

Ascaannaaqiin immoo barsiisaa hereegaa fi itti gaafatamaa daree Lubaabaan keessatti barattuu ti.

Barsiisaan kun warra Lubaabaa haalaan beeka.Kanaaf,maatii Lubaabaa waamsisuun barumsa isheetiin laaftuu ta'uu ishee fi deggarsi adda ta'e kan ishee barbaachisu ta'uu ibseef.

Warri Lubaabaatis Ascaannaaqiin Lubaabaa akka qayyabachiisuu fi dadhaabbii isaatiifis qarshii gaarii kan kaffalaniif ta'u ibsan. Haaluma kanaan, Ascannaaqiin Lubaabaa qayyabachisuu eegale. Qarshiin kunis mindaa isaa idilee kan caalu waan ta'eef jireenyi isaas fooyya'aa deeme. Barsiisaa Ascannaaqiin Lubaabaan qabxii gaarii akka argattu tattaaffii godhullee Lubaabaan barumsaan baay'ee dadhaabduu waan taateef jijjiirama fiduu hin dandeenye. Haala knaan Lubaabaan bu'aa gaarii fiduu akka hin dandeeye Ascannaaqiin waan hubateef waarri Lubaabaa qarshii isaaf kaffalan irraa kutuu danda'u jedhee yaaduun qormaata iccitiin baasee Lubaabaan akka Shaakaltu taasise. Sababa kana irraaa kan ka'e bu'aan qormaata Lubaabaa kan barattoota hundaa caale. Dhimma kana barattoonnii fi barsiisonni mana barnootichaa waan shakkaniif bulchiinsa mana barnootaatti iyyatan. Manni barnootichaa dhimma kana yoo qulqulleeffatu harki Ascaannaaqii akka keessa jiru beekame. Amma dhimmi barsiisaa Ascaannaaqii koree naamusa mana barnootichaatiin ilaallamaa jira.

**Gilgaala 13**
**Yaada armaan olii irratti hunda'uun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Barsiisaa Ascaannaaqiin malaammaltummaa hojjataniiru moo hin hojjenne?
2. Barsiisaan kun malaammaltummaa akkamii raawwatanii?
3. Barsiisaa Ascaannaaqiin yakka raawwataniif ada-bbii akkamiitu isaanii kennamuu qaba?

Malaammltummaan,bulchiinsa gaarii biyya tokkoo kan faallessu ,guddina dinagdee fi dimokraasii kan gufachiisu akkasumas namoota waliin jiraatanii fi waliin hojjetan jidduutti wal shakkiin akka jiraatu kan taasisuu dha.



Sample output to test PDF Combine only

Malaammaltummaan amantaa dhabuu, qarshiin bitamuu, waadaa ykn amaanaa nyaachuu, haamilee dhabuu fi loogiin, matta'aan, hojjachuu fi amanamummaa fi dhugaa qabee-ssummaa hir'isuu dha.

**Gilgaala -14**
**Gaaffilee armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.**

1. Malaammaltummaan maal? Akkamiin ibsama?
2. Malaammaltummaan miidhaa maal fiduu danda'a?

### 2.5.2 Gochalee Malaammaltummaa Filatamtoota Ummataa Fi Qondaaltota Mootummaan Raawwatamuu Danda'an

- ***Malaammaltummaan abbootii aangoo amaanaa ummataa dagataniin akkamitti raawwatuu danda'u?***
- ***Aangoo ummataan nuuf kenname haala kamiin itti fayyadamuu qabanaa?***

Aangoon filannoo ummataatiin, muudama siyaasatiin ykn sadarkaa barnootaa fi muuxannoo hojiitiin argamuu ni danda'a. Aangoon filannoon argamu filatamtoota ummataa yammuu jedhamu, muudama siyaasaa, sadarkaa barnootaa fi muuxannoon kan argamu immoo abbootii aangoo mootummaa jechuun waamamu.

Abbaan aangoo kamiyyuu(filatamtootas ta'an kan ummataa) itti gaafatamummaa fi dirqama kennameef bahuun ala seeraa fi haala qajeelfama baheetiin hojjachuutu irraa eegama. Haala kanaan ganda irraa kaasee hanga sadarkaa bakka bu'oota ummataatti namoonni hojjatan aangoo isaanitiin ala yoo raawwatan seeraan itti gaafatamu. Malaammaltummaa filatamtootaan ykn abbootii aangoo mootummaatiin raawwatamuu danda'an keessaa isaan armaan gadii tuquun ni danda'ama.

- ***Matta'aa, faaydaa seerri hin heyyamneef fudhachuu fi faayidaa ofii irraatti hundaa'uun seeraan ala namoota faayyaduu. Karaa barbaachisaa hin taaneen nama fayyaduu ykn miidhuu***
- ***Qabeenya ummataa ykn mootummaa faayida dhuunfaatiif oolchuu.***
- ***Aangoo mootummaatti fayyadamuun, firaan ykn aanteen hojjachuu.***
- ***Namoota dirqisiisuun faayidaa dhuunfaatiif haala mijeeffachuu.***
- ***Iccitii eegu dhiisuu***
- ***Qabeenya ummataa irratti hann-aa fi saamicha raawwachuu***
- ***Firaa fi aantummaa irraatti hundaa'uun hojjachuu .***

**Gilgaala – 15**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Garaagarummaan filatamtootaa fi abbootii aangoo mootummaa maal?
2. Malaammaltummaa filatamtootaa fi abbootii aangoo mootummaatiin raawwata-muu danda'an keessaa afur eeruun ibsaa.



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada xumura boqonnichaa.

Heerri seerota biyyaa keessaa isa olaanaa yoo ta'u, keessattuu sanada dhimmoota ijoon biyyaa kan akka dhimoota siyaaasaa, dinagdee fi hawa-asummaa of keessatti hammate dha.. Heerri mootummoota naannoolee imm-oo seera olaanaa naannooleen ittiin of bulchan dha.

Seera kabajuu jechuun lammiileen hundi seeraan kan bulan ta'uu kan agarsiisu yoo ta'u, seera kabajsiisuun immoo seerri namoota kan biroon yeroo cabu karaa seera qabeessa ta'een irraa ittisuu agarsiisa.

Dhimmoonni hunduu daangaa yoo hin qabaatin seerri ni caba. Akkasumas, hoggantoonni sadarkaa hunda irratti argaman aangoo seeraan kennameef irratti hundaa'uun hojjachuuf aangoo ni qabu.Filatamtoonni ummataa fi abbootiin aangoo mootummaa daangaa kennameef kana keessatti akka hoj-jetan kan barbaadame sababa kanaan dha.

Naamusni ,gochiwwan raawwatan gaa-rii ykn badaa ta'uun isaanii kan ittiin safaramu dha. Waan gaarii fi badaa, dhugaa fi dhara, sirrii kan ta'ee fi sirrii kan hin taane irraa adda baasuuf dirqama kan itti fudhannu dha. Haal-uma kanaan sadarkaa manneen bar-nootaatti naamusni barattoonni itti fayyadamuu qaban ni jira.

Iccitii hiriyaa jechuun dhimma namo-ota (hiriyoota) lamaa fi ol jidduutti amaanaadhaan eegamee ture jechuu dha. Iccitichi kun yoo bahe rakkoon nama tokko irra ykn namoota lam-aanuu irratti uumamuu waan dan-da'uuf eegamee turuu qaba.

Malaammaltummaan haala bulchiinsa gaarii mootummaa biyya tokkoo kan jeequ, guddina dinagdee fi dirmokraasii biyyaa kan gufachiisu, sonawwan waliin jiraachuu fi waliin hojjechuu kan balleessu dha. Malaammaltum-maan filatamtoota ummataa fi abbootii aangoo mootummaa kamiinuu raaw-wachuu danda'a. Hojiiwwan badaan kunniin akka hin raawwanne lammiin kamiyyuu hordofuu fi ittisuuf itti gaa-fatamummaa qaba. namoota amaa-naa isaanii dagatan kamiiniyyuu raa-wwtamuu waan danda'uuf lammiileen hundi irratti qabsa'uutu irraa eegama.



Sample output to test PDF Combine only

# JECHOOTA IJOO

**Filatamtoota ummataa:** Hawaasni naannoo tokko jiraatu mirga isaanii akka kabajsiisaniif akkasumas hojii seera qabeessa ta'e akka raawwatan gochuuf jecha namoota of keessaa filatee aangoo kenneef dha.

**Daangaa aangoo:** Aangoo heeraa fi seerota kan biroo akkasumas qajeelfamootaa fi damboota bu'uura gochuun daangeffamee kenname dha.

**Malaammaltummaa:** Aangoo ummataa ykn mootummaa irraa kenname karaa dhugaa irraa goree fi amanamummaa hin qabneen hojjechuun qabeenya hawaasaa dhimma dhunfaanf ykn nama biroof akka oolu gochuuf jecha badii raawwatu dha.



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee Keessa Deebii

## I. Gaaffilee armaan gadii sirrii yoo ta'an "dhugaa" dogoggora yoo ta'an "soba" jechuun deebisaa.

1. Heerri mootummaa naannoo mirga ofiin of bulchuutiif haala ni mijeessa.
2. Lammiin tokko seera kabajuu malee kabajsiisuuf dirqama hin qabu.
3. Filataamtoota ummataatiif daangaan aangoo hin barbaachisu?
4. Iccitiin hiriyoota lama gidduutti qabamee ture tokko yoo bahe rakkoo fiduu ni danda'aa ?

## II. Iddoo duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta'een guuti.

1. Naamusni hawaasa biratti fudhatama argate kamiyyuu naamusa _______ jedhama.
2. Naamusni gaariin kan eegalu _____________irraa kaaseeti.
3. Seera kabajsiisuun dura _______kabajuutu nurraa eegama.

## III. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta'e filadhaa.

1. Kanneen armaan gadii keessa fakkeenya naamusa gaarii kan hin taane isa kam?
   a) Seera mana barnootaa fi daree kabajuu
   b) Qulqullina daree eeguu
   c) Qabeenya barattoota kan biroo fudhachuu dhiisuu
   d) deebiin hin kennamne
2. Daangaa aangoo filatamtoota ummataa irra kaa'ame ilaalchisee isa dhugaa ta'e adda baasaa.
   a) Daangaa aangoo kennameen ala hojjachuu
   b) Dangaa aangoo ummataan kennameefii gadi hojjetanii argamuu
   c) Aangoo seeraan kennameef haalaan itti fayyadamuu
   d) Hunduu deebii ni ta'a.
3. Malaammaltummaan filatamtoota ummataatiin ykn abbootii aangoo mootummaatiin hin raaww atane isa kam?
   a) matta'aa fudhachuu
   b) Qabeenya mootummaa dhuunfaan itti tajaajilamuu
   c) Iccitii eeguu
   d) Firaan hojjachuu



Sample output to test PDF Combine only

4. Dhimmi hiriyaa lamaa fi ol jidduutti dhokatee jiru ykn hafuu qabu maal jedhama?
   a) Iccitii maatii
   b) Iccitii hiriyaa
   c) Iccitii biyyaa
   d) Iccitii dhuunfaa

## IV. Gaaffilee armaan gadiitif deebii gabaabaa kennaa

1. Barbaachisummaa heera mootummaa naannoo keessaa qabxii lama ibsaa..
2. Naamusa barattoota irraa eegamu keessaa qabxii sadi tarreessi.



Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA SADII

# WALQIXXUMMAA

Kaayyoolee boqonnichaa: Boqonnaa kana erga barattanii booda:

- ***Walqixxummaa fi mirgoota walqixxummaa saba, sablammootaa fi ummattoota Itoophiyaa ni hubattan.***
- ***Hirmaannaa dubartoonni misoomaa fi ijaarsa biyyaa keessatti qaban ni beektan.***
- ***Mirgoota qaamaan miidhamtoonni mana barnootaa keessatti qabaachuu qaban ni hubattan.***

## 3.1. Mirgoota Walqixxummaa

- ***Naannoo keessanitti mirgoota hojii irra oolaa jiran fakkeenya waliin ibsaa.***
- ***Yaada bu'uura sirna dimokraasii kan ta'an keessaa inni tokko walqix-xummaa dha..Akkasumas ciminni sirni dimokraasii kan madaalamumirgoonni walqixxummaan yoo kabajaman dha.***

Wal-qixxummaan sabootni, sablammiilee fi ummattoonni otuu wal hin caaliin mirgoonni isaanii walqixxummaan kan ittiin kabajamu dha.

kana ilaalchisee heerri bara 1987 mootummaa fedaraalawaa dimokraatawaaa rippabliika Itoophiyaatiin bahe, mirgoota wal qixxummaa tarreessuun kaa'eera. Heericha keessaa keeyyeta 25: 40 fi 41 dubbisuun kan mirgoota walqixxummaa keessatti hammataman adda baasuun irratti mari'adhaa.

**Gigaala -1**

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Naannoo jireenyaa keessanitti mirgoonni walqixxummaa hangam hojii irra oolaa jiru?
2. Mirgoota walqixxummaa beektan keessaa sadi eeraa?

### 3.1.1 Mirgoota Walqixxummaafi Walqixxummaan fayyadamuu Sabootaa, Sablammootaa fi Ummatootaa

Naannoo jireenya keessanitti hojiiwwan misoomaa walqixxummaa lammiilee agarsisan ibsaa.

Mirgoota walqixxummaa sabaa, sablammootaa fi ummattootaa jechuun lammiilee osoo walhin caaliin walqix-



Sample output to test PDF Combine only

aan mirgi kabajamuufii jechuu dha. Mirgonnni walqixxummaan fayyadamuu saba, sablammii fi ummattootaa, hawaasni hundi mirgootnni namummaa fi dimookraasii walqixaan loogii tokko malee kabajamuufii kan qabuu fi qabeenya biyyaatti walqixa fayyadamuu fi carraa misoomaa bifa wal fakkaatuun argachuu kan agarsiisu dha. Dabalataaniis dhimmoota akka siyaasaa hawaasummaa fi dinagdee keessatti hirmaannaa cimaa akka taasisanii fi fayyadamtoota ta'an agarsiisa.

Haala amma sirna dimokraasii biyya keenya keessatti ijaaramaa jiru kanaan saboonni mirga walqixa waan qabaniif bu'aa misoomaas walqixxummaan fayyadamuuf mirgi isaanii seeraan mirkanaa'ee jira. Kanaafuu, lammiileen hundi qabeenya biyyaatti fayyadamuu fi kunuunsuuf waliin hojjachuutu irraa eegama.

**Gilgaala - 2**
**Gaaffiilee armaan gadii deebisaa.**

1. Gochawwan walqixxummaa fi walqixxummaan itti fayyadamuu sabootaa, sablammiilee fi ummattootaa mirkaneessan eeraa.
2. Misoomni armaan gadii naannoo ati jiraattu keessatti kan hojjataman yoo ta'e, yaada hojjatame jedhu jalatti mallattoo (√) kan hin hojjatamne yoo ta'e, yaada hin hojjatamne jedhuu jalatti mallattoo (√) gochuun agarsiisaa.

| Lakk | Akaakuu misoomaa | Kan Hojjatame | Kan Hin hojjatamne |
|---|---|---|---|
| 1 | Karaa | | |
| 2 | Buufata fayyaa | | |
| 3 | Tajaajila ibsaa | | |
| 4 | Tajaajila bishaanii | | |
| 5 | Mana barnootaa | | |

### 3.1.2 Dhaabbilee Hawaasni Naannoo Tokko Jiraatu Waliin Itti Fayyadamu






*Fakki 3.1 Dhaabbilee misoomaa hawaasni gamtaan itti Fayyadamu*

- ***Naannoo keessanitti dhaabbilee misoomaa ummataaf faayidaa kennaa jiran eeraa.***
- ***Dhaabbileen kunniin osoo jiraachuu baatanii rakkooleen ummata qunnamuu danda'an maal?***



Sample output to test PDF Combine only

Sirnoota darban keessatti saba, sablammoonnii fi ummattoonni dhaabbilee misoomaa fi qabeenya biyyaatti wal qixaan itti fayyadamuuf carraa hin qaban turan. Sirna dimokraasii biyyattiin ijaaraa jirtu keessatti jijjiiramni hedduun mal'achaa jira. Isa kana mul'isuuf yaada armaa gaditti dhiyaate dubbisuun gaaffilee jalatti dhiyaatan deebisaa.

### Ummattoota Naannoo Beenishaangul Gumuz

*Naannoon ummattoota Beenishaangul Gumuz, heera mootummaa Feederaala Itiyoophiyaa bara 1987 baheen naannoolee hundeeffaman keessaa tokko dha. Naannicha keessattis saba, sablammiilee fi ummattoota adda addaatu jiraata. Isaan kana keessaa Gumuz, Bartaa, shinaashaa, Ma'oo fi Koo-moon ummattoota naannicha kee-ssa turan dha. Ummanni kunis tokkum-maa fedhiidhaan fi walii yaaduun hundeesseen waliin jiraachaa jira.*



**Fakki 3.2 Ummattoota Beenishaangul Gumuz keessaa**

Sirnoota darban keessatti Itoophiyaa keessatti Beenishaangul Gumuz kallattii kamiin akka argamu namoonni heddu hin beekan turan. Seenaan, aadaa fi afaan hawaasichaa dagatamee turee jira. Qabeenyi naannicha keessatti argamus ummataaf osoo hin ta'in faayidaa hoggantoota sirna gita bittaa gaggeessaniif oolaa tureera. Kanaa fi kan kana fakkaatan irraa kan ka'e ummanni misooma naannichaa irraa wal qixaa fayyadamaa hin turre jechuu dha.

Sirna dimokraasii ammaa keessatti garuu ummattoonni naannichaa mirga ofiin of bulchuu gonfataniiru. Qabeenya biyyattiis saboota, sablammiilee fi ummattoota biroo waliin walqixa akka fayyadaman haalli mijaa'aan uumameefii jira. Mirgi misoomaa fi qabeenya waliin fayyadamuus walqixxummaadhaan kabajaaafii jira. Hanga humni naannichaa danda'een magaalonnii fi gandontni naannichaa hedduun fayyadamtoota misoomaa waan ta'aniif jijjiiramni abdachiisaan mul'achaa jira. Tajaajila hawaasummaa naannicha keessatti diriiran keessaa kan akka ibsaa, bilbilaa, bishaan quliqulluu, karaa, buufata fayyaa, mana poostaa fi tajaajila geejjibaa tuquun ni danda'ama. Misooma kanas ummanni walqixxummaan itti fayyadamaa jira. Tajaajilli misoomaa kunis itti fufiinsaan yeroo dheeraa akka tajaajiluu danda'u ummnnii fi bulchiinsi naannichaa qin-



Sample output to test PDF Combine only

doominaan hojjachuutu irraa eegama. Mirgi walqixxummaa naannicha keessatti hojii irra waan ooleef ummanni misoomaa fi guddinaaf caalmaatti kaka'ee jira. Yeroo ammaas hiyyummaa balleessuuf dammaqinaan tumsaa jira.

**Gilgaala-3**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Dhaabbilee misoomaa, ummattoonni Beenishaangul Gumuz waliin itti fayyadamaa jiru tarreessaa.
2. Dhaabbilee misoomaa kanneen ummntni akkamiin walqixaan itti fayyadamuu danda'a?
3. Dhaabbilee misoomaa naaoo keessanitti argamu tarreessuun hawaasni akkamtti waliin itti fayyadamuu akka qabu dareef ibsaa.
4. Misooma saffisiisuu keessatti gaheen bulchiinsa naannoo maal?

### 3.1.3 Faaydaa Kabajamuu Wal-Qixxummaa Fi Wal Qixxummaan Fayyadamuu

- ***Naannoo jireenya keessaniitti dhaabilee misoomaa hawaasaa fi mootummaatti uummanni walqixaan itti fayyadamaa jiraa?***

Mirga faayidaa wal-qixa argachuu jechuun hawaasni biyyaa hundii misoomaa fi guddina biyyaa loogii malee walqixaan itti fayyamuu akka qabu kan agarsisuu dha. Kanas jechuun hawaasni misooma biyya isaa keessaatti akkuma itti gaafatamummaa wal qixa ta'e qabanitti faaydaa argamus wal qixa fayyadamuu qabu. Yaa ta'u malee mirgi wal qixa fayyadamuu hanga hin jirretti wal qixxummaan jiraachuu hin danda'u. Wal qixxummaan hin diriirre yoo ta'e immoo ummattoonni mirga isaanii kabajsiisuuf jecha walitti bu'iinsa keessa galuu danda'u. Kunis seerri akka hin kabajamnee fi nageenyi akka dhabamu taasisa. Kun yoo ta'e immoo guddinaa fi misooma fiduudhaan hiyyummaa fi duubatti hafummaa irraa walaba ta'uun rakkisaa ta'a. Waan kana ta'eef,ummattoonni hundi misooma kamiyyuu irraa fayyadamtoota akka ta.an gochuun guddinaa fi badhaadhina biyyaaf faaydaa qaba. Kana mirkaneessuu keessatti immoo ummannii fi mootummaan waliin hojjechuutu irraa eegama.

**Gilgaala-4**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Mirga walqixa fayyadamuu jechuun maal jechuu dha?
2. Mirgoonni walqixa fayyadamuu yoo dhabame rakkoo akkamiitu uumamuu danda'a?



Sample output to test PDF Combine only

## 3.2. Haalawwan Walqixxummaan Ittiin Ibsamu.

- ***Naannoo jireenyaa keessanitti dhimmoota haalli walqixxummaan fayya damuu ittiin ibsaman fakeenyaa dhiyeessuun ibsaa.***
- ***Faaydaa walqixxummaan ummattootaa kabajamuun isaa argamsiisu tarreessaa.***

Saba, sablammoonnii fi ummattoonni mirga qabanitti fayyadamuu fi itti gaafatamummaa isaanii bahuu keessatti mirga walqixa ta'e qabu. Akkuma beekamu hawaasni biyya keenya keessa jiraatu saalaan, amantaan, afaaniin fi kkfn garaagarummaa kan qaban ta'uun isaanii ni beekama.. Haa ta'u malee, garaagarummaan kun kabajamuu dhala namaa fi dimokraasii irratti dhiibbaa hin qabu. Namni kamiiyyuu eessattillee yoo dhalate mirgi isaa/ishee kabajamuu ilaalchisee kan nama birootii gadi yookan ol ta'uu hin danda'u. Bu'uuruma kana irraa ka'uun haalawwaan walqixxummaan ittiin ibsamu keessaa ijoon:- kabajamu mirgoota afaan, amantii, aadaa saba,sablammootaa fi ummattootaa tuquun ni danda'ama.

### 3.2.1. Haalawwaan Walqxxummaan Sabootta,Sablammootaa Fi Ummattootaa Ittiin Ibsamu

- ***Qabxiiwwan armaan gadii kan heera keessatti ibsaman kanneen sirritti dubbisuun yaada hubattan ibsaa.***

" Sabni,sab-lammii fi ummanni Itoophiyaa kamiyyuu afaan isaatiin dubbachuu,barreessuu, afaan isaa guddisuu fi babal'isuu, aadaa isaa calaqqisiisuu, guddisiisuu akkasumas seenaa isaa kunuunsuuf mirga qaba". Heeraa mootummaa Feederaalaa keeyyata 39/2.

**A) Wal-qixxummaa afaanii.**

- ***Wal-qixxummaa afaanii jechuun maal jechuu dhaa?***

Ummanni Itoophiyaa hunduu wal qixa dha. Afaan isaanii kan biroo waliin walqixa akka kabajamuuf barbaadu. Mirgi kunis heera Mootummaa keeyyata 39 jalatti hammatamee jira. Saba, sabla mmoonnii fi ummattontni afaan isaaniitti fayyadamuuf mirga qabu. Kanas jechuun afaan isaanii afaan barnootaa gochuu, ogbarruuf itti fayyadamuu, afaan isaanitiin dubbachuu fi mana murtiitti ittiin tajaajila argachuu akkasumas afaan isaanii dagaagsuuf mirga qabu. Dabalataanis afaanota biroo barachuu yookan beekuuf mirgi isaanii kabajameefii jira Kanaafuu, afaanota hunda waliqixxummaan kabajuu fi kabajsiisuun nageenya misoomaa fi walii galtee uumuu irratti baay'ee fayyada.

**B) Walqixxummaa koorniyaa.**

- ***Walqixxummaan koorniyaa kabajamuu akka qabu amantuu?***

Namoonni uumamaan dhiiraa yookan dubartii ta'uu isaaniitiin garaagarummaa saalaa yaa qabaataniiyyu malee



Sample output to test PDF Combine only

mirgoonni isaanii walqixa kabaj amuu qaba. Kanas jechuun dubartiin uumamaan dubartii ta'uu isheetiin qofa mirgi dhabdu jiraachuu hin qabu jechuu dha Dhiirris akkasumatti dhiira ta'ee uumamuu isaatiin mirga dubartiin gadi ykn ol ta'e qabaachuu hin qabu.

Walqixxummaa koorniyaa jechuun walqixxummaa dhiiraa fi dubartii jechuu dha. Kunis dhiiraa fi dubartiin sababa saala isaaniitiin osoo wal hin caalin mirga qixxee ta'e qabu.

Akkuma beekamu dubartoonni walakkaa hawaasaa waan ta'aniif misoomni isaan irratti hin hirmaanne galma gahuu hin danda'u. Kanaafuu, walqixxummaa koorniyaa kabajuun guddinaaf dhimma bu'uura ta'e dha. Ilaalchi dhaloota darbe irraa fudhannee fi dubartoota gadi qabanii ilaaluun jijjiiramuu qaba. Dubartoonni ilaalchaan, sammuun, dandeettii kalaqaa fi hoggansaan dhiiraa gadii miti. Kanaafuu, barmaatilee boodatti hafoo dhiisuun walqixxummaa koorniyaatti amamuun fi kanuma galmaan gahuuf ciminaan socha'uun taattaaffii guddina biyyaatiif godhamu kan agarsiisu dha.

**Gilgaala-5**

**Gaaffii armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Mirgi afaan ofiitiin fayyadamuu dhimmoota maal maal fa'a of keessatti qabata?
2. Amantaalee hedduun obsaan waliin jiraachuun bu'aa maal qaba?
3. Hirmaannaa dubrtootaa malee misoomni dhufuu hin danda'u kan jedhame maaliif isinitti fakkaata?

## Hirmaannaan Dubartootaa Misoomaa Fi Guddina Biyyaatiif

- ***Dubartoonni dhiiraan qixa akka hirmaatan gochuun faaydaan guddina biyyaaf argamsiisu maal akka ta'e ibsaa.***

### "Dubartootaa fi Tuurizimii "

Akkuma beekumu yeroo dheeraa irraa kaasee nyaataa fi dhugaatii maatiif qopheessuun hojii dubartootaa qofa ta'ee tureera. Akkasumas, keessummoota dhiyoos ta'ee fagoo irraa dhufan keesssummeessu irratti dhiira caalaa dubartoonni muuxannoo cimsatanii jiru. Kunis, adeemsa keessa keessummoota biyya alaatii dhufan keessumeessuun gahee dubartootaa ta'ee turee jira. Booddee irrattis namoota biyya alaas ta'ee biyya keessaa kaffaltiidhaan (hoteelan) keessuu-mmeessuun kan eegalame yoo ta'u kunis



Sample output to test PDF Combine only

itti gaafatamummaa dubartootaa ta'ee itti fufe. Inni kun hundi walitti kuusamee jalqabbii fi guddina tuurizimiitiif gaheen dubartootaa olaanaa dha jechuun ni danda'ama.

Yeroo gabaabaa as nyaataa fi dhugaatii qopheessuu keessatti dhiirri hirmaachuu eegalrr jira. Haa ta'u malee, bu'uurri hojiiwwaan kanaa kan durbartootaa ta'ee argama. Kanaan alas dubartoonni hojiiwwan akka jirbii foo'uu, hojii harkaa fi kkf niin baay'ee beekamoo dha. Kunis biyyi keenya tuuriziimii irraa faayidaa akka argattu taasisaa jira. Kanaafuu, durbartoonni guddina tuuriziimiitiif gahee olaanaa bahaa kan turan ta'uun isaanii, seektarri kunis dubartoota hedduuf carraa hojii banuun isaa biyya keenya keessatti qofa kan hin daangeffamne ta'ee argama.

Seenaa biyya keenyaa keessatti Iteegee Xaayituun utubaa hojii tuurizimii kan ta'e mana nyaata (hooteelaa) eegaluun nama jalqabaa ti. Yeroo sana irraa kaasee tuuriziimiin misooma biyya keenyaa keessatti damee isa tokko ta'ee jira. Haaluma kanaan, dubartoonni damee tuurizimii keessatti qaxaramuunis ta'e investarummaan bobba'uun industirichaa fi guddina biyyaaf gumaacha olaanaa taasisanii jiru.

*Madda: Tuurizimii Addis, waggaa 5ffaa lakk. 6.irraa walakkaan kan fudhatame.*

**Gilgaala – 6**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Akka yaada armaan oliitti gumaacha durbartoonni guddina damee tuuriziimiif godhan tarreessaa .
2. Naannoo jireenya keessanii keessatti damee misoomaa dubartoonni keessatti hirmaachaa jiran hiriyoota keessanitti himaa.
3. Kabajamuun walqixxummaa dubartootaa, gahee inni misooma biyyaa keessatti qabu yaadannoo keessan irratti barreessaa. Itti aansuun barattoota wajjin teessan waliin irratti mari'adhaa.

Misoomaa fi guddina biyya keenya keessatti yeroo dhiyoon asitti galmaa'e keessatti dubartoonni gumaacha olaanaa taasisaa jiru. Biyya keenya keessatti ijaarsi sirna dimokraasii erga jalqabee kaasee gahaa dha jedhamuu baatus jijjiirama hedduutu galmaa'ee jira.Fakkeenyaaf, gama barnootaatiin yoo ilaalle, hirmaannaan barattoota dubaraa dabalaa dhufeera. Bara 1998 -1999 hirmaannaan dilboon barattotaa kan armaan gadii fakkaata .



Sample output to test PDF Combine only

| | Naannoo | Baay'ina barattotaa kutaa 1-8 | | Baay'ina barattoota dubaraa % n |
|---|---|---|---|---|
| | | Dhiira | Dubara | |
| 1 | Tigiraay | 456,336 | 446,343 | 100% |
| 2 | Afaar | 49,669 | 27,973 | 23.7% |
| 3 | Amaara | 1,863,387 | 1,767,140 | 90.5% |
| 4 | Oromiyaa | 2,939,750 | 2,336,970 | 84.3% |
| 5 | Beenshaangul Gumuz | 91,477 | 66,508 | 105.5% |
| 6 | Soomaalee | 157,429 | 94,962 | 23.8% |
| 7 | Ummattoota kibbaa | 1,676,866 | 1,326,424 | 85% |
| 8 | Gaambee llaa | 37,117 | 21,773 | 100.6% |
| 9 | Hararii | 19,502 | 15,324 | 100.3% |
| 10 | Finfiinnee | 230,764 | 280,751 | 159.8% |
| 11 | Dirree Dawaa | 26,112 | 20,060 | 62.8% |
| | Waliigala | 7,548,409 | 6,404,233 | 84.8% |

Madda:Barruulee waggaa Mannni Marii Feedereeshinii Ministeera Barnootaa eeruun kan dhiyeesse irraa kan fud-hatame

**Gilgaala – 7**
**Bu'uura gabatee armaan oliitiin gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Naannoolee Itoophiyaa keessaa Parsantiin lakkoofsa dubartootaa olaanaa kan qabu isa kamii? Gad aanaa kan qabu hoo eenyuu? Garaa garumaan jiru meeqaa ?
2. Garaagarummaa kana dhi-phisuuf maaltu hojjatamuu qabaa?
3. Naannoo jireenya keessaniitti hirmaannaan dubartootaa maal fakkaataa? Kana cimsuuf maaltu isin irraa eegama?

Ragaan armaan olitti dhiyaate lak-koofsi barattoota dubaraa kutaa 1-8 jiru dabalaa dhufuu isaa muli'isa. Haa ta'u malee, kun gahaa dha jechuu miti. Kanaafuu, itti fufiinsaan hirmaannaa shamarranii gama barnootaanis ta'e dameewwan kan biroo irratti cimsuuf, hawaasnii fi mootummaan akkasumas dubartoonni waliin hojjachuutu irraa eegama.

Dubartoonni walqixxummaan kabaja-mee fi caarraa yoo argatan warra dhiiratii gadi akka hin taane ogummaa adda addaa irratti hirmaachuun mirk-aneessanii jiru. Kanaafis ragaa kan ta'u biyya keenyattis ta'e biyyoota kan birootti hirmaannaan dubartootaa ogu-mmoota adda addaa irratti cimaa dhufuu isaa ti. Fakkeenyaaf, dubar-ttoonni sadarkaa ministeeratti, Af-yaaiittii fi sadarkaa Ambaasaaddaraatti hojjachaa jiru. Akkasumas dameewwan biroo kan akka ispoortii, barnootaa fi inverstimentii keessatti dubarttoonni hirmaannaa guddaa gochaa jiru.

Kanaafuu, kabajamuu mirgaa fi cimina hirmaannaa durbartootaaf lammiin hundi itti gaafatamummaa qaba. Haa-luma kanaan, dhiirrii fi dubartoonni waliigalteen waliin yoo hojjatan bu' aan isaa misoomni amansiisaa fi guddina ta'uun isaa nama hin shakkisiisu.



Sample output to test PDF Combine only

## 3.3 Mirga Namoonni Hir'ina Qaamaa Qaban Kabajamuufii Qabu.





**Fakki 3.3 Namoonni hir'ina qaamaa qaban hojiilee adda addaa yoo hojjatan**

- ***Fakki armaan olii irraa waan hubattan hiriyoota keessaniif ibsa.***

**"Haaliimaa fi Irkoo"**

*"Sababa dhibee pooliyoo irraa kan ka'e,Haaliimaa fi Irkoon ijoolummaa isaanii irraa kaasee barattoota hiri' ina qaamatiif saaxilaamann dha. Kana irraa kan ka'e iddoo tokko irraa gara iddoo biraatti kan socho'an meeshaa wilicheerii jedhamutti gargaaramuu-dhan. Bara kana Haaliimaan barattuu kutaa 7ffaa yoo taatu, Irkoon immoo barataa kutaa 8ffaa ti. Batattoonni kun haal-uma kanaan barachaa osoo jiran-uu manni barnoota isaanii dareew-waan dura turan jijjiiruun gamoo gurg-uddaa abbaa fooqii afurii haaraa ijaare.*

*Gamoo haaraa kutaalee lafa irra jiran irratti barattoonni kutaa 1-4 jiran rama-daman. Barattoonni kutaa 5ffaa fi 6ffaa gamoo fooqii 1ffaa fi 2ffaa keessatti, akkasumas barattoonni kutaa 7ffaa fi 8ffaa gamoo fooqii sadaffaa fi afraffaa keessatti akka baratan ramadaman. Haaliimaa fi Irkoon garuu gamoowwan kana bahuu ykn koruu waan hin dandeenyeef rakkoon isaan qunnamuu eegale. Nama yeroo yerootti isaan gargaaru dhabuun heddu rakkatan. Waan kana ta'eef manni barnootaa kutaa jijjiiruun akka haala isaaniif mijeessu iyyatan. Haa ta'u malee, manni barnootichaa humna kootii ol jechuun rakkoo kana furuufii dide. Gaaffii isaanitiifis deebii waan hin argannee fi manni barnootaa kan biroo naannoo isaaniitti waan hin argamneef Haliimaa fi Irkoon barnoota isaanii addaan kutuuf dirqaman.*



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala – 8**
**Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Deebiin manni barnootaa Haalimaa fi Irkoof kenne sirriidhaa? maaliif?
2. Manni barnootichaa maal gochuutu irraa eegama ture?
3. Naannoo isin baratаa jirtaanitti, barattoota rakkoon akka kanaa qunname beektu? Rakkini isaanii furmaata argatee jira? Of duraaf rakkoo akka kanaa faluuf isinii fi hawaasa irraa maaltu eegama?

Jireenya keessatti hir'inni ykn hanqinni qaamaa nama kamiyyuu qunnamu kan danda'u yoo ta'u, kunis uumamaan ykn balaa tasaatiin mudachuu kan danda'u dha. Hanqinni qaamaa, hojii tokko ykn sochii tokko akka nama fayyaa guutuu qabu tokkootti raawwachuu dadhabuu dha. Rakkoowwaan hanqina ykn hir'ina qaamatiif nu saaxilan keessaa pooliyoo, dhibee qaamaa, hoongee fi hanqina nyaataa ni argamu. Gama birootiin, dhibee adda addaa akkasumas tajaajilli fayyaa gadaanaa ta'uu, hanqina qulqullinaa, balaa tasaa,walitti bu'insa, waraana fi k.k.f rakkoo namaan uumaman akka fakkeenyaatti ni eeramu.

Biyya keenya keessatti namoonni hanqina qaamaa qaban heddu dha. Namoonni kunis waajjiraalee mootummaa fi miti mootummaa keessatti loogiin adda addaa irra yoo gahu mul'ata. Yeroo dhiyoon asitti haalli kun jijjiiramaa kan dhufe ta'us gara fuulduraatti dhimma kana irratti baa-y'ee hojjachuun barbaachisaa dha. Kunis tattaaffii lammii hundaa kan barbaaadu dha.

**Namoota hanqina qaamaa qaban kunuunsuun gahee lammii**

Namoonni hanqina qaama qaban iddoo hundatti kunuunsa argachuu qabu. Fakkeenyaaf, mana barnootaa keessaatti daree barnootaa isaaniif mijaa'aa ta'e, meeshaalee barnootaa, jaalala, kunuunsaa fi xiyyeeffannoo argachuu qabu. Kanaafuu, barattoonni, barsiisonnii fi hawaasni mana barnootaa namoota hanqina qaamaa qabaaniif kunuunsa godhuutu irraa eegama.

Namoonni hanqina qaamaa qaban mirga heera biyyaatin argatan qabu. Akkuma namoota biroo hojjachuu ni danda'u.Sochii hiyyuummaa balleessuuf godhamu keessatti gahee olaanaa taphachuu ni danda'u. Akkasumas, misooma biyyaa keessatti bu'aa galmeessisiisuu hin dadhaban.



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala -9**
**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Heerra M.F.D.I. keeyyata 41/5 dubbisuun mootummaan qaama miidhamtootaaf maal maal gochuu akka qabu irratti mari' adhaa.
2. Mana barnootaa keessatti kunuunsi namoota hanqina qaamaa qabaniif godhamuu qabu maal dha?

## 3.4 Barbaachisummaa Kabajamuu Walqixxummaa Amantii

- ***Barbaachisummaa walqixxummaan amantii kabajamuu maal akka ta'e ibsaa.***

Akka heera mootummaa feederaalatti amantiiwwan biyya keenya keessatti argaman hundi walqixa. Haala kanaan, namni kamiyyuu, dhuunfaan ykn gareen amantaa barbaade hordofuu, barsiisuu fi babal'ifachuu ni danda'a. Sochii jaalala, wal deggaruu fi wal kabajuu irratti hundaa'e gochuun hunda irraa eegama. Haa ta'u malee, adeemsa kana keessaatti namni tokko amantaa namoota biroo xureessuu fi tuffachuu hin danda'u. Seenaa dheeraa biyya keenyaa keessatti amantaawwan heddduu waliin jiraataa turaniiru. Waliinis jiraachaa jiru. kunis cimee itti fufuu kan qabu dha. Haaluma kanaan, saba, sab-lammii fi ummattoonni biyya keenyaa hundi tokkummaa uumanii waliin jiraataa jiru. Tokkummaan isaanii kunis akka itti fufu sonawwan ummataa wal qixxummaan kabajamuu qabu. Haala kanaan, loogii tokko malee, afaan, amantaa fi aadaan ummataa wal qixa yoo kabajame nageenyii fi walii yaaduun ni dagaaga.

Mirgoonni amantaa yoo kabajamuu baate mirgoonni lammiilee guutummaan guutuutti kabajame jechuun rakkisaa dha. Sirnichis sirna loogiin keessatti raawwatu ta'a.Mirgi lammiilee yoo dhiitame ykn loogiin yoo jiraate hawaasa keessatti mirgi isaa dhiitamuun hin oolu.Amantaa tokko ol qabanii isa kaan gadi qabuun sirni dimokraasii kan ittiin ibsamu miti.Sirni dimokraasii caalmaatti akka cimu mirga lammiilee kan ta'e keessaa inni tokko jechuun wal-qixxummaan amantaa kabajamuun sirni dimokraasii akka hin diigamne ,nageenyi akka hin boorofnee fi abdiin guddinaa akka hin dukkanoofne gochuuf faaydaa olaanaa qaba.Mirgi wal qixxummaa amantii bifa guutuu ta'een mirkanaa'uu kan danda'u amantii ilaalchisee lammiileen hundi ilaalcha wal fakkaatu yoo qabaatan dha. Ilaalchi wal fakkaatu akka dagaagu dhimmoota armaan gadiif xiyyeeffannaa adda ta'e kennuun barbaachisaa dha.



Sample output to test PDF Combine only

A. Amantaalee hundaaf beekamtii kennuu. walitti bu'iinsa marii fi karaa nagaatiin qofa hiikuu.
B. Walitti bu'iinsa marii fi nagaan hiikuun yoo hin dadhabame kar-aa seeraatiin qofa furuu.
C. Amantiin kan dhuunfaa waan ta'eef yaada ofii dirqamaan nama biroo irratti fe'uu yaaduun walitti bu'iinsaaf of kakaasuu dhiisuu.
D. Iftoominaa fi itti gaafatamummaa cimsuu.
E. Waliin jiraachuun akka dand-a'amu garaagarummaan amantaa gufuu akka hin taane yeroo hund-aa wal danda'uu ,walii yaaduu, wal kabajuu ,walii tumsuu
F. Yeroo hunda olaantummaa seera-af abbomaamuu

**Gilgaala – 10**
**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa**

1. Walqixxummaan amantaa yoo kabajame faayidaa maal qaba?
2. Walqixxummaan amantaa akka kabajamu lammii hunda irraa maaltu eegg-ama?



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada xumura boqonnichaa

Mirgi walqixxummaa saba, sablam-miilee fi ummattootaa kabajamuun misoomaa fi guddina biyya keenyaatiif baay'ee. Sirna dimokraasii biyya kee-nya keessatti ijaaramaa jiru irratti lammileen hundi walqixa waan ta'a-niif misooma biyya isaanii keessatti fayyadamtoota ta'anii jiru.

Dhimmoota walqixxummaan lammiilee ittiin ibsamu keessaa muraasni isaa-nii: saboonni,sab-lammoonnii fi umm-attoonni afaan isaaniitti fayyadamuu, aadaa isaanii guddifachuu, amantaa isaanii wal qixxummaan kabajamuu ibsuun ni danda'ama. Kunis waan ta'e-ef yeroo ammaa lammiin hundi waliin ta'uun misooma biyyaa saffisiisuuf ak-ka tumsan isaan dandeessisee jira.

Sirna dimokraasii keessatti namoonno dhiira ykn durba ta'uu isaanitiin garaagarummaa saalaa yoo qabaatanis mirgi isaanii garuu wal qixxummaan ni kabajamaaf. Kanas jechuun dubarto-onni uumamaan dubartii waan ta'aniif qofa mirgi dhaban jiraachuu hin qabu. Dhiirris waan dhiira ta'ee uumameef mirga durbaa gadi ta'e ykn caalu argachuu hin qabu.

Hanqinni ykn hir'inni qaamaa uum-amaan ykn sababa balaa tasaatiin kan uumamu dha. Biyya keenya keessatti deeggarsi namoota hanqina qaamaa qabaniif godhamaa jiru baay'ee gadi aanaa ture. Fuulduraaf garuu dhimmi kun fooyya'uun,manneen barnootaa keessattis ta'e iddoo adda addaatti deeggarsi cimee itti fufuu kan qabu dha.



Sample output to test PDF Combine only

# JECHOOTA IJOO

**Walqixxummaa:-** jechuun, loogii tokko malee carraa fi faaydaalee walqixa argachuu akkasumas,itti gaafatamummaa wal qixxummaan bahuu dha.

**Saboota, sab-lammootaa fi ummattoota** jechuun hawaasa haallan kanatti aanee ibsaman mul'isu dha.

Aadaa bal'aa haala waliinii calaqqisu ykn muuxannoowwan wal fakkaataa kan qabanu, qooqa waliinii ittiin walii galuu danda'an kan qabanu,jireenya waliinii yookiin walitti dhiyaatu qabna jedhanii kan amanan ,tokkummaa yaadaa (saayikoolojii)kan qabanii fi baay'inaan qubsuma lafa wal qabate irra kan jiraatani dha. . Heera M.F.I, keeyyeta 39/5

**Tuurizimii-** jechuun damee dinagdee namoota daawwaanaa fi bashanaanaf dhufaniif tajaajilli adda addaa itti kennamuu fi kan itti keess-ummeessaman dha.

**Tuuristi :**-jechuun namoota bashannanaaf ykn hojii kan biraaf socho'an dha.

**Inveestara:-**jechuun nama ykn dhaabbata qabeenya ykn maallaqa isaa hojii tokko irra oolche jechuu dha.



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee keessa deebii

## I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun ”dhugaa” ykn ”soba” jechuun deebisi.

1. Heera MFDR Itoophiyaa 1987 bahe keessatti mirgi walqixxummaa saboota,sab-lammootaa fi ummattootaa iddoon hin kennamneef ture.
2. Sagantaalee misooma biyya keenyaa raawwachiisuu fi kunuunsuu kan qabu mootummaa qofa dha.
3. Walqixxummaan ummataa heeraan kabajamuun isaa biyya keenya keessatti guddinaa fi misooma biyyaa fiduuf faaydaa ni qaba.
4. Dubartootaa fi namoota hanqina qaamaa qabaniif kunuunsa gochuun misooma biyyaa duubaatti harkifachiisuu ni danda'a.

## II. Himoota ”B” jala jiran kan ”A” jala jiraniin walitti firoomsi

| “A” | “B” |
|---|---|
| 1. Walqixxummaan fayyadamuun dhabuu | A. Wal qixxummaa dhiiraa fi dubaraa |
| 2. Walqixxummaa saalaa | B. Galma namni tokko bira gahuuf yaadu |
| 3. Hiri’ina ykn hanqina qaamaa | C. Rakkoo uumamaan ykn jiruu keessatti nu qunnamuu danda'u |
| 4. Mul’ata | D. Guddinni akka hin dhufne kan godhu |

## III. Iddoo duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta’een guuti.

1. _____afaan, aadaa fi amantii mataa isaa hin qabne hin jiru.
2. Itoophiyaa keessatti barmaatilee miidhaa geessisaa jiraniin caalaa miidhamaa kan jiran______dha.
3. Sabni, sab-lammii fi ummanni Itoophiyaa hundi afaan isaanitiin dubbachuu, barreessuu fi afaan isaanii guddisuuf_____________qabu



Sample output to test PDF Combine only

## IV.Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta'e filadhaa:

1. Mirgoota walqixxummaa kabajamaa jiran keessaa tokko?
   - A. Mirgoota walqixxummaa saba, sab-lammootaa fi ummattootaa
   - B. Walqixxummaa saalaa
   - C. Walqixxummaa afaanii, aadaa, amantaa fi mul'istoota aadaa kan biroo
   - D. Hunduu deebii sirrii dha.
2. Yaada armaan gadii keessaa dhimma dubartootaa ilaalchisee hima kamtu sirriidha?
   - A. Dubartoonni dhiira waliin qixa akka hirmaatan taasisuun bu'aa hin qabu.
   - B. Hirmaannaa dubartootaa malee misoomnii fi guddinni hin dhufu.
   - C. Naannoolee dinagdeen guddachaa jiran keessatti hirmaannaan barattootaaq kan dhiiraa ni caala.
   - D. Sirnoota darban keessatti dubartootaaf iddoo olaanaatu kennamaafi ture.
3. Rakkina hanqina ykn hir'ina qaamaa fiduu kan danda'u,
   - A. Dhibee
   - B. Hanqina nyaataa
   - C. Walitti bu'insaa fi waraana
   - D.Hundu deebii sirrii dha.
4. Yaada armaan gadii keessaa waa'ee afaanii ilaalchisee hima kamtu sirriidha?
   - A. Afaan tokko tokko kan biroo ni caala
   - B. Afaanonni hundi meeshaa ittiin walii galaa ta'uu isaaniitiin wal qixa dha.
   - C. Afaanota kan biroo beekuu fi barachuun faayidaa hin qabu
   - D. Afaan olaanaa fi gadii aanaa jedhamu waan jiruuf afaan hundi walqixamiti
5. Biyya keenya keessatti mirgoonni sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa kabajamuun bu'aa maal argamsiisa?
   - A. Afaan isaanii, aadaa fi amantaa mataa isaanii guddifachuuf gargaara
   - B. Hiyyummaa fi duubatti hafummaa irraa walaba ta'uu fi waliin hojjechuuf haala mijeessa
   - C. Qabeenya biyyaa qooddachuu irratti haqummaan akka jiraatu gochuun nageenya cimsa.
   - D. Hunduu deebii sirrii dha.

## VI. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa.

1. Mirgoonni walqixxummaa fi wal qixxummaan fayyadamuu sabootaa, sab-lammootaa fi ummattootaa kabajamuun isaa faaydaa inni argamsiisu tarr-eessuun ibsi.
2. Manneen barnootaa keessatti kunuunsa dubartootaa fi namoota hanqina qaamaa qabaniif godhamuu qaba jettu ibsi.



Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA AFUR

# HAQUMMAA

Kaayyoolee boqonnichaa: Baranoota boq-onnaa kannn barattee yoo xumurtu:

- ***Hojmaata iddoo adda addaatti loogiin raawwatan ni ibsita.***
- ***Barbaachisummaa dhaabbilee hawaasaa naa-nnookeessaniitti argaman ni hubatta.***
- ***Hojmaatni dhaabbilee hawaasummaa loogii irraa walaba akka ta'anii fi haqummaa kan qaban akka ta'uu qaban ni ibsita.***


- ***Hojmaata iddoo adda addaatti loogiin raawwatan ni ibsita.***
- ***Barbaachisummaa dhaabbilee ha-waasaa naannoo keessaniitti arg-aman ni hubatta.***
- ***Hojmaatni dhaabbilee hawaasu-mmaa loogii irraa walaba akka ta'anii fi haqummaa kan qaban akka ta'uu qaban ni ibsita.***


## 4.1. Hojmaatawwan Loogii Qaban

### 4.1.1 Gochaalee Hojimaata Loogii Adda Addaa Naannootti Argaman

- ***Hojmaata loogii qabu jechuun maal jechuu dha? Waan yaadat-tan tarreessaa?***
- ***Gochawwan armaan gadii hojii loogii ykn hojii loogii irraa wala-ba ta'uu isaanii addaan baasu-un sababa waliin ibsaa.***

1. Barsiisaan barattoota ciccimoo ta'a-niif qabxii dabale.
2. Ogeessi yaalaa Hospitaal hojjatu keessatti daa'iimni isaa dursa akka argatu godhe.
3. Namoota waraqaa eenyummaa fudh-achuuf hiiriraan keessaa mangudo-otaaf dursi kennameera.
4. Namoota yakkaan shakkaman kees-saa firri abbaa seeraa tokko wala-baan gadi dhiifame
5. Abduun hiriyoota isaa waliin akka taphatu yoo hayyamamuuf Mare-emaan mana akka qulqulleessitu ajajamte.



Sample output to test PDF Combine only

**Nelsan Maandeellaa - *kutaa 1 ffaa***

Namoota addunyaa keenya irratti kabaja guddaa argatan keessa Maandeellaan nama duraati. Nelsan Maandeellaan kutaa dhiphoo tokko keessatti waggoota 27 mana hidhaa keessatti dabarsaniiru. Haa ta'u malee, yeroo dheeraaf kan hidhaman yakka hojjatanii miti.Hojmaata loogii biyya isaanii keessatti raawwatamu ifatti waan mormaniif ture.

Sirna san keessatti warri gurraachi Afrikaa kibbaa bittaa namoota adiin dhiibbaan isaan irra gahaa ture. Loogii isaan irratti raawwataman keessaa kan itti aanan akka fakkeenyaatti tuquun ni danda'ama.



*Fakkii 4.1 Nelsan Maandeellaa*

Dhalattoonni ummata Afrikaa ta'an lafa isaanii saamamanii jiru.Iddoo qonnaa, ,jireenyaa fi daldalaa akka qabaatan silumaa hin heyyamamuuf ture. Akkasumaas bulchiinsa mootummaa keessatti hirmaachuun seeraan dhoorkamaa ture. kanaafis sababa kan jedhame guuraachi warra adii tajaajiluf kan uumame dha jedhamee waan yaadamuuf ture.

Kanaafuu, warri gurraachi dhalattoota Afrikaa ta'an kan barbaadaman warra adii tajajiluuf qofa ture. Haala kanaan warri adii magaalota babbaareedoo keessa yoo jiraatan gurrachi garuu biyya isaa keessatti gandoota xixiqqoo keessa akka jiraatu godhamaa ture.

Namonni isaan kanneenii fi miidhaa fokkisaa kana morman hidhaaf saaxilamanii jiru. Daa'imman sirna kana morman otuu hin hafin yeroon itti ajjeefaman ni jira ture. Gama birootiin namoonni loogii kana hojjetan, namoota reeban ykn tuman ajjeessanii fi k.k.f kan raawwatan ni muudamu, akkasumas ni badhaafamu ture.

Kanaafuu, Maandeellaan sirna kana waan balaaleeffatanii fi hawaasa addunyaatiif waan saaxilaniif akkasumas ummata gurraacha waan qindeessaniif hidhaa waggaa 27 tiif saaxilaman jechuu dha. Haa ta'u malee waggoota 27 booda Maandeellaan pireezidaantii gurraacha Afrikaa kibbaa isa duraa ta'uun filataman. Bara aangoo isaaniitti tarkaaffii akkamii fudhatu laata?

**Gilgaala – 1**

**Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee deebisaa**

1. Haala yaada armaan oliitiin loogii warra gurraacha Afr-ikaa kibbaa irra gahaa ture tarreessaa.
2. Nelsan Maandeellaa sirriidha turee? Maaliif ?
3. Gocha Maandeellaa irraa maal barattu?
4. Maanddeellaan pireezidaantii erga ta'anii booda loogii hambisuuf tarkaanfii akkamii fudhachuu qabu jettu?

Loogiin gocha faallaa hojmaata haqummaa ta'an keessaa isa tokko dha. Hojmaanni loogii qabu jireenya keenya keessatti iddoo adda addaatti nu qunnamuu ni danda'a. kunis mana barnootatti, iddoo taphaatti, gandaa jirannu keessatti, dhaabbilee hawaasummaa fi haqaa keessatti ni raawwata. Sababoonni loogummaaf nama kakaasanis akaakuun gargar ta'uu danda'u.

Loogiin namoota walqixa ilaaluu dhiisuu irraa kan ka'e uumama. Kunis kan ta'u namoonni itti gaafatamummaa isaanii yoo bahan firaan, amantaan, sanyiin, hiriyummaan, fi k.k.f irraa ka'uun gocha seeraan ala ta'e yoo raawwaatan dha. Haala kanaan namoonni sanyiin, afaaniin, amantaan, gosaan, siyaasaa fi, saalaan loogii ni raawwatu. Aangootti fayyadamuun fi hojiiwwan seeraan ala ta'anis gocha loogii ta'an dha.

Yeroo tokko tokko loogiin sababa aadaa boodatti hafaa irraa kan ka'een ni raawwatama. Loogiin ijoollee dubaraa irratti raawwaatamu kanaaf fakkeenya ta'uu ni danda'a. Biyya keenya keessatti hawaasni ijoolleee dubaraaa dhiiraan wal qixa carraa barnootaa hin kennuuf. Haala nyaataa fi kunuunsa irrattis loogiin ni raawwata. Mana keessattis hojiin dhiira caalaa dubartootta irratti baay'ata. Kanaaf, ijoolleen dubaraa dhiiraan wal qixa dandeettii isaanii kan uumamaan argatan guddisuuf karaan jalaa cufamee jira.

**Gilgaala – 2**

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Hojmaata loogii qabo hambisuuf tarkaanfiin akkamii fudhatamuu qaba jettu?
2. Gochawwan naannoo keessanitti loogii irratti hunda'uun raawwatan jettan tarreessaa?
3. Hojileen loogii enyuun raawwatamu? Tokkoo tokkoon isaaniif fakkeenya sadi sadi kennaa?

   A. Nama dhuunfaatiin
   B. Dhaabbilee Mootummaatiin
   C. Qaamota kan biraatiin



Sample output to test PDF Combine only

## 4.2 Dhaabbilee Hawaasummaa

### 4.2.1 Haqummaa Hojimaata Dhaabilee Hawaasummaa Naannooti Argaman

- ***Naannoo keessanitti mana barnootaa gaarii dha kan jedhamu isa kami? Maaliin mana barnootaa gaarii dha jedhamee?***
- ***Dhaabbilee hawaasaa naannoo keessanitti argaman keessaa dhaabbata tajaajila ni kenna jettan addaan baasuun qabxiilee dhaabbaticha gaarii dha jechisiisan tarreessaa.***

Dhaabbiileen hawaasummaa loogii tokko malee hawaasa bifa walqixa ta'een tajaajila keennuutu irraa eegama. Dhaabbiileen kun tajaajila guutuu kennuuf waan lama guuttachuu qabu. Inni tokko haqummaa yoo ta'u inni lammaffaan hojmaanni gahumsa qabu jiraachuu isaa ti.

Tajaajilli dhaabbilee hawaasummaa haqummaa kan gonfate ta'uu qaba kan jedhamu akkamitti dha ?

Gama tokkoon biyya keessatti tajaajilli dhaabbilee hawaasaan kennamu kan walmadaale ta'uu qaba. Gama birootiin haqummaan dhaabbilee hawaasaa kan mirkanaa' ulammiileen hundi garaagarummaa malee tajaajila argachuu qaban argachuu yoo danda'an dha.

Gahumsi dhaabbilee hawaasummaa kan mirkanaa'u dhabbileen kun oogeessa fi meeshaalee barbaachisaa ta'aniin yoo guutaman, hojjettoonni dhaabbatichaa gahumsa yoo qabaatan, akkasumas yeroo fi qabeenya dhaabbatichaa hojii irra oolchuun ulaagaa bu'a qabeessumaa dhaabbatichaa madaaluuf yoo gargaaran dha.

#### Hojii Garee-1

*Dhaabbilee hawaasummaa naannoo keessanitti argamu maatii keessaan waliin daawwachuun haala tajaajila isaanii safartuu armaan gadiitti fayyadamuun gaaffilee tarreeffaman hojjedhaa.*

| | Maqaa dhaabbilee | Yeroo hojii kabajuu irratti | | Ogeessaa gahaa qabaachuu irratti | | loogii irraa walaba ta'uun | | Meeshaalee barbaachisoo qabaachuu irratti | | yeroo hojii seeraan itti fayyadamuu irratti | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | gaarii dha | dadha baa dha. | gaarii dha | dadha baa dha. | gaarii dha | dadha baa dha. | gaarii dha | dadha baa dha. | gaarii dha | dadh a baa dha. |
| 1 | Ganda | | | | | | | | | | |
| 2 | Mana barnootaa | | | | | | | | | | |
| 3 | Buufata fayyaa | | | | | | | | | | |
| 4 | Wajjira qonnaa | | | | | | | | | | |



Sample output to test PDF Combine only

1. Dhaabbata kamtu gaarii dha. ?
   a. yeroo hojii kabajuun __________
   b. Ogeessa gahaa qabaachuun ____
   c. Loogii irraa ta'uun hojjachuun ____________
   d. yeroo hojii seeraan itti fayyadamuun ______________
   e. Meeshaalee hojii gahaa qabaachuun______________
2. Akka waliigalaatti dhaabbata kamtu haqummaanis ta'e gahumsaan isaan kaan irraa sadarkaa fooyya'aa irra jira?
3. Gandi keessa jiraattan ganda kan biroo waliin yoo ilaalamu haqummaanii fi gahumsi dhaabbilee hawaasummaa sadarkaa maal irra akka jiru ibsaa.

### Hojii garee -2

*Biyya keenya Itoophiyaa hiyyeettii kan jechisiisan keessaa tokko dhaabbileen hawaasummaa haala gahaa ta'een iddoo hundatti guutamuu dhabuu isaa ti. Kanaafuu, hanqinaa fi faca'iinsa dhaabbilee hawaasummaa sirreesuuf isin gama keessannin maal gochuu dandeessu?*

## 4.3 Sababoota Sarbamuu Mirgootaa Fi Hir'ina Haqummaa

- ***Namoonnii maaliif namoota kan biroo irratti loogii hojjatu? Qabxiilee hojii loogiitiif sababa ta'an jettan tarreessaa.***

### Obbo Nugusee, kantiibaa magaalichaa

Obbo Nuguseen kaantiibaa magaalaa xiqqoo tokkoo ti. Bulchiinsi magaalaa tanaa namoota misooma irratti hirmaachuu barbaadaniif haala ni mijeessaa. Abbootiin qabeenyaa hanga maallaqa qabaniin lafa itti ijaaran ni mijeessa. Iddoowwan abbootii qabeenyaan barbaadaman kan kennaman koree obbo Nuguseetiin hogganamuun dha. Koreen kunis gaaffii abbootii qabeenyaa irraa dhiiyaate qoorachuun haaluma bu'uura seeraatiin abbootii dhimmaa keessummeessaa ture.

Haa ta'u malee yeroo tokko obbo Nuguseen koreen osoo hin murteessin mana gandaa sadeen walitti aananii jiran obboleessa haadha manaa isaaniitiif akka keennamu murteesse. Namoonni mana kana keessa yeroo dheeraa jiraatan manni isaanii nama biraaf kennamuu isaa kan beekan meeshaaleen ijaarsaa naannoo mana isaaniitti bu'aa yoo jiru dha. Iyyannoon bulchiinsa magaalaatti dhiyeeffatanis hin milkoofne. Hoggantoonni hojii irra jiru jechuun nama isaan keessummeessuu argachuu hin dandeenye. Haa ta'u malee abbootiin dhimmaa kan biroo wajjiira hoggantootaa yoo galanii fi bahan ni hubatu turan.

Torban tokko erga deddeebi'anii booda obbo Nugusee fi koreetti rakkoo isaanii ibsatanillee furmaata argachuu hin dandeenye. Inumaayyuu atattamaan guyyoota kudhan keessatti mana isaanii akka gadi dhiisan ergamtuu isaa-



Sample output to test PDF Combine only

niitiin ergaa dabarsan. Haala kanaan abdii waan kutaniif caal'isanii waan dhufu eeggachuu eegalan.

Hanqina ykn dhabamuu haqummaa fi dhiitamuu mirgaa ilaalchisee yaada armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

**Gilgaala -4**

**Yaada armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee deebisi**

1. Hanqinni haqummaa jira jettanii yaadduu? Gochawwan hir'ina haqummaa mul'isan eeraa.
2. Manni sadan abbootii qabeenyaatiif kennaman kan keessan osoo ta'anii maatiin keessan maal gochuu qabu jettu?
3. Koreen cal'isuun isaa sirrii ture jettuu ?
4. Adeemsa kana keessatti aangoo isaatti seeraan ala kan fayyadame eenyuu? kan hin fayyadamne hoo jiraa?

**Dhabamuu haqummaa fi kabajamuu dhabuu mirgootaaf qabxiileen armaan gadii tuqamuu danda'u**

***A. Kabajamuu dhabuu mirga lammiilee***

Lammiileen mirgoota adda addaa qabu. Fakeenyaaf kan akka walabumman jiraachuu, barachuu, gosa hojii humni isaa heyyamutti bobba'uu, dhaaba siyaasaa fedhe keessatti miseensa ta'uu, fi kkf tuquun ni danda'ama. Mirgoonni lammiilee akka sarbamu kan taasisaan keessaa tokko dhabamuu haqaummaa ti. Kana jechuun immoo seera ykn sirna hawaasaa kabajuu dhiisuu jechuu dha. Haqummaan meeshaa mirgoota lammiilee kabajsiisuuf gargaaru dha. Biyya tokko keessatti haqummaa irratti hojmaanni rakkoo qaba yoo ta'e mirgoo nni lammiilee ni sarbamu. Kanaaf,s irni haqummaa biyya tokkoo namoota dhunfaanis ta'e qaama mootummaatiin kabajamuu qaba.

***B. Aangoo ummataa fi mootummaa irraa kenname seeraan itti fayyadamuu***

Abbootiin aangoo fi hojjettoonni sadarkaa adda addaa irratti argaman aangoon hojii isaanii raawwachuu isaan dandeessisu ni kennamaaf.Itti gaafatamummaa kennameef kanaan tajaajila kennuun barbaachisaa yoo ta'u aangoo kennameef daangaan ala itti fayyadamuun sirrii hin ta'u. Kanaaf,aangoo mootummaa fi ummataa seeraan itti fayyadamuu dhabuun haqummaa fi sarbamuu mirgaa fida.

***C. Lammiilee wal qixxummaan keessu-mmeessuu dhabuu***

Lammiileen tajaajila wal qixa ta'e argachuu qaban. Bifa wal fakkaatuun keessummeessamuu qabu. Fakkeen-



Sample output to test PDF Combine only

yaaf, namoota yakka walfakkaatu hojjatan addabbii walfakkaatu argachuu qabu. Haa ta'u malee hojmaata loogii qabu keessatti haqummaan jirachuu hin danda'u. Namoota gidduutti garaagarummaa uumuudhaan waan ta’uu hin qabne raawwachuun sarbamuu mirgaa fu diigamuu haqummaaf sababa ta’u.

## 4.4 Barbaachisummaa jiraachuu haqummaa

- ***Mana barnootaa fi daree keessatti haqummaan maaliif akka jiratu barbaachise?***
- ***Namni haqummaa dhabee fi mirgi isaa sarbame maal gochuu qaba?***

**Gilgaala – 5**

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Sarbamuun mirgaa fi dhabamuun haqummaa eenyuun rawwatamaa ?
2. Muuxannoo hanga ammaatti qabdan (Televizyinii, Raadiyoo ykn naannoo keessan wkf) irraa ka’uun gochoota sarbamuu mirgaa mul’isan tarreessaa.
3. Yaada <<mirgi kee akka kabajamu atis kan namoota biroo kabaji>>' jedhu fudhattaa? Maaliif ?
   Qaamoota mirgoota lammiilee kabajuu fi kabajsiisuu qaban jettan tarreessaa.
4. Barreeffama armaan gadii waayee dhabamuu haqummaa ibsu dubbisaa.

### Nelsan Maandeellaa - *kutaa 2ffaa*

Nelsan Maandeellaan waggaa 27 mana hidhaa erga turanii booda Afrikaa kibbaatti hogganaa gurraacha isa duraa ta’anii filataman. Haaluma kanaan Maandeellaan erga aangoo qabatanii booda mootummaan isaaniin hogganamu haqummaa mirkaneessuuf tarkkaanfii adda addaa fudhachuu eegale. Sirnoonni hojmaata fakkeenya loogummaa qaban kamiyyuu akka haqaman ta’e. Itti aansuun warri adii fi gurraachi mana barnootaa tokko keessatti barachuu, giddu gala fayyaa tokkotti fayyadamuu eegalan. Iddoowwan ispoortii fi bashannanaa wkf. wal qixxummaan hunda isaanii tajaajiluu eegalan. Lammiileen gurraachi yeroo dheeraaf mirgi isaanii sarbamee ture waajjira mootummaa keessatti qaxaramanii fi ramadamanii hojjechuu eegalan. Dhimma biyya isaanii irratti walabummaan akka hirmaatan mirgi isaanii mirkanaa’e. Dhaabbiileen bulchiinsaa, nageenyaa fi haqaa baadiyyaa fi magaalaa keessatti argaman lammiilee hunda loogii malee wal qixxummaan haala tajaajiluu danda’aniin caaseffaman. Waluma agalatti warra adii fi gurraacha gidduutti gochii haaloo bahuu akka hin rawwaatamne taasise.Biyya keessattis nagaa fi tasgabbiin mul'achuu jalqabe. Nageenyi, guddinaa fi misoomaaf murteessaa ta’uun isaa beekame. Kanaafuu, Maandeellaan sirna loogii yeroo



Sample output to test PDF Combine only

dheeraaf ture waan qabsaa'anii fi tarkaanfi haqaawaa bara pirezadaan-tummaa isaanii fudhataniin addunyaa keessatti nama kabajamaa ta'anii jiru.

**Gilgaala – 6**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Akka yaada dubbisichaatti tarkaanfiiwwan haqummaa mirkaneessuuf fudhataman tarreessi?
2. Akka yaada dubbisichaatti haqummaa biyya tokkoo dhugoomsuuf tarkaanfii akkamiitu
   a. fudhatamuu qaba ?
3. Barreeffamicha irratti hundaa'uun faayidaa haqummaa tarreessaa.
4. Faayidaa qabxiileen armaan gadii haqummaaf qaban ibsaa.
   - Naamusa
   - Dimokraasii
   - Olaantummaa seeraa
   - Walqixxummaa

Hojiiwwan haqummaa mirkaneessuuf barbaachisan keessaa isaan armaan gadii eeruun ni danda'ama.

***A. Hojmaata haqaawaa hojii irra oolchuu***

***B. Dhaabbileen mootummaa sadarkaa adda addaa irratti argaman haalli tajaajila itti kennan haqummaa irratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Dhaabbileen mootu-mmaa ganda,aanaa wkf. Keessatti arga-man lammii kamiyyuu wal qixx-ummaan kan keessummee-ssan ta'uu qabu.***

***B. Qaamni seeraa aangoo kenn-ameef qofaan hojjechuu:***

Qaamooleen haqaa sadarkaa adda addaa irra jiran kan caaseffaman nageenya hawaasaa kabajsiisuuf dha. Kanaaf,qaamonni kunniin itti gaafat-amummaa isaanii yoo bahan seera bu'uura gochuun ta'uu qaba. Seeronnii fi dambiiwwan bahanis faaydaa fi fedhii ummataa akka kabajsiisanitti kan qophaa'an ta'uu qabu.

**C.** ***Lammiileen mirga haqa argach-uu isaaniitti fayyadamuu:***

Lammiileen miidhaa dhunfaan isaan irra gahu qaama haqaa dhimmi ilaa-lutti dhiyeeffachuun furmaanni akka kennamuuf gaafachuu qabu. Kanaan alattis, sirna dimokraasii keessatti lam-miin tokko dhiibbaa isa irra gahe qofa osoo hin ta'in dhiibbaa nama biraa irra gahus mormuu qaba.

**D**. ***Mirga ofii kabajsiisuu fi fala argachuuf jecha kaka'uumsa qabaachuu***

Dhimmoota sarbamuu mirgaa fi dhab-amuu haqaaf sababa ta'an lammiileen biyyattii kaka'uumsi mirga isaanii ka-bajsiisuu si haqa argachuuf qaban gadaanaa ta'uu isaa ti. Lammiileen



Sample output to test PDF Combine only

mirgi isaanii sarbamee fi haqa dhaban mirga isaanii kabajsiisuuf tattaaffii ma-taa isaanii gochuu qabu. Kanaanis ,hojmaanni loogii of keessaa qabu akka hin uumamne qabsaa'uun alatti muu-xannoo dhimmicha dhaaba haqaatti dhiyeessuu ykn beeksisuu cims-achuu qabu.

**Gilgaala – 7**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Gocha loogii isin irrattis ta'e hiriyoota keessan irratti raa-wwate beeksisuun tattaaffii haqa argachuuf godhame akka fakkeenyaatti dhiyee-ssaa.
2. Kana dura warri ykn maatiin keessan mirgoota kabajsii-suuf tattaaffii isaan godhan irraa gaafachuun waan hu-bbattan tarreessaa.
3. Mana barnootaa keessn kee-ssatti adeemsa itti gaafa-tamummaa haqummaa kab-ajsiisuu keessatti qabdan tarreessaa.

## 4.5 Gibira




Mootummaan tajaajila hawaasummaa babal'isuuf madda galii eessaa argata?

### 4.5.1 Gibirri Yoomii fi Attamiin Jalqa-bame?

**Gabaasa kadijjaa fa'a -*kutaa 1ffaa***

Kadijjaan hiriyoonni ishee << Seenaa fi gosa gibiraa >> irratti gabaasa akka dhiyeessan hojiin garee kennameef. Gabaasni maatii fi ogeessota gaaf-achuun qopheessan haala armaan gad-iitti qindaa'ee jira.

**Seenaa Gibiraa**

Seenaan gibiraa uumamuu mootu-mmaa waliin kan walqabatu dha., Gib-irri madda galii mootummoota durii iddoo adda addaatti hundeeffamaniif madda galii ijoo ture. Fakkeenyaaf mootummoonni Giriik fi Misirii wagg-oota 3000 dura turan hawaasa irraa gibira sassaabaa turanii jiru.

Biyya keenya keessattis mootum-moonni durii ummata irraa gibira



Sample output to test PDF Combine only

adda addaa bifa qabeenyaa fi maallaqaan funaanaa turanii jiru. Haa ta'u malee biyya keenya keessatti seerri tumamee gibirri funaanamuu kan eegalame jaarraa 15ffaa keessa bara mootii Zara'aay Yaaqoob irraa eegalee ti.

**Gilgaala – 8**

**Gaaffilee arnaan gadii irratti mari'adhaa**

1. Seenaan gibiraa maaliif uumamuu mootummaatin walqabatee?
2. Biyya keenya keessatti gibira funaanuun yoom egalamee?
3. Namoonni gibira kaffaluu yoom jalqaban?

### Gabaasa kadijjaa fa'aa - *kutaa 2ffaa*

Gibira kaffaluun maalif jalqabame? Namoonni naannoo tokko keessa jiraachuuf nageenyi naannoo isaanii eegamuufii qaba. Miidhaa diidaa ittti dhufu of irraa ittisuuf humni qindaa'e jiraachuun barbaachisaa dha. Kanaafis, walitti dhufeenyi hawaasaa cimuu qaba. Miidhaa adda addaa irra gahu of irraa ittisuu fi ummata bulchuuf qaamni mootummaa jedhamu uumame.

Itti gaafatamummaa kana haalaan bahuu fi dhimmoota kan biroo raawwachuuf mootummaan lammiilee irraa maallaqa, deggarsa humnaa ,fi qabeenyaa argachuun barbaahisaa ta'e. Yeroo baay'ee kaffaltiin lammiileen mootummaa isaaniif kaffalan gibira jedhamee waamamuu eegale.

Gabaasa Kadijjaa fa'a irraa akka hubattanitti gibirri namoonni bakka tokkotti gurmaa'anii mootummaa tokko jala buluu yeroo itti eegalanii kaasee kan uumame dha. Yeroo sana irraa kaasee mootummaan ummata bulchu irraa gibira funaanaa kan ture ta'uun isaa ibsamee jira. Kanaaf,yeroo san irraa kaasee gibirri madda galii ijoo mootummaa ta'ee tajaajiluu eegale. Galiin gibira irraa argamu faaydaa ummataa eegsisuuf ooluu eegale. Fakkeenyaaf,miidhaa diidaa dhufuu fi nageenya biyya keessaa kabajsiisuun kan danda'ame maallaqa bifa gibiraan funaanamuun ture.Yeroon booda garuu faaydaa ummataaf ooluun isaa hafee gita bittoonni muraasni itti fayyadamuu eegalan.

**Gilgaala – 9**

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Mootummoonni durii addunyaa keessatti argaman qashii fi qabeenya bifa gibiraan funaanan maal maaliif oolchaa turan?
2. Namoonni tajaajila akkamii argachuuf barbaadaniit gibira kaffaluu jalqabanii?



Sample output to test PDF Combine only

### 4.5.2. Akaakuu Galii Gibirri Irraa Funaanamu

- ***Akaakuu gibiraa namoonni moot-ummoota isaaniif kaffalaa turan tarreessaa.***

**Gabaasa kadijjaa fa'a -kutaa 3ffaa**
**Akaakuu gibiraa kan durii fi ammaa**

***A. Akaa kuugibiraa durii.*** Mootu-mmoonni bara durii galiiwwaan adda addaa irraa gibira funaanaa turan. Gibirri yeroo baay'ee maallaqaa fi oomisha adda addaa irraa kan argamu ta'us yeroo tokko tokko namoonni hojii humnaa hojjechuun dirqama gibiraa ni bahu. Booddee irratti gibira humnaa fi dhiibbaadhaan kaffalchiisuun babal'-achaa dhufe. Bu'uura kanaan haalli kaffaltii gibiraa haqummaa dhabuu jalqabe. Fakkenyaaf, namoonni gibira humna isaanii ol ta'e akka kaffalan yoo taasifamu warri kuun immoo gibira irraa walaba ni ta'u ture. Gara harka caalu namoonni qabeenyaa fi aangoo qaban kaffaltiin gibiraa isaan hin ilaalu ture.Akkasumas gibira bu'aa hawaa-saatiif oolchuun hafee faaydaa namo-ota aangoo irra jiraniif ta'uu jalqabe.

**B. *Akaakuu galii yeroo ammaa gibirri irraa funaanamu :***
Haalli funaansa gibiraa yeroo dha yer-ootti jijjiiramaa kan deemu dha. Akaakuun gibiraa baraa baratti ykn mootummaa irraa motummaatti gargar dha. Akkasumas gosni gibiraa biyyaa biyyatti gargar dha Sirna dimokraasii keessatti haalli gibirri itti funaanamu sadarkaa fooyya'aa irra jira. Gibirri eenyuuf, maaliif akkasumas galiiwwan kam irraa akka funaanamu seeraa fi dambiidhaan gargar bahanii tarre-effamu.

Gabaasa irraa akka hubattanitti aka-akuun galii gibirri irraa funaanamu yeroodhaa gara yerootti jijjiiramaa deema. Fakkeenyaaf, bara durii gibirri maallaqaan qofa kan kaffalamu hin turre. Oomisha adda addaa fi tajaajila humnaa kennuudhaan dirqama gibiraa lammiilee irraa eegamu bahaa turan. Yeroo ammaa adeemsii fi sirni gibirri itti sassaabamu fooyya'ee jira.

Gibirri akaakuu adda addaa irraa funaanama Yeroo ammaa biyya keenya keessatti haala fooyya'aa ta'een madda adda addaa ykn naannoo adda addaa irraa ni funaanama. Bu'uurri ykn aka-akuun gibiraa kan armaan gadii ti.Qonna,daldala akaakuu adda addaa, galii mindaa irraa argamu, warshaalee fi albuuda, horsiisee bulaa, damee-wwan tajaajila adda addaa, fakkee-nyaaf turizimii fi hoteela wkf.eeruun ni danda' ama.



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala – 10**

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Haalli kaffaltii gibira biyyoota adda addaa walfakkaata jettanii yaadduu? Maaliif?
2. Kanneen armaan gadii keessaa warri keessan akaakuu galii kam irratti gibira akka kaffalan tarreessaa.

- Lafa qonnaa
- Daldala
- Mindaa
- Mana jireenyaa
- Lafa itti fayyadamaa jiran
- Iddoo gabayaa
- Televizyinii (TV)
- Bilbila
- Ibsaa
- Misooma horii

### 4.5.3. Gibira Haqummaan Kaffaluun Dirqama Lammummaati

- ***Gibira kaffaluun maaliif dirqama lammummaa ta'e?***
- ***Lammiin biyya tokkoo gibira kaffaluuf naamusa akkamii qabaachuu qaba?***

Gibirri fedhiin kan kaffalamuu fi dirqama lammummaa ti.Sirna dimokraasii keessatti kaffaltiin gibiraa akka idaatti hin fudhatamu. Gibirri baasii faaydaa waliiniif oolu jechuun dhaabbilee tajaajila adda addaa kennan, daandii hojjechuuf, akkasumas hanqina maallaqaa nageenya biyyoolessaaf oolu argachuuf jecha sirna diriiru ta'uu isaa ummanni ni hubata. Haala kanaan lammiin hundi gibira kaffaluun dirqama lammummaa ta'uu isaa beekuun gibira yerootti kaffaluu qaba.

Biyyoota misoomaan guddatan keessatti gibira yeroon kaffaluu dhiisuun yakka seeraan nama gaafachisuu dha. Kanaan alattis gochi akkanaa hawaasa biratti fudhatama waan hin qabneef maqaa nama xureessa. Kanaaf, hanga gibiraa kaffalamuu qabu murteessuuf akka gargaaru lammiin hundi galii isaa ilaalchisee ragaa dhugaa ta'e kennuutu irraa eegama.

**Gigaala – 11**

**Gaaffiiwwaan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa**

1. Lammiileen gibira seeraan kaffaluu yoo baatan rakkoo maaltu uumamuu danda'aa.?
2. Kaayyoon gibiraa bara durii kan bara ammayyaatiin maaliin gargar ta'e?



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada xumura boqonnicha

Hojiiwwaan loogii iddoo fi yeroo adda addaatti raawwatamu. Dhaabbilee hawaasummaa hunda keessattis ni mul'atu. Sababoonni loogiif nama kakaasan hedduu dha. Haa ta'u malee hundi isaaniituu kan hojjataman dhala namaatiin yoo ta'u, isa kana dhabamsiisuuf lammiileen hundi hojiwwaan loogii irraa of qusatuu qabu. Gocha akka kanaa yoo arganis mormuutu irraa eegama. Gama birootiin gochawwaan loogii raawwataman dhabamsiisuuf wanti kan biraa hojjetamuu qabu dhaabbiilee hawaasummaa humna namaa fi meeshaalee adda addaan gurmeessuu fi tamsa'inni isaaniis akka sirraa'u gochuu dha. Kana hunda gochuuf hawaasni deggarsaa fi tumsa barbaachisaa ta'e gumaachuun irraa eegama.

Dhimmoota sarbamuu mirgaa fi hir'ina haqaaf sababa ta'an keessaa mirgi lammii kabajamuu dhabuu, aangoo ummata irraa kennameef seeraan ala itti fayyadamuu fi namoota walqixxummaan keessummeessuu dhabuu dha. Kanaaf,ummata keessatti haqa itti fufiinsaan diriirsuuf hojmaata haqummaa qaban hojii irra oolchuu, qaamooleen seeraa haala aangoo kennameefiin tajaajila akka kennan gochuu fi lammiin hundis tajaajila haqa qabeessa ta'e argachuuf kaka'umsa akka horatan gochuun barbaachisaa dha.

Gama birootiin lammiin kamiyyuu gibira yeroon kaffaluuf dirqama kan qabu ta'uu beekee dirqama isaa kana bahuu qaba. Adeemsa gibira funaanuu keessatti lammiin kamiyyuu galii argatu ilaalchisee ragaan mootummaaf kennu dhugaa irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.



Sample output to test PDF Combine only

# JECHOOTA IJOO

**Miidhaa:-** gocha seeran ala ta'ee nama miidhu

**Seera:-** sirna ummanni ittiin walii galee bulu

**Dambii** :-Qajeelfama ykn ajaja eenyu, maal akka hojjetu ,akkamitti akka hojjetuibsu

**Nageenya Biyyoolessaa**:Haala nageenya biyyaa

**Qaama gurmaa'e:-** kaayyoo tokko galmaan gahuuf jecha humna gamtaan ijaarame

**Mootoota:**Namoota ummataan otuu hin filatamin maatii isaanii irraa dhaaluun ummata bitan,Sirna bittaa nugusaa

**Abbaa qabeenyaa :**Namoota ykn garee dameewwan adda addaa irratti qabeenya isaanii misoomaaf oolchuu



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee keessa deebii

## I. Gaaffilee armaan gadii dhugaa ykn soba jechuun deebisaa

1. Dhaabbileen hawaasummaa gahaan bakka jiranitti hojmaanni haqummaa hojii irra ni oola
2. Gahumsi dhaabbilee hawaasummaa kan mirkanaa'u meeshaaleen gahaan yoo guutamaniif qofa dha
3. Darbee darbee loogii hojjachuun barbaachisa dha.
4. Sirna dimokraasii keessatti gibira kaffaluun dirqama lammii hundaa ti.
5. Hojmaata loogii bakka adda addaatti mul'atuuf sababni isaa wal fakkaataa dha.

## II. Yaadoota "B" jala jiran kan "A" jala jiraniin walitti firoomsi

| "A" | "B" |
|---|---|
| 1. Firaa fi wal beekumsaan hojjechuu | A. Hanqina dandeettii ykn ogummaa |
| 2. Dirqama lammummaa | B. Karaa haqummaan ittiin mirkana'u |
| 3. Hanqina meeshaalee guuttachuu | C. Loogii |
| 4. Ragaa sobaa irratti hundaa'uun murteessuu | D. Hanqina haqummaa |
| 5. Seera kabajuu | E. Gibira kaffaluu |
| | F. Dhaabbilee hawaasummaa |

## III. Iddoo duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee yaada sirrii ta'een guutaa

1. Lammiileen haala galii isaanii iraatti hundaa'uun kaffaltiin kaffalan ________________ jedhama.
2. Dhaabbileen hawaasaa hundi tajajilli isaan kennan _____________ ta'uu qaba.

## IV.Gaaffilee armaan gdiif deebi sirrii ta'e filachuun deebisaa

1. Haqummaan gibiraa kan mirkanaa'u gochawwan armaan gadii keessaa isa tokkoon dha.
   - A. Lammiileen haala galii isaanitiin yoo kaffalan
   - B. Lammiileen hundi gibira walqixa ta'e yoo kaffalan
   - C. Hoggantoonni gibira irraa walaba yoo ta'an
   - D. "A" fi "B"n deebii dha.



Sample output to test PDF Combine only

2. Kanneen armaan gadii keessaa madda gibiraa kan ta'e
   - A. Qonna
   - B. Mindaa
   - C. Daldala
   - D. Hundu deebii dha

3. Iddoowwan loogummaan itti raawwatamuu danda'u isaan kam?
   - A. Ganda
   - B. Dhaabbilee haqaa
   - C. Mana barnootaa
   - D. Hunduu deebii dha.

4. Cabuu haqummaatiif sababaa kan hin taane isa kam?
   - A. Maallaqaa fi faaydaa adda addaan hojjechuu
   - B. Seeraan ala aangootti fayyadamuu
   - C. Haqummaa hir'isuu
   - D. Mirga namootaa kabajuu

5. Mirgoonni lammiilee akka kabajaman maaltu godhamuu qaba?
   - A. Seeratti fayyadamuu
   - B. Humnaan mirga kabajsiisuu
   - C. haqummaa diriirsuu
   - D. 'A' fi 'C'n deebii dha

## VI. Gaaffiilee armaan gadiitiif deebi gabaabaa kennaa

1. Manneen barnootaa keessatti hojmaanni haqummaa akka diriiru itti gaafatamummaa tokkoon tokkoon keessan irraa eegamu tarreessaa
2. Loogii hambisuuf waantoota ta'uu qaban jettan tarreessaa.



Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA SHAN

# JAALALA BIYYAA

kaayyoolee boqonnaa :Boqonnaa kana barattee yoo xumurtu:

- ***Wantoota jaalala biyyaa ibsan ni hubatta.***
- ***Faaydaa seenaa biyyaa beekuun jaalala biyyaa cimsuu irratti qabu ni bar-atta.***
- ***Kaayyoo kenna tajaajila tolaa ni hubatta.***
- ***Karaa lammummaan ittiin argamu ni beekta.***

## 5.1 Jaalala Biyyaa

### 5.1.1 Haalawwan Jaalala Biyyaa Cimsuuf Barbaachisoo Ta'an

Warra afaan baayyee warra yeeduu hedduu. Seenaa boonsaa keenya kan addunyaatti dhagahamu. Karaan mis-oomaa keenya daandiin ishee bal'aa.

Nu ummata nagaa abbaa abdii guddaa
Handarii bifa tokkoo waliin balali'an
Warra bifa hedduu tokkummaa jab-eessee waliin bareechisu. Nu ilmaan Itoophiyaa waadaa siif haa gallu
Guddina misoomaaf simaaf haa ware-egamnu. Dhiigaa fi onnee keenyas sir-raa hin hanbifannu.

(Barruulee <<Hibra Biheer >>
Sadaasa 2000 irra kan fudhatame)

- ***Walaloon armaan olitti dhiy-aate qabiyyeen isaa maal akka ta'e ibsi?***
- ***Walaloo kana keessatti waa-yeen sabaa fi sab-lammootaa haala kamiin ibsame?***

**Falmii Barattootaa**

Barattoonni mana barnoota Adawaa Dil ji'oota sadi sadiin sagantaa falmii qabu. Falmitoonni ji'a kanaa barattoota kut-aa jahaffaa daree "A" "B" fi "C" ti. Mata dureen falmiif dhiyaatan "Haalawwan jaalala biyyaa cimsuuf barbaachisoo ta'an" kan jedhuu dha.

Barattoota daree "A" bakka bu'anii kan falman Bitsa'aatii fi Hayyaloom dha. Barattoonni kun lamaan mata dureen isaan falmiidhaaf filatan "Jaalala biyy-aa cimsuuf mirgi namoota dhuunfaa fi garee kabajamuu qaba" yaada jedhamu dha.

Mata duree kana keessatti qabxiilee akkamii falmii irratti yoo dhiyeessan mooyachuu akka danda'an yaada hiri-yoota daree isaanii waliin mari'achaa jiru.



Sample output to test PDF Combine only

Barattota Daree “B” bakka bu’anii kan falman immoo Obsee fi Abiloo jedhamu. Barattoonni kunneen lamaan mata dureen isaan falmiif qopheessan “Jaalala biyyaa cimsuuf hojmaanniloogummaa baduu qaba” kan jedhuu dha

Barattoonni daree isaaniillee qabxiilee falmii barattoonni kun dhiyeeffatan irratti hundaa’aniigorsa kanatti aanu kennaniifii jiru.

A) Biyya keessatti haalli murtiin haqummaa itti kennamu hojmaata loogummaatiin kan guutame yoo ta’e jaalalli lammiileen biyya isaa-niitiif qaban ni xinnaata
B) Dubartootaa fi warra dhiiraa gidduu carraan barumsaa fi hojii argachuun loogummaan kan hojjatamu taanaan jaalalli lammiileen biyya keenyaaf qaban ni hir’ata
C) Namni Kamiyyuu uumamaan walqixa waan ta’eef daa’imman, dubartoota akkasums jaarsootaaf eegumsii fi kunuunsi addaa god-hamuufii hin qabaatu.

Barattoota daree “C” bakka bu’anii kan falman Ababaayyehushii fi Ahimad dha.

Ababaayyehushii fi Ahimad qabxileen isaan falmiif dhiyeessan mata dureen isaa“seenaa naannoo fi biyyaa beekuun jaalala biyyaa akka cimsu godha” kan jedhu dha. Ababaayye-hushii fi Ahimad qabxiin falmii isaanii kan xiyyeeffate qabxiilee gurguddoo sadi irratti.

1. Miirri jaalala biyyaa seenaa maatii qo’achuu fi haalan beekuu irraa eegaluun guddata.
2. Naannoo keenyatti iddoowwan adda addaa kan akka hambaalee, seenaa fi aadaa sabaa fi sablammootaatiif ilaalcha addaa yoo kennine miirri jaalala biyyaaf qabnu ni daraara.
3. Seenaa boonsaa biyya keenyaa irratti beekumsa gahaa ta’e yoo qabaannemiirri jaalala biyyaaf qabnu bu’uura gaarii akka qabaatu ta’a.

**Gilgaala 1**
**Bu’ura barreeffamaatiin gaaffilee armaan gadiitiif deebii kennaa**

1. Bitsa’aatii fi Hayyaaloom falmii ture mo’achuu akka danda’an mata duree isaanii jalatti qabxiilee akkamii dhiyeessuu akka qabaatan gorsa kennituuf?
2. Hiriyoonni Obsee fi Abiloo qabxiilee falmiif ta’an jechuun qubee A-C tti kenn-aniif irratti walii galtuu? Irratti mari’-adhaa.
3. Ababaayyehushii fi Ahimad qa bxilee tokkoo tokkoon isaanii kaasuu qabaatan ilaalchisee hiriyoota daree keetii waliin gareen irratti mari’adhaatii gabaasa barreffamaan qopheessuun barsiisaa kees-saniif dhiyeessaa?



Sample output to test PDF Combine only

Miirri jaalala biyyaa kan cimu lammiin tokkoon tokkoon isaa mirgi dhuunfaa fi garee loogummaa irra walab ta'e yoo kabajameef dha. Mirgi sabaa fi sable-mmootaa yoo kabajame, olaant-umma-an seeraa yoo mirkanaa'e, jabaatanii barachuu fi hojjachuun aadaa lammii hundaa yoo ta'e, miirri jaalala biyyaa ni guddata. Haa ta'u malee, mirgi lamm-iileeyoo hin kabajamin, lafa biyyattii (lafa, tulluuwwan, laggeenii fi biq-iltoota) kophaatti jaalachuun qofti mat-aa isaatiin gatii hin qabu. Hawaasni hojimaatni loogummaa itti daraare keessa jiraatu miira jaalala biyyaa osoo hin ta'in miira dukka-naa'aa ta'e qabaata.

Biyya balaa kamirraayyuu ittisuu fi, mataa ofiillee wantoota miidhaa biyya irra geessisuu danda'an irraa eeguun, mallattoo lammii biyya ofii jaalatuu ti.

**Gilgaala - 2**

**Barreeffama armaan olitti dhiyaate ka'umsa godhac-huudhaan gaaffilee armaan gadii hiriyoota keessan waliin irratti mari'adhaa**.

1. Teessuma lafaa qofa dinqis-iifachuun jaajala biyyaaf qabnu mul'isuu hin danda'u kan jedhame maaliif?
2. Hawaasa loogummaan keess-atti hin mul'anne kee-ssatti, bu'aan wal jaalachuu fi wal kabajuu maal ta'uu danda'a?
3. Isin biyya keessan jaalachuu keessan maal gochuudhaan mul'istu?

## 5.2 Gocha Miidhaa Qabuu Fi Isa Badaa Ta'e

### 5.2.1. Qabeenyaa Tajaajila Waleetiif Kun uunsa Gochuu Dhiisuu

- ***Qabeenyaa tajaajila walee kan-neen jedhaman kam fa'i?***

**Gocha fakkeenya gaarii ta'u**

*Manni barnootaa <<Iwqat Faanaa>> gumii beekamaa "jaalala biyyaa" jedh-uun moggaafame qaba. Gumiin jaalala biyyaa jedhamu kun miseensoonni isaa barsiisootaa fi baratota dha. Mis-eensonni gumii kanaa yeroo hunda sochii fakkeenya gaarii ta'e godhaniin, dhabbata beekamaa addunyaaleessaa "UNICEF jedhamu irraa badhaasa ad-daa argachuu danda'aniiru. Yeroo dhiyoo kana dallaa mana barnootaa isaanii keessatti egzibiis-hiniin isaan qopheessan daawwattoota hedduun dinqisiifamee jira.*

*Qophiin daawwannaa (egzibiishinii) kun kan dhiyaate ayyaana waggaa ma-na barnootaa irratti waan ta'eef maa-tiin barattootaa hedduun argamanii turan. Qophiin dhiyate kun kutaa saditti kan qoodamee dha. Qabiyyeen qophii kanaa akka armaan gaditti dhiyaatee jira.*

*Agarsiifni qophii kutaa jalqabaa kan dhiyaate mana kitaabaa mana barnoo-tichaa keessatti dha. Gara mana kitaa-baa yeroo seenamu fakkiiwwan kitaa-bbilee adda addaa keessaa tatarsa'-asanii fudhatamuu isaanii agaersiisu ni*



Sample output to test PDF Combine only

*mul'ata. Dhaaba mana kitaabaa irratti barreeffamni "dhaloonni nu gaa-fata" jedhu barreeffameera.*



***Fakkii 5.1 Kitaabilee babbaqaqanii fi manca'an***

Agarsiisa kutaa lammaffaa keessatti immoo eegumsa dhabuu irraa kan ka'e meeshaalee caccaban kan akka tee-ssoo, gabatee gurraacha, minjaalotaa fi meeshaaleen mana yaalii walitti qabamaniiru. Dhaaba kutaa kanaa irratti <<Meeshaaleef of eeggannoo gochuu dhabuun nu jalaa caccaban>> jedhu ni jira.



***Fakkii 5.2 Teessumaa fi minjaalota caccaban***

Agarsiisa kutaa sadaffaa keessatti yaadannoo fi kitaabbilee barattootaan biinxaman, kobbee ykn qalama manca'ee fi qubeessawwan xixiqqoon walitti qabamanii mul'atu. Dhaaba daree.

kanaa irratti barreeffamni "kana kee-ssaa kan kee isa kam?" jedhu barr-eeffameera




.

***Fakkii 5.3 Qalamootaa fi qubeessaa bulga'ee fi cacca be***

Qophiin xumuramee keessumoonni kutaalee keessaa yeroo bahan, bara-ttoota balbala irra dhaabbatanii kee-ssumeessaniin kaardiin xixinnoon ni qoodamaaf. Yaadni kaardiilee kana irr-atti barreeffame"Nuti takkaa dantaa dhabummaan nu irratti murteeffam-eera. Kitaabbilee fi meeshaalee baru-msaa hafaniif kunuunsi akka god-hamu amaanaa dhaammanneerra." jedha.



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala –3**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**.

1. Agarsiisni armaan olitti miseensota "gumii jaalala biyyaa"tiin dhiyaate miira akkamii isin keessatti uumee jira?
2. Isin hoo meeshaalee walee mana barnoota keessanii akkamitti kunuunsitanii qab0du?

Mana barnootaa keessatti meeshaaleen tajaajila waleetiif oolan adeemsa baruu fi barsiisuutiif murteessaa dha. Biyyi keenya qabeenya muraasa qabdu irraa meeshaalee tajaajila waleef oolan manneen barnootaat iif akka guutaman godhaa jirti. Barattoonnis meeshaalee kana of eeggannoon qabuu qaban. Teessoon of eegannoon qabamuu dhabuu irraa kan ka'e yoo cabe kan miidhamu barataa dha.Dareen barattoonni keessatti baratan keessi isaa yoo bubuqqa'e miidhamuu fayyaaf kan saaxilamu barataa fi barsiisaa dha.

Meeshaalee barumsaa dhuunfaa fi waleen itti tajajilamnu of eegannoon qabuu dhabuun kan miidhu matuma keenya, maatii fi biyya dha.Kana waan ta'eef lammiin kamiyyuu mees-haalee kana of eegannoon qabuuf itti gaafatamummaa qaba.

### Hojii Garee

1. *Meeshaalee tajaajila walee mana barnoota keessanii tarreessuun, meeshaaleen kunneen miidhaan akka irra hin geenye, akkamitti akka qabamuu qaban gareenirrattimari'adhaatii gabaasa barreeff -amaan barsiisaa keessaniif dhiyeessa.*

## 5.2.2 Balfaa Iddoo Adda Addatti Gat-uu, Mana Fincaaniitti Seeraan Fayyadamuu Dhabuu

- ***Mana fincaaniitti sirnaan fayyadamuu dhabuu fi balfaa bakka adda addaatti gatuun rakkoo attamii fiduu danda'a?***

### Iskaawutoota ganda qulqulluu

Dargagoonni ganda qulqulluu walgahanii garee Iskaawitii hundeessaniiru. Gareen Iskaawutii kun miseensoota kudha lama kan qabu yoo ta'u hojiin ijoo isaanii qulqullina naannoo isaanii eeguu dha. Miseensoota kanaaf, uffata danbii qopheessee kan kenneef waajjira ganda isaanii ti. Dargaggoonni kunneen ganda jireenya isaanii keessatti sagantaa mataa isaanii qopheeffatanii ganda keessa naanna'uun ni qulqulleessuu. Haala qulqullinaa ni to'atu. Boolli bishaan keessa yaa'u akka hin cufamne, dirreen isaan itti taphatan akka hin xuroofne qabatamaan hirmaachaa to'annaa geggeessu. Jiraataan naannoo sanaa balfa iddoo argetti akka



Sample output to test PDF Combine only

hin ganne barumsa kennu; barreeffamaa fi poostaroota adda addaa maxxansuun hawaasa ni kakaasu. Miseensoonni iskaawutii kun fakkeenya gaarii ta'uudhaan hojjatanii hawaasas hojjachiisu. Barreeffama naannoo isaaniitti maxxansan keessaa:-

"Balfi abbuma xureessa"
"Anii fi balfi wal hin agarru"
"Naannoo kiyya qulqullinaan haa beekkamtu"
"Manni fincaanii kiyya qulqulluudha".
"Ani naannoo kiyyatti dantaa dhabummaan beekamu hin qabu" kan jedhaman fa'atu keessatti argama.

Naannoo iskwutoonni jiraatan keessatti namoonni balfa iddoo arganitti gatan yookiin karaa irratti harcaasan hin mul'atan. Namoota mana fincaanii tajaajila waleetiif oolu karaa danta dhabummaan itti fayyadamanii fi fayy-aa hawaasaa balaa irra buusaniif akkasumas namoota gocha yaraa raawwatan, namoota naannoo irraa filatamaniin adabbiin irratti murtaa'a.

Namoonni kamiyyuu hojiiwwan miseensota Iskaawutiitiin hojjataman ceephanii fi hojiin akka hin hojjatamne dura dhaabbatanii gufuu ta'an, namoota filatamaniin ni adabamu. Haaluma kanaan bakkeewwan kanaan dura balfi itti gatamaa turan yeroo ammaa bakka biqiltuuwwan itti oomishaman ta'anii jiru.Meeshaan balfi itti haramuu fi manni fincaaniis qulqullinni isaanii eegamuu danda'ee jira. Fakkeenya gaarii dargaggoonni raawwatan kana irraa ka'uudhaan gandichi maqaa "qulqulluu" jedhuun moggaafamee jira.

**Gilgaala 4**
**Haala barreeffamaatiin gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Gochi Iskaawutoonni ganda qulqulluu, barumsa akkamii akka isinii dabarse hiriyoota keessaniif ibsaa.
2. Haalli qulqullina naannoo keessanii maal fakkaata?
3. Naannoo keessan keessa dargaggoonni akka iskaawutoota ganda qulqulluu kanatti fakkeenya gaarii ta'an jiruu?



*Fakkii 5.4 Balfaan haalaan yoo gatamuu baate fayyaa irratti rakkoo fida.*



Sample output to test PDF Combine only




*Fakkii 5.5 Manni fincaanii waliin fayyadaman qulqullini isaa egamuu qaba*

- ***Fakkiiwwan kana irraa maal barattuu?***
- ***Naannoo keessanitti rakkoon akkanaa ni mul'ataa?***

Balfa iddoo argametti gatuu fi harcaasuun fayyaa irratti miidhaa guddaa geessisa.

Naannoon keessanitti iddoon balfi itti gatamu qulqullinaan yoo qabamuu baate tisiisni balfa irraa ka'u fayyaa jiraattota naannoo irratti rakkoo fida. Sareen talaallii hin argatin, waraabessii fi bineesoonni adda addaa naannawa balfaa kanaa waan hin dhabamneef miidhaa olaanaa ta'e fiduu ni danda'u. Mana fincaanii of eeggannoodhan qabuu dhabuu irraa kan ka'e jiraattoonni naannoo dhukubaalee daddarbaan miidhamuu ni danda'u. Gochawwan akka kanaa of eeggannaa gochuu dhiisuun raawwatan akka sirraa'an dargaggoonni hojii qabatamaa ta'e hojjechuu danda'u.

**Gilgaala – 5**

**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Rakkolee naannoon xuraa'uu fi manni fincaanii haalaan qabamuu dhabuun kan ka'e uumamuu danda'an irratti gareen mari'adhaa.
2. Dhimmoota naannoo keessanitti dantaa dhabummaan raawwatan irratti gareen mari'adhaa.
3. Barreeffama gabaabaa tokko mata duree "Naannoo kiyya qulqullinaan eeguun gahee koo ti" jedhuun qopheessaa.

## 5.3 Amaloota Gaarii

### 5.3.1 Gocha Badaa Kamiyyuu Mormuu

"Jaannataa fi azaabni jiraatus jiraachuus baatu, Hammeenya irra gaarummaa wayya" (Jechama ummataa)

- ***Jchama ummataa kun amala gaarii akka jabeeffannu barumsa akkamii nuu kenna?***

**Saree Amanamaa**

Qotee bulaan tokko saree baayyee jaallatu qaba ture. Sareen kun amanamaa fi amala isaatiin kan galatoofamee dha. Sareen kun mana gooftaa isaa dammaqinaan eegaa ture. Binensotiin biroo dallawaa fi horii isaa akka itti hin uggaamne dammaqinaan irraa ittisaa ture. Sababa saree kanaatiin



Sample output to test PDF Combine only

hattuun mana qotee bulaa kanaa itti uggamuu hin dandeenye. Qotee bulaan kun yeroo tokko waan rakkateef namicha dureessa tokko irraa saree kana qabsiisee qarshii liqeeffate. Qarshiin liqeeffate xumuramee hanga kaffalamutti saricha abbaa qarshii irraa liqeeffateef dabarsee kenneera. Sareen kun rakkoo gooftaa isaa hubatee haaluma kanaan dura mana goftaa isaa eegaa tureen manaa fi qabeenya gooftaan isaa qarshii irraa liqeeffatee dammaqinaa fi amantummaan hattoota irraa ittisuun tajaajiluu jalqabeera. Guyyaa tokko ilmi namticha maallaqa liqeessee dhibamee siree irra ciisaa jiruu bofti guddaan tokko mana irra looyaa dhufe. Saree kun sochii bofti gochaa jiru kana hordofaa waan tureef saffisaan qabee cicciree ajjeessuun daa'imni kun bofaan akka hin nyaatamne godheera.

Gooftaan lammaffaan saree kanaa gocha gaarii saree kanaan raawwatameen waan gammadeef, saricha gara goftaa isaa duraatti deebisuuf murteesseera. Haaluma kanaan morma saree kanaa irratti xalayaa galataa rarraasee gara goftaa isa duraatti akka deebi'u eebbisee geggeesse. Yaa ta'u malee,namni armaan dura sareen kun hattummaan saaxilee fi goftaa saree kanaa hin jaalanne tokko saree fi goftaa saree wal-lolchiisee saree kana irra miidhaan akka gahu toftaa tokko umee. Namichi kun dursee gara mana goftaa sarichaa deemuudhaan, sareen kun goftaa isa lammaffaaf akka ajajamuu didee fi namtichis saricha gara isaatti deebisuuf akka yaadaa jiru soba qindeessee itti hime. Goftaan saree inni duraa gocha saree kanaatti gadduudhaan maallaqa liqeeffate deebisuuf qabatee gara namicha maallaqa irraa liqeeffatee deemaa osoo jiruu, sareen kun immoo gara goftaa isaa kan duriitti dhufaa osoo jiruu karaa irratti walitti dhufan. Sarichis goftaa isaa yeroo argu haaluma kanaan duraatiin jaalala qabuuf ibsuufii eegale. Haa ta'u malee goftaan sarichaa badii sarichi namticha mallaqaa irraa liqeeffatee irratti raaw-wate jechuun itti himame irraa kan ka'e sarichi badee gara mana goftaa durii galaa kan jiru waan itti fakkaateef ulee qabatee deemuun altokko yoo rukutu sarichi battaalumatti du'e. Qotee bulichi dhaabbatee gaddee reeffa sarichaa osoo ilaaluu xalayaa morma sarichaa irratti hidhame arge. Xalayaa kana saaqee yoo dubbisu, gocha gaarii sareen kun raawatee kan ibsuu fi xalayaa galataaf barreffame ta'uu isaa hubate. Gocha gaarii sareen kun qabuun dureessi liqaa qotee bulaaf liqeessee ture kan dhiiseef ta'uu kan ibsu ture. Goftaan sarichaas xalayaa ilaalee icciticha erga beekeen booda mararfatee boo'uudhaan gochi raawwate kun garaa isa nyaatee gadduu eegale.

(madda Kabbadaa Mikaa'eel hiibboo fi Mammaaksa, Kitaaba lammaffa maxxensaa 6ffaa bara 1994)



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala - 6**

**Seenaa armaan olitti ibsame bu'uura gochuun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Gaarummaan amala saree haala kamiin ibsame?
2. Sarichi loogii tokko malee mana goftaa isaatii fi mana nama goftaa isaatii maalla liqeesseef walqixxu-mmaan tajaajilaa ture. Gocha kana irraa maal baratte?
3. Sarichi du'uu kan danda'e sababa maaliin ture?
4. Sareen haala kanaan hattuu saaxiluu fi gocha gaarummaa qabu yoo agarsiisu, isin irraa amala akkamiitu eegama jettanii yaaddu?

Amalli gaariin namummaa nama tokkoo jaalatamaa taasisa. Amalli gaariin duursa irratti abbaa fayyada. Namni amala gaariin yeroo hundaa galatoonfamu gammachuu argata. Nama dhukkubsate gaafachuun, nama rakkate gargaaruun, nama abdii kutate jajjabeessuun, namoota hangafaa fi quxisuu ta'aniif kabajaa sirrii ta'e kennuun, fedhii keenyaan qofa kan raawwatan osoo hin ta'in, dirqama namummaa keenyaas dha. Amalli gaariin nurratti mul'atu namoota birootiif faayidaa kan qabu ta'ee argama.Amalli gaariin miseensoota maatii, ollaa, naannoo, hiriyaa mana barnootaa, hawaasa naannoo biratti namni gaariin kan ittiin beekamu dha. Namoonni amala gaarii hin qabne fudha tamni hawaasa keessatti qaban baayyee gadaanaa dha.

Gochaalee namoota biroo miidhuu danda'anii fi hojimaata loogummaa qaban ciminaan mormuun, gocha amala gaarummaa isa biroo ti. Fakkeenyaaf, namni naannoo keenyatti hanna irratti bobba'e jiraachuu isaa osoo beenknuu maaltu na galche jennee yoo bira dabarra ta'e nullee badii raawwatamaa jiruuf deggarsa keennuu keenya akka ta'e hubachuu qabna.

Nama tokko hattuun miidhaa irraan gahaa jiraachuu osuma agarruu kan bira dabarru taanaan gama biraatiin nu illee rakkoon wal fakkaatu osoo nu qunnamee gargaarsa nama biraa haala kamiin gaafachuu dandeenya?

**Gilgaala- 7**

1. Gabateeewwan armaan gadii yaadannoo keessan irratti gara galchuun, amaloota jajjabeeffamuu qaban jettanii fi gochaalee mormuu qaban adda baasuun agarsiisaa.




Sample output to test PDF Combine only


| Amala gaarummaa jajjabeeffamuu qabu | Gocha badaa mormamuu qabu |
|---|---|
| - Mana keessatti<br>1.Fkn.Angafaaf ajejamuu<br>2.<br>3.<br><br>- Mana barnootaa keessatti<br>1.Fkn.. Yeroo kabajanii barumsa irratti argamuu<br>2.<br>3.<br><br>Naannoo kootti<br>1. Fkn.Gocha fakkeenya gaarii ta'e raawachuu<br>2. | - Mana barnootaa keessatti<br>1. Fkn.Namoota meeshaalee tajaajila walee balleessan kallatiin saaxiluu dhabuu<br>2.<br>3.<br>- Naannoo keessatti<br>1. Namoota qulqullina naannoo irratti rakkoo uuman ifaan mormuu dhabuu<br>2.<br>3.<br><br>- Mana keessatti<br>1.Sobaan miseensota maatii walitti buusuu<br>2. |

## 5.4. Hiyyummaa Dhabamsiisuu

### 5.4.1. Imaammataa Fi Tarsiimoo Misoomaa Hiyyummaa Balleessuuf Barbaachisan







*Fakkii 5.6 Jabaatanii hojjechuun hiyyummaa dhabamsiisuun ni danda'ama.*

- ***Fakkii tokko kan birootiin wal-bira qabuun, ergaa maalii akka dabarsan hiriyoota keessan wal-iin irratti mari'adhaa?***

#### Ijoollee Ganda Iffooyitaa

Wanti Daamxee, Bongar, Radaa'ii fi Saaguree akka beekaman godhe amala godhee isaan qaban ture .Dargaggoonni kun hundi, ni hatu, ni mach-aa'u, araada adda addaaf kan saaxi-laman turan. Amala badaa ijoolleen kun



Sample output to test PDF Combine only

qabaniin maatii fi namoonni naannoo bayyee gaddaniiru. Yeroo hundaa poolisiin qabamanii waan hidha-maniif, yoo qe'ee irraa dhabaman, Damxeen faan eessa dhaqan yoo jedhamu "Komboloojoo" galanii jiru jedhamaa ture. Komboloojoo kan jed-han mana hidhaan dha. Umrii isaanii walakkaa isaa bifa kanaan erga jiraa-tanii booda, dargaggeessa fakkeenya garii ta'ee fi naannoo Birbirsoo jedh-amu keessa jiraatuun jireenyi isaanii jijjiirame.

Tattaaffii cimaa Birbirsoon godhaeen dargagoonni arfanuu araada adda addaa irraa walaba ta'aniiru. Keess-attuu haala imaammata misoomaa fi tarsiimoo mootummaan dagaggoonni fayyadamoo akka ta'an baaseen karaa waajjira ganda isaaniitiin konkolaataa dhiquu akka eegalan haalli mijaa'eefii jira. Daamxee, Bongar, Radaa'ii fi fi Saagureen amanamummaa fi damma-qinaan konkolaataa dhiquu waan eeg-alaniif maamm iltoota isaanii biratti yeroo gabaabaa keessatti jaalatamoo ta'aanii jiru. Hojiin isaanii bu'aa qab-eessa waan ta'eef qabeenya guddaa kuufachuus danda'aniiru.

Dargagoota kan biroo hawaasa naan-noo rakkisaa turanis hojii kenn-aniifii jireenyi isaanii jijjiramuu dan-da'ee jira. Kana irra darbaniis ijo-ollee karaa irra jiraatan kan lakkoofsi isaanii kudhan ta'an jereenya karaa irraa baasanii uffata bitaniifii nyaataa fi kaffaltii mana barnootaatiif baajata ramadaniifii barsiisaa jiru. Maqaan dhaabbanni hiriyoonni afran kunniin hundeessan inni duraan ittiin beekamu jijjiiramee moggaasni "Iffoy-taa" jedh-amu kennameef. (Bara 1999 Telev-izyinii Itoophiyaatiin irra deddeebi'ee kan dhiyaate irraa fooyya'ee kan fudhatame)

**Gilgaala- 8**
**Seenaa armaan olitti dhiyaate ka'umsa gochuun gaafilee armaan gadii deebisaa**.

1. Haala jijjiirama jireenya Daam-xee fi hiriyoota isaa booda, bu'aaleen gaariin argaman maal dha.?
2. Dargaggoota jireenyi isaanii badaa ta'e haala jireenya isa-anii jijjiiruuf maaltu god-hamuu qaba?
3. Hiyyummaay eroo dhumaaf biyya keenya keessaa ballee-ssuuf fayyidaalee imaamma-nnii fi tarsiimoon dinagdee mi-soomaa qabu maal akka ta'e gareen irratti mari'adhaa.

Biyyi keenya abbaa qabeenya uuma-maa fi hambaalee seenaa hedduu ti. Hambaaleen seenaa fi uumama boon-saa ta'an jiraatanillee karaa biraatiin immoo rakkolee baayyee qabdi. Qabe-enya uumamaa qabaannullee humna namaa hojiidhaaf kaka'umsa qabuu fi dandeettii kalaquu qabu uumuun waan hin danda'amneef biyyi teenya addunyaatti hiyyummaadhaan kan beekamtu taatee jirti. Hiyyummaan jibbisiisaan kun biyyaa fi lammilee



Sample output to test PDF Combine only

qaaneessaa tureera. Baroota dheeraaf hiyyummaa nu waliin ture kana itti qabsaa'anii mo'achuudhaaf mootummaan imaammataa fi tarisiimoo misoomaa bu'a qabeessa ta'e diriirseera.

Imaamannii fi tarsiimoon misoomaa kun galma akka gahuu danda'u lammiin tokkoon tokkoon isaa cimee barachuu fi hojjachuun biyya isaa misoomsuuf itti gaafatamummaa qaba. Itti gaafatamummaa idilee qabu bahuu qofa osoo hin ta'in tajaajila tolaan kennamu keessattis hirmaachuun toftaa hiyyumaan ittiin dhabamsiifamu keessa isa tokkodha. Dhimmi kun- "Dhimma mootummaa ti "jechuu manna, dhimmi kun anallee na ilaallata jedhanii hirmaachuun bu'a qabeessummaa imaammataa fi tarsiimoo misoomaa mootummaan baase cimsa.

**Gilgaala-9**
**Gaaffilee armaan gadiitiif deebii kennaa**

1. Sadarkaa maatii, naannoo, fi biyy-aatti wantoota mallattoo hiyyummaa ta'an irratti gareen mari'adhaa
2. Hiyyummaa dhabamsiisuuf lammiilee irraa maaltu eegama?

### 5.4.2 Tajaajila Tolaa Manaa Fi Mana Barnootaa Keessatti Kennuu






*Fakkii 5.7 Tajaajila fedhii irratti hundaa'e kennuun dirqama lammummaa ti.*

- ***Fakkiiwwan kunniin erga maalii dabarsuu?***

Mana, naannoo keenyaa fi mana barnoota keessatti gochaaleen tajaajila tolaa hedduutu jiru.Gabatee armaan gadii keessatti muraasa isaanii dhiye-essuuf yaalaameera.



Sample output to test PDF Combine only

| ***Mana kessatti*** | ***Naannootti*** | ***Mana barnoota keessatti*** |
|---|---|---|
| 1. Ajaja maatii eeguu qofa osoo hin ta'in dursanii karooraqop heeffachuun, Itti gaafatamummaa dhuunfaa fi garee bahuu.<br>2. Mana jireenyaa fi dallawaa isaa qulqullinaan eeguu fi fedha ofitiinmidhag-aina isaa eeg-uu | 1. Namoota gargaaraa hin qabne, humna dhabeeyyii fi jaarsolee kunuunsuu<br>2. Hiriyoota qe'ee waliin qulqullina naannoo eeguu Namoota ollaa fi firootaaf amma danda'ameen tajaajila kennuu | 1. Mana barumsaa keenya keessatti miseensota gumii siiviksii ta'anii tajaajila kennuu<br>2.Qulqullina mana barmusa keenyaa fi midhaagina isaa eeguu<br>3. Barattoota gara amala godhee deemaa jiran gorsuun jijjirama amalaa akka fidan deggaruu |

**Gilgaala- 10**

1. Naannoo fi mana barnootaa kee keessatti hojiiwwan taj-aajila tolaa dhuunfaan yoo kennitan na gamm-achiisa jettan tarreesssaa.
2. Ilma namaatiif tajaajila tolaa kennuun namoota seenaa isaaniin beekamoo ta'an keessaa isa tokko filachuun waayee nama sanaa nam-oota gaafachuun yook-iin kitaaba dubbisuun hiriy-oota keessaniif ibsaafii

## 5.5 Lammummaa

### 5.5.1 Karaa Lammummaan Ittiin Argamu

- ***Lammummaa jechuun maal jec-huu dha? Kanaan dura barumsa barattan yaadachuun hiriyo-ota keessanitti himaa.***

Lammummaan karaa dhalootaa yook-iin seeraan kan argamu jedhamee iddoo lamatti qoodama. Namni tokko abbaa fi haati isaa yookiin lamaan isaanii keessaa inni tokko Itoophiy-ummaa qabaachuu isaatiin /ishiitiin (lammii Itoophiyaa irraa dhalachuu isaatiin) qofa mirgi lammummaa ni eegamaaf. Maatiin isaa/ishee /biyya alaa kan jiraatan ta'us mirga lamm-ummaa argachuu wanti isa dhoowwu hin jiru. Karaan lammummaan ittiin



Sample output to test PDF Combine only

argamu lamaffaan, lammummaa seeraan argamu jechuun beekama. Namni lammummaa biyya alaa qabu tokko fedha isaatiin lammummaan Itoophiyaa akka kennamuuf mootummaaf gaafii yoo dhiyeessee fi seerri biyyattii wanti gaafatu guutuun isaa yoo mirkanaa'e mirga lammummaa argachuu ni danda'a.

**Gilgaala- 11**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Akka heera Itoophiyaatti karaa lammummaan ittin argamu meeqa?
2. Mirgi Lammummaan dhalootaan argamu mirga lammummaa seeraan arga-mu irra wanti adda baasuu maal dha?
3. Namni lammii Itoophiyaa irraa dhalate tokko, Itoophiyaa keessa jiraataa lammummaa Itoophiyaa hin barbaadu jechuu ni danda'aa?

## 5.6 Alaabaa Biyyooleessaa

### 5.6.1 Alaabaa Fi Hiika Faajii Biyyooleessaa




*Fakkii 5.8 Alaabaa Biyyoolessaa Itoophiyaa*

- ***Faajiin biyyooleessa alaabaa keenyaa irra jru ergaa maalii dabarsa?***

**Alaabaan kun,**

Gammachuu waliin jireenyaa, oduu injifannoo
Yaa boonsituu biyyaa, walabummaa ummataa
Alaabaan tun yoomiyyuu haa jiraattu
Yeroo hunda haarawaa moofoftee hin beektu
Abdii laliiftuudhaa abaaboo fi firii
Jaalala wareegama miidhaaginaibsituu
Gammachuu irraa kan ka'e eenyutu hin boonye
Walabummaa biyyaatiin eenyutu hin boonne
Alaabaan teenyalleen argatte kabjaa
Gammacuun keenyallee garmalee cimeera.

(***Madda:-I Taaddala Gadilee Tsag-gaayee, Tiniqniq 1993***)

**Gigaala- 12**
**Bu'uuruma walalootiin gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Ergaan walalichi dabarsuu bar-abaade maal dha?
2. Walaloo kana keessatti hiikni bifoota alaabaa teenyaa akkamitti ibsame?
3. Yeroo alaaban keenya injifannoon haaga'u miirri dawwattootaa maal fakkaata? Miirri kun akkamitti ibsame?



Sample output to test PDF Combine only

Alaabaan biyyoleessa Itoophiyaa jalqaba magaariisa, gara jidduutiin keelloo, gara gadiitiin diimaa ta'ee walakkaa isaatti immoo faajii biyyooleessaa akka qabaatu heera mootummaa keewwata 3 irratti tarreeffamee kaa'ameera. Halluun sadeenuu wal qixa ta'anii kaa'amu. Halluun sadeen alabaa keenyaa hiika mataa isaanii qabu. Haala kanaan:-

Magariisni badhadhinaa fi lalisa yoo bakka bu'u keelloon immoo abdii fi hawwii bara dheeraa agarsiisa. Halluun diimaan immoo gootummaa fi wareegama bakka bu'a. Walakkaa alaabichaatti faajiin biyyooleessaa sararoota walqixa ta'anii boca urgii qabaniin qophaa'ee jira. Qaanqeen urjii irraa facaatu ifaan mul'ata. Urjichi kan bocame halluu warqee qabuun yoo ta'u gitni cuquliisaa sabni, sablamoonnii fi ummattoonnii fi amantiiwwan adda addaa Itoophiyaa, walqixummaa fi tokkummaan waliin jiraachuuf abdii qaban agarsiisa.

**Gilgaala- 13**

**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Halluu guutuu alaabaa fi faajiin Itoophiyaa qaban ibsaa.
2. Hiika halluu alaabaa Itoophiyaa tokko tokkoon ibsaa?
3. Hiika faajiin biyyooleessaa qabu gabaabinaan ibsaa.



Sample output to test PDF Combine only

## Xumura Boqonnaa

Jaalala biyyaa cimsuuf wantoota barbaachisaan keessaa maalummaa mirga dhuunfaa fi garee, hojmaatni loogummaa akka hin jiraanne dhunfaan gumaacha gochuun barbaachisaa ta'uu isaa, seenaa naannoo fi biyya ofii cimsanii beekuun barbaachisaa ta'uu isaa hubattee jirta. Gocha farrummaa fi miidhaa qaban irratti qabsaa'uun jaalala biyyaa cimsuun ni danda'ama. Keessattuu meeshaalee waliin itti fayyadamanuuf of eegannoo gochuun tokkoo tokkoon lammii irraa kan eegamu dha. Haalli namummaa keenya ittiin ibsinu keessa inni tokko amala gaarii qabaachuun gocha fakkeenya gaarii ta'u raawwachuu dha. Wantoota adda addaa miira quuqama hin qabnee fi maaltu nagalche jechuun bira yoo dabarre naanna'ee naanna'ee miidhaan isaa numa irratti deebi'ee calaqqisuu ni danda'a.

Biyyi keenya hiyyummaa keessaa akka baatu tokkoo tokkoon lammii gahee mataa isaa qaba. Imaammataa fi tarsiimoo misoomaa mootummaan baase raawwachiisuu irratti lammiileen hundi hanga humna isaanii gumaacha gochuu qabu. Mana jireenyaa keenya, naannoo fi mana barnootaa keenya irraa eegalee, hawaasa tolaan tajaajiluun dirqama lammummaa ti. Lammummaa dhalootaanis ta'e seeraan argamuun dirqama nurraa eegamu raawwachuudhaan gahee dhuunfaa fi garee bahuun dirqama lammii hundaa ti.

Alaabaa biyyooleessaa fi faaruu biyyooleessaatiif kabaja kennuun barbaachisaa waan ta'eef lammiin kamiyyuu kana raawachuutu irraa eegama.



Sample output to test PDF Combine only

# JECHOOTA IJOO

**Ardii**- Uumama lafaa (FknTulluu, sulula, laga, dirree wkf.)

**Loogii** – Gocha karaa maleen nama fayyaduuf raawwatamu.

**Mallattoolee seenaa-** Ragaalee dhaabbataa seenaa fi aadaa ummata biyya tokkoo ibsan dha.

**Malaammaltummaa** – Gocha nama biroo ykn mataa ofii fayyaduuf seeraan ala raawwatamu

**Walaloo ummataa-** Walaloowwan ummataa dhaloota irraa gara dhaloota itti aanutti darbanii fi barreessaan isaanii hin beekamne.

**Imaammataa fiTarsiimoo** – Seera, dambii fi qajeelfama mootummaan baasu

**Sona** – Hawaasni tokko gaarii dha jedhee kan qabatee jiru.

**Isaakwutii** –Dargaggeessa fedhaan naannoo fi hawaasa isaa tajajiluuf waadaa galee fi tolaan tajaajila kennaa jiru

**Daawwannaa-** Hambaalee seenaa, meeshaalee gurgurtaa ykn hojii kalaqaa ifatti ummataaf bifa agarsiisaan (egzibiishiniin) dhiyaatu

**Milkaa'aa** – Nama gochaan ykn hojiin bu'a qabeessa ta'e

**Namummaa** –Amala ilmi namaa uumama kan biroo irraa adda isa taasisu



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee keessa deebii

**I. Gaaffilee armaan gadii sirrii yoo ta'an 'dhugaa' sirrii yoo hin ta'in 'soba' jechuundeebisaa.**

1. Barmaatilee boodatti hafoo fi yeroon itti darban farra guddinaa ti.
2. Iccitii eeguun amala nama cimina qabuu ti.
3. Gochaalee tajaajila tolaaf qajeelfama kennuu kan qabu mootummaa qofa dha.
4. Imaammataa fi tarsiimoon misoomaa mootummaan baasu raawachuu kan qabu waajjiraalee mootummaa keessatti qofa dha.

**II. "A" jalatti kan barreeffamaniifa "B" jala kan jiran keessaa filachuun firoomsaa**

| "A" | "B" |
|---|---|
| 1. Umrii malee heerumuu | A. Ilaalcha dimokraatawaa |
| 2. Mallattoo jaalala biyyaa | B. Dhimmoota Ciminaa fi of eegannoon qabaman |
| 3. Malaammaltummaa | C. Ardii qabaman |
| 4. Lammummaa | D. Mataa oftiif yookin faaydaa nama biraatiif jecha gocha seera dhabeessa ta'e raawwachuu |
| 5. Yaada sababaan osoo hin deeggaramin kennamu | |
| 6. Iccitii | E. Barmaatilee miidhaa qaban |
| 7. Loogii | F. Garaagarummaa uuma |
| | G. ummata kabajuu |
| | H. Biyya tokko keessatti lammí seera qabeessa ta'uu |
| | I. Gocha badaa |

**III. Gaaffilee armaan gadii iddoo duwwaa irratti jecha ykn gaalee sirrii ta'een guutaa.**

1. Mirgi dhalootaan yookiin seeran argamu ______ dha
2. Gochi nama biraa ykn biyya miidhuu danda'u _______________ jedhama.



Sample output to test PDF Combine only

**IV. Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta'e filachuun deebisaa**

1. Gochaaleen lammii biyya koo nan jaladha jedhu irraa eegaman
   A. Aadaa fi afaan hawaasaa kabajuu
   B. Kaka'umsa hojii qabaachuu
   C. Loogiin hojjechuu dhiisuu
   D. Hundi debí dha.
2. Hiyyummaa biyya keenyaaf sababa ta'uu kan danda'u
   A. Qabeenyaa uumamaa dhabuu
   B. Hanqina bishaanii
   C. Aadaa hojii cimsuu dhabuu
   D. Gargaarsi xiqqaachuu
3. Meeshaalee walee ta'an kunuunsnuu kan qabnu
   A. Seerri waan nu dirqisiiseef
   B. Miidhaan waan keenya ta'eef
   C. Qabeenyi biyyaa akka hin qisaasne
   D. Hunduu deebii dha.
4. Dantaa dhabummaa kan hin ibsine
   A. Balfaa iddoo adda addaatti gatuu
   B. Mana fincaanii seera malee itti fayyadamuu
   C. Qabeenya walee mana barnootaa seeraan itti fayyadamu.
   D. Deebiin hin kennamne
5. Tajaajila armaan gadii kessaa isa kamtu tajaajila tolaan kenamuu dha?
   A. Maatii fi barsiisootaaf ajejamuun dirqama ofii bahuu
   B. Yeroo barumsaatti haalaan fayyadamuu
   C. Jaarsolii fi humna dhabeeyyii kunuunsuu
   D. Heera mootummaa biyyattiitiif ajejamuu
6. Hattuu fi nama loogiin hojjetu saaxiluun
   A. Gahee poolisii qofaa dha.
   B. Qaama seeraa qofa kan ilaalu dha.
   C. Dirqama lammii kamiiyyuu ti.
   D. Hunduu deebii dha.

**V. Gaaffiilee armaan gadiif deebii gaggabaabaa kennaa**

1. Mirgaa fi dirqama lammii hunda irraa eegaman keessaa lamaan isaanii eeraa.
2. Gochoonni badaa fi miidhaa qaban dhiibbaa guddina dinagdee irratti geessisan ibsaa.



Sample output to test PDF Combine only


# BOQONNAA JAHA

# MIIRA ITTI GAAFATAMUMMAA

Kaayyoolee Boqonnichaa: Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- ***Lammiileen itti gaaf-atamummaaisaanii amanamummaa fi gahu***
- ***Lammiileen hundi qab-eenya uumamaa fi hambaalee seenaa biyya keenyaa Kunuunsuuf itti gaafatamummaa kan qaban ta'uu isaanii ni hubatta.***

## 6.1. Waadaa



***Fakkii 6.1. Dargaggoonni ogummaa fayy-aatiin eebbifaman waadaa yommuu galan***

- Dargaggoonni fakkii armaan olii ogeessa fayyaa ta'an maal goch-aa jiru ?
- Waadaa galuu jechuun maal jehuu dha?

**Goota Ammayyaa**

*Abarraa Dagguu, ogummaa mahaa-ndisiitiin eebbifamee hojii osoo hin eegaliin abbaan isaa akka isaatti goota akka ta'u ni gorsa ture. Abarraanis amantaa fi ilaalcha abbaa isaa yeroo hunda ni dinqisiifata."Biitti Haadha. Lammiin haadha isaa haqummaan hin tajaajille lammii miti." jedha. Abbaan Abbarraa goota diina biyya isaa irraa ittisuuf Xaaliyaanoota waliin lole dha. Abarraanis fedhii abbaa isaa guutuuf ogummaa isaa seeraan hojii irra olchee ummata tajaajiluuf of qopheesseera. Kabajaa fi beeksumsa guddaan kan eebbifame Abarraan to'ataa hojii daa-ndiiwwan ta'uun qaxarame.*

*Yeroo tokko qulqullina hojii daandii yoo to'atu hojiin hojjatame sadarkaa qul-qullina isaa kan hin eegnee fi mala-ammaltummaan keessatti kan gagg-eeffame ta'ee arge. Abarraanis dhaa-bbanni daandicha hojjechuuf walii-galtee raawwate daandicha diijee irra deebi'ee akka hojjetau murtii dabarse.*



Sample output to test PDF Combine only

*Haa ta'u malee hogganaan dhaabbatichaa daandii haala sadarkaa qulqullina isaa eeggateen hojjatuu dhiisuu isaatti osoo hin qaana'in obbo Abarraa sobuudhaan konkolaataa ammayyaa gatii guddaa baasuu fi haaraa ta'e Isaaf kennuudhaan murtii isaa jijjiirsisuuf qophaa'e. Haaluma kanaan waraqaa moodeelaa fi halluu konkolaatichaa ibsuu fi furtuu konkolaatichaa poostaa keessa kaa'ee guyyaa beellamaatti jechoota amansiisuu danda'an hedduu erga itti haasa'ee booda kenneef.*

*Obbo Abarraanis poostaa banee erga ilaalee booda hogganaa dhaabbatichaa taajjabbiin ilaalee "Ati garuu lammii Itoophiyaa ti?" jechuun gaafatee poostaa darbiseefii biraa deeme.*

*Hogganaa haafa'aan kunis kaayyoon isaa harkaa fashalaa'uu akkuma hubateen haaloo bahuuf of qopheessee obbo Abarraa eddoo dhokataa ta'etti yeroo filatee konkolaataa itti buusuun balaa irraan gahe. Ta'us garuu yakka kana eenyu akka hojjate hordoffii poolisiidhaan godhameen haala amansiisaa ta'een irra gahame. Obbo Abarraan yaala irra turee haala raawwatame hunda yennaa yaadatu waadaa abbaa isaatiif seene kabajuun isaa waan hunda caalaa gammachuu sammuu kenneef .Abbaan isaatis biyya isaa amanamaa ta'ee tajaajiluuf ijjannoo sirrii ta'e qabaatuu isaatiif ni galateeffatae. Abarraanis goota hattuutti qabsaa'u ta'uu isaa yeroo gabaabaa keessatti bal'inaan odeeffameef. Ogeeyyii yaalaa dirqama ogummaa isaanii seeraan bahaniin gargaaramee yeroo gabaabaa keessatti fayyee hojii isaa eegale. Gocha isaa kana irraa ka'uudhaan moggaasa "Goota Amma-yyaa" jedhuun waamamaa kabajaa fi jaalala hawaasaa gonfate.*

**Gilgaala- 1**

**Seenaa armaan olii bu'uura godhachuun gaafiwwan kennaman deebisi**

1. Gochi namicha Abarraa kennaan (badhaasaan) sobuu yaalee dhiibbaan guddinna irratti fidu maal dha?
2. Gootummaan maal dha? Maal fa'aan ibsama?
3. Sababni Abarraan "Goota hammayyaa" jedhameef maal dha?

Waadaa jechuun dhimma tokkoof amanamaa ta'uun dhugaa irratti hundaa'uudhaan ofiif ykn kanneen birootiif amanamaa ta'uu dha.

Waadaa seenuun dirqama hamilee fi itti gaafatamummaa guddaa gaafata.

Kanaafuu waadaa galuun dura waadaa galamu sana eegudhaaf humnaa fi dandeettii keenya beekuun barbaachisaa dha. Waadaan tasa seenamu



Sample output to test PDF Combine only

hojii irra waan hin oolleef wal amanuu dhabuu fida. Kabajaas dhabsiisa. Dabalataanis sababoota fudhatama hin qabne dhiyeessuu fi dhiifama naa godhaa gara jechuutti nama geessa.

Kanaafuu, yeroo barataa jirtan kanatti ofii keessaniif, maatiif, hawaasa biroo-tifis waadaa yoo seentan humnaa fi dandeettii keessanii olitti akka hin taane of eeggannoo gochuun ni bar-baachisa. Waadaa kabajuu dhabu-un amaanaa nyaachuu dha. Kan raaw-wachuu dandeessan kutannoo fi ama-ntaadhaan raawwachuun barbaa-chisaa dha. Kunis itti gaafatamummaa bahuudhaaf adeemsa sirrii ta'edha.

Waadaa seenuu if waadaa kabajuun jiruu fi jireenya maatii keessatti jalqaba. Barnoota sirnaan barachuu fi bu'aa gaariin itti fufuun waadaa bahuu fi ajejaa fi gorsa maatii fudhachuu dha. Akkaataa humnaa fi dandeettiin eeyya-meen hojii mana keessaa qarqaaruun maatiif jaalalaa fi kabajaa kennuun alatti gocha itti gaafatamummaa ofii bahuu ti.

**Gilgaala- 2**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Waadaan maal dha?.
2. Waadaa fiixa hin baane jechuun maal jechuu dha?
3. Waadaa kennameef nam-ni raawwate hawaasa kee-ssatti kabajaa akkamii argata?

## 6.2 Qajeelummaa, Amanammum-maa fi Dhugummaa

- ***Fayyaalessa ta'uu jechuun maal jechuu dha?***
- ***Fayyaalessaa fi nama dhugaa ta'uun akkamitti ibsama? Tokko tokkoon irratti mairi'a-dhaa.***

Namichi hojii humnaa hojjetaa jiraatu tokko osoo gamoo ijaaruu boorsaa qarshii heddu fi sanada adda addaa of keessaa qabu lafatti argee rifate. Boorsaa kana gaggaragalchee yoo ila-alu qabeenyummaan isaa kan nam-icha isa hojjechiisuu akka ta'e hubate. Hojjetaan kun yeroo kanatti hojjech-iisaan isaa hangam akka aaruu fi dhiphatu yaadee gaddeef. Deebisuufii akka qabus murteesse.

Itti aanseetis waan ta'e hunda hiriyaa isaatti himee maal gochuun akka irra jiru gaafate. Hiriyichis faayidaalee argatuu danda'u hunda itti hime. Namichi gamoo ijaaru garuu yaada hiriyaa isaatti hin amanne. Haaluma dursee karoorfateen qabeenya abbic-haaf deebise. Abbaan qabeenyichaatis hojjetaan gamoo kun ama-namaa ta'uu isaa ilaaluun sanadoota qofa hanbi-fatee qarshicha garuu isa badhaase. Guyyaa itti aanu ammoo itti gaafa-tamaa fi to'ataa qabeenya ijaarsa gam-oo gochuun muude.



Sample output to test PDF Combine only

**Gigaala– 3**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Hojjetaan gamoo qabeenya lafaa argate abbichaaf debéisuu isaatiin faayidaalee argate ibsaa.
2. Gochi hojjetaa gamoo maal nu barsiisa?
3. Amanamaa ta'uun amala nama boonsu dha. Ibsa itti kennaa.

Fayyaalessa fi amanamaa ta'uu fi dhugaa irratti hundaa'uun hojiin ibsama. Hojiinis amala hawaasummaa qaba. Hojiin tokko galma gahuuf yeroo fi beekumsa humna namaa hedduu gaafata. Namni kamiyyuu gahee isaa fayyaalessa, amanamaa fi dhugaa qabeessa ta'ee yoo raawwate faaydaa hedduu argamsiisa. Fakkeenyaaf, konkolaachisaan tokko nageenya konkolaataa sakatta'ee, of eeggannaan yoo oofe lubbuu fi qabeenya baraaruu irratti itti gaafatamuummaa guddaa bahuu isaa mul'isa. Qonnaan bulaanis yeroon qotee calleessee itti fayyadamtootaaf dhiyeessuun gahee itti gaafatamummaa qaba. Ogeessi kamiyyuu itti fayyadamtoota bu'aa ogummaa isaatiif fayyaalessa ta'ee tajaajiluun isa irraa eegama. Haala kanaan namni kamiyyuu gosa hojii qabateen fayyaalessa ta'ee, amantaa fi dhugaadhaan yoo hojjete dirqama lammummaa bahe jechuu dha.

Barbaachisummaan fayyaalessa ta'uun, amanamaa ta'uun akka-sumas dhugaa irratti hunda'uun itti gaafatamummaa lammii hunda biratti hubatamuu qaba. Barbaachisummaa isaatti namni hundi yoo amanee fi hojii bu'aawwan fayyaalessummaan, amanamaa ta'uu fi dhugaa qabachuun argaman jijjiiramaa fi guddinaaf bu'uura ta'u. Kanaafuu isinis hojiiwwan dhu unfaanis ta'e gareen mana brn-ootaa itti barattanitti fayyaalessa ta'uun, amanamaa ta'uu fi dhug-aadhaan hojjechuun bu'aa arga-miistanii itti gaafatamummaa /dir-qama/ bahuu qabdan.

**Gigaala -4**
**Yaad-rimee armaan olitti kenname irratti hundaa'uun gaaffilee kennaman deebisaa.**

1. Hojiin amala hawaasummaa qaba maaliif jedhamaa?
2. Fayyaalessa, amanamaa ta'uu fi dhugaa irratti hundaa'uun maaliif barbaachisa?



Sample output to test PDF Combine only

## 6.3. Qabeengaa Umamaa fi Dabareewwan Seenaa



*Fakkii 6.2. Haaromsa gamoo Harariif taasifamaa jiru*

- ***Gamoon Harar naannoo kamii fi magaalaa kam keessatti argama?***



*Fakkii 6.3. Biyyoon akka hin dhiq-amne Koonsoo keessatti hojii daagaa*

### Laggeen Weellisan

Paarkiin gaarreen Baalee paarkiwwan akka Afrikaatti qabeenyi uumamaa guddaan keessatti argama jedhamanii eeraman keessa isa tokkodha. Parakichi bal'ina iskuweer kiloomeetirii kuma lamaa fi dhibba lama qaba. Biyya keenya keessatti olka'insa isaatiin sadarkaa lammaffaa irratti kan argamu gaara Tulluu Diimtuu of keessaa qaba.

Paarkiin bineesota hoosisan gosa digdamaa olii fi gosa sinbirrootaa dhibba tokkoo fi afurtamaa ol of keessaa qabu kun bosona gosa biqiloota sanyii biyya keessaa adda addaatiin uwwifamee argama. Sanyii gosa sinbirroo addunyaa irratti biyya kamittuu kan hin argamne digdamii afurtu biyya keenya qofatti argamu. Kanneen keessaa sanyiin gosa sinbirroo kudha afur paarkii gaarreen Baalee keessatti argamu.





*Fakkii 6.4 Bineeldota paarkii gaarreewwan Baalee keessatti*



Sample output to test PDF Combine only

Dabalataanis biyya birootti kan hin argamne biyya keenyaaf immoo qabeenya dinqisiifamaa kan ta'an kan akka Niyaa laa, Gadamsaa fi Jeedala Diimtuun naannoo uumamaan bareedaa kana keessatti argamu. Laggeen Gannaalee fi Waa-bii shabaleetis sulullan Baalee keessa weellisaa jireenya gabbisaa kibba bahaatti suuta yaa'u.

(*Madda:- Barruulee Inistituutii Wondo Gannat Giraar (1978) irraa)*

**Gigaala – 5**

**Dubbisa armaan olii bu'ureeffachuun deebii kennaa**

1. Paarkii jechuun maal jechuu dha?
2. Gaarrii guddinaan 2ffaa ta'e Tulluu Diimtuu yoo ta'e inni 1ffaan eenyu dha?
3. Niyaalaan eessatti argama?
4. Haalli paarkii Baalee yeroo ammaatti qabiinsi /kunuunsi isaa haala durii irraa fooyya'aa dha jettanii yaadduu?

Itti gaafatamummaa Hambaa fi Qabeenyi uumamaa fi seena qabeessa ta'an akka hin badne eeguu jechuun namni kamiyyuu ilaalcha qabeenyi kun 'kiyya' jedhu qabaatee hawaasaaf akkasumas biyyaaf eegudhaaf dirqama lammummaa qabu jedhuu dha.

Ilaalchi itti gaafatamummaa kun yaada nama hundaa yoo ta'ee fi fudhatama qabaate, qabeenya uumamaa, qabeenya seenawaa fi hambaalee badii fi qisaasa'ina irraa eeguun amansiisaa ta'a.

Namni kamiyyuu eddoo jireenyaa, eddoo hojii fi eddoowwan qabeenya waleetti tajaajilli itti kennamu kunuunsuun tajaajilaaf akka oolan taasisuu qaba. Fakkeenyaaf, barattoonni itti gaafatamummaa akkanaa isinitti dhagahame hojjechuu kan eegaltan mana keessaa ta'a. Qabeenya mana keessaa kan yeroon, beekumsi, qarshii fi humni namaa itti dhangala'e hundaaf kunuunsa barbaachisaa gochuun yeroo dheeraaf akka tajaajilan gochuu qabdu.

Mana barnootaa keessattis qaeenya hojii baruu fi barsiisuuf tajaajilan hunda akka qabeenya dhuunfaa keenyatti eeguun faaydaa irra akka oolanii fi dhaloota itti aanuuf dabarsuun haalli baruu barsiisuu akka jalaa hin gufanne gumaacha gochuu qabdu. Naannoo mana jireenyaattis qabeenya uumamaa fi hambaalee seenawaa jiran hunda akkasumas bobboca adda addaa kunuunsuu fi eeguun isini irraa eegama.

Qabeenya uumamaa fi hambaalee seena qabeessa eeguu fi kunuunsuun, lammileen hundi jireenya mijaa'aa fi guutuu akka jiraatan dandeessisa.

Bishaan, biyyee, bosonni, albuuddan, bineensotaa fi bineeladoonni badii fi



Sample output to test PDF Combine only

miidhama irraa eegamanii fi seeraan misoomaaf yoo oolan guddinnii fi dagaaginni biyyaa ni dabala. Hojii dhabdummaa, beelaa fi hiyyummaan hin jiraatu. Haaluma kanaan bineensotaa fi simbirrootaaf paarkiin sadarkaan isaa eeggame akka jiraatu gochuun baay.'ina daawwattootaa dabaluun hojii tuurizimii jabeessuun ni danda'ama. Kunis dinagdee biyyaa cimsa. Hambaalee seenaawaa sadarkaa qarooma durii ibsan eeguu jechuun seenaa biyyaa kunuunsuu fi eenyummaa ofii hojii damee turiizimiitiif haala bal'aa mijeessu dha.

Kanaafuu bu'uura guddina biyyaa kan ta'an qabeenya uumamaa fi qabeenya hambaalee seenawaa miira itti gaafatamummaan kunuunsuuf murteessuu fi kanneen of jaalatanii fi maaltu na dhibeedhaan badii geessisan to'achuuf qophii ta'uu qabna. Kuni ammoo gocha lammii gahumsa qabu nama jechisiisu dha.

**Gilgaala- 6**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Hambaalee seenaa fi qabeenya uumamaa eeguun eenyu fayyada ?
2. Hojii dhabdummaa, beelaa fi hiyyummaa balleessuuf qabeenyi uumamaa akkamitti fayyada?
3. Tuurizimiin maal dha? Faaydaa isaa ibsaa.

## 6.4. HIV/AIDS

1. Karaalee HIV/AIDS iin ittiin daddarbu maal fa'a.?
2. Faca'insa AIDS hir'isuuf tarkaanfiin fudhatamaa jiru maal dha?

### Ganda Abdii Boruu

Barsiistuu Ballaxuun kutaa jahatti barsiistuu herregaa ti. Barattoota kutaa <<6D>> maqaa waamtu keessatti barachaa jiran soddummaan maqaan, dandeettii fi amala isaanii adda baaftee beekti. Ni jaalattis. Hojiin isaanii ijoon barumsa akka ta'es hubachiisuun hojji isaanii seeraan akka raawwatan itti gaafatmummaa akka qaban yeroo hundaa gorsiti. Isaanis ishii ni jaallatu. Kabajaas ni kennuuf.Gorsa isheetis ni fudhatu. Ajejas ni raawwatu. Barataan hojii manaa osoo hin hojjetin dhufu hin jiru ture.

Yaa ta'u malee Kiroos walitti aansitee hojii manaa osoo hin hojjetiin waan dhufuu jalqabeef daree keessatti gaaffii gaafatmuuf deebii kennuun ishii dhibe. Rakkina barattuu tanaa hubachuudhaaf barsiistuun yeroo boqonnaa ishiitti kiroosiin dubbiste. Abbaan ishee dhibee Eedisiitiin akka du'anii fi haatis dhukkubsatanii siree irra akka jiran hubatte. Du'a abbaa fi dhukkubsatuu haadhaatiin rakkina uumameen kiroosii fi obbolaawwan ishee xixinnoon lamaan sadarkaa barumsa isaanii itti fufuu hin dandeenye irra akka gahan barte.



Sample output to test PDF Combine only

Barsiistuun, Kiroosii fi obbolaawwan ishee barumsa isaanii akka addaan hin kunne gochuu fi haadha isaanii wal'aanaa turaniifis qarqaarsa barbaaduuf karoofatte. Gara dhaabbata "Qeyee Abdii Haaraa "tti deemudhaaan akkaataa hojmaata dhaabbatichaa gaaffatte. Sababa dhaqxeefis ni hubachiiste. Dhaabbatichis buusii lammiileen itti gaafatamummaan itti dhagahamuun walitti qabameen dhukkubsattoota eedsii fi daa'imman maatii hin qabne kan gargaaru ta'uu isaa ibseef.

Barsiistuu Ballaxuun miseensa dhaabbatichaa ta'uun buusii qarqaarsaa dhaabbataan gochuuf murteessite. Barattoonni kutaa jahaaffaa 'D' tis ji'a-tti tokko tokkon isaanii saantima digdamii shan walitti buusudhaan deeggaraa fi miseensa dhaabbatichaa akka ta'an goote. Kana booda Kiroosii fi obboleewwan ishee dhaabbaticha irraa ji'a ji'aan qarqaarsa argachaa barumsa isaanii itti fufuu danda'aniiru. Haati isaanitis yaala argatan. Kiroosis bu'aa gaarii galmeessisaa barumsa ishee itti fufte.

**Gigaala- 7**

**Seenaa gabaabaa armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisaa**.

1. Abbaan kiroos yennaa du'uu fi haatis yeroo dhukkub-satan haalli uumame maal ture?
2. Gochi barsiistuu Ballaxuu maal agarsiisa?

HIV/AIDS iin saffisaan babal'achuun diina adda duree ilmaan namaa fixaa jiru dha. Hanga ammaatti eedsiif dawaan hin argamne. Dhukkubichi akka lakkoofsa Awurooppaatti naannoo bara 1981 kan uumame yoo ta'u addunyaa irratti saffisaan babal'ataa jira.

Karaalee dhukkubichi ittiin daddarbu keessaa knneen armaan gadii eeruun ni dnada'ama

- ***Yeroo dhiigni vaayirasichaan faalame gara dhiiga nama fayyaatti makamu***
- ***Rigaa ilkaanii dhukkubsataan itti fayyadamee fi meeshalee qara qaban fkn murtuu qeensaa, haadduu, fi kkf namni fayyaan yoo fayyadame.***
- ***Lilmoo dhukkubsataan waraannateen namni fayyaan yoo fayyadame***
- ***Karaalee eedsiin ittiin hindarbine***
- ***Harka walfuudhuun***
- ***waliin yaatuun***
- ***mana fincaanii waliin fayyadamuun***
- ***Daree keessatti waliin barachuun***
- ***Waldhungachuun***

Namni HIV/eedsiin qabame dhibee of irraa ittisuu waan dadhabuuf salphaadhan dhukkuba garaagaraatiif saaxilama. Humnaa fi fayyaa waan hin



Sample output to test PDF Combine only

qabneef hojjechuu ykn barachuu hin danda'u.Yeroo kanatti nama isa deggaru hin qabu yoo ta'e rakkoon hamaan irra gaha. Hojjechuu dhabuu isaatiinis maatiin ni rakkata, hojiinis ni miidhama. Dhukkubichi hanguma nama dhuunfaa irratti miidhaa qabu, guddinna biyyaa irrattis dhibbaa qaba.

Dhiibeen hamaan ummata fixaa jiru kun miidhaan geessisaa jiru hedduu dha. Sababa dhibee kanaatiin haadhaa fi abbaan yoo du'an jiruun maatii jeeqamuu irrayyuu daa'imman rakkatanii barumsa isaanii addaan kutu. Nama isaan kunuunsu waan dhabaniifis ni bittinaa'uu. Dargaggoonni abdii biyyaa ta'an ba'aa biyyaa ta'u. Haalli kunis jireenya hawaasummaa keessatti rakkoo uumuun alattis hiyyummaa, boodatti hafummaa fi yakka raawwatuun akka babal'atu taasisa.

kanaafuu atis/anis balaa dhukkuba HIV/eedsii irratti hubannoo barbaachisaa ta'e qaabaachuun dhukkbichaaf akka hin saaxilamne of eeggannoo cimaa gochuun nurraa eegama. Dabalataanis namoota biroo hubachiisuu fi dadammaqsuuf namoota dhukkubichaan qabamaniifis deeggarsaa fi kunuunsa gochuuf dirqama lammummaa qabna. Dhibee kanarraa of eeguun itti gaafatamummaa ofii bahuu fi waadaa eeguu waan ta'eef lammiin kamiyyuu hojii irra olchuutu isa irraa eegama.

**Gigaala- 8**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Karaalee eedsiin ittiin darbu ibsaa
2. Haalli maatii dhibee eedsiitiin miidhame maal fakkaata? Ijoolleen maatii eedsiin qabamanii rakkoo akkamiitu irra gahaa?



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada Xumura Boqonnaa

Lammiilee itti gaafatamummaan itti dhagahamu horachuuf bu'uurri maatii dha.

Maatii gaarii keessaa dargaggoonni amala gaarii horatanii bahan itti gaafatamummaa fudhachuu fi dirqama bahuuf gahumsa ni qabaatu.

Itti gaafatamummaan jiruu fi jireenya maatii keessaa jalqaba. Kunis gorsaa fi ajaea abbaa fi haadhaa hojii irra oolchuuf itti gaafatamummaa kennamu bahuu fi waadaa kabajuun mirkanaa'a. Turtii mana barnootaa keessattis ajeja mana barnootaa fi barsiisota irraa kennamuuf ajejamaa ta'uunii fi dhugaa irratti hundaa'uun raawwachuun jalqaba itti gaafamummaa bahuu isa kan biroo ti.

Qabeenya uumamaa fi hambaalee seenawaa kan maatii, hawaasaa fi biyyaa miira lammummaa "kiyya" jedhuun eeguu fi kunuunsuun seenaa jiruu ofii eeguu waan ta'eef gaocha sirrii ta'e dha. Hundaa ol HIV/eedsii irraa of eeguu fi tatamsa'ina isaa ittisuuf sochii godhamu irratti hirmaachuun itti gaafatamummaa guddaa bahuu ta'uun isaa beekamuu qaba.

Itti gaafatamummaan bifaa fi sadarkaalee garagaraa qaba. Hojjettonni hundi akkuma dandeettii fi sadarkaa barnootaa isaanitiin dameeewwan hojii adda addaa keessatti bobba'anii hojjetu Kun ta'us garaa-garummaan hanga itti gaafatamum-maa sadarkaa adda addaa irra kan jiru ta'uun isaa ifa dha. Namni kamiyyuu hojii qabate irratti haqaa fi amanamaa ta'ee yoo hojjete bu'aan waliigalaa misoomaa fi guddina ta'a.



Sample output to test PDF Combine only

# JICHOOTA IJOO BOQONNICHAA

**Kakuu**- amaanaa fudhachuu, (waadaa galuu)

**Eebbifamuu-** Sadarkaa barnoota tokko xumuruun ragaa argachuu.

**Goota** – Lammii ogummaa isaatiin bu'aa olaanaa galmeessise.

**qulqullina** -haala bu'aa sadarkaan isaa eegame.

**Waadaa seenuu-** Dursanii amaanaa walii fudhchuu.

**Amala** –Yaada ilaalchii fi gochi namaa sirrii ta'uu fi ta'uu dhabuu ibsuu.

**Hamilee** –gochii gaarii fi hamaan kan ittiin madaalamu,

**Hambaa**- Yeroo fi seenaa kan eeru, bu'aawwan hojii fi qarooma namoota durii kan agarsiisu.

**Paarkii** - eddoo qabeenyi uumamaa, kan akka bineesotaa, simbirrootaa fi biqiltootaa itti eegaman.

**Dafqaan bulaa** – kan hojii humnaa hojjetu.



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee keessa Deebii

**I. Himoota armaan gadii dubbisuun sirrii yoo ta'e "dhugaa" dogoggora yoo ta'e "soba" jechuun deebisaa**

1. Amaanaan ykn abdiin gochatti hiikuuf karoorfamee fi namaaf kenname waadaa jedhama.
2. Namni tokko yeroo kabajee waajjira hojii isaatti argamuun qofti itti gaafatamummaa isaa akka bahetti lakkaawamaaf.
3. Hojjettoonni hundi itti gaafatamummaan qabanii fi sadarkaan hojii isaanii walfakkaata.
4. Eddoon bineesonni, sinbirroonnii fi biqiltoonni adda addaa itti eegaman paarkii jedhama.
5. Babal'inni dhibee eedsii hiyyummaa fi boodatti hafiinsaaf gahee qaba.

**II. "A" jalatti kan tarreeffamaniif "B" jala kan jiran keessaa filachuun firoomsaa**

| "A" | "B" |
|---|---|
| 1. Itti gaafatamummaa | A. Qabeenya baraa fi seenaa ibsu |
| 2. Maatii | B. Fedhiidhaan ykn ajejaan hojii hojjechuu |
| 3. Jeedala Diimtuu | C. Hojii Hambaalee seenawaa fi qabeenya uumamaa daawwachiisuun galii argamsuu |
| 4. Qabeenya uumamaa | D. Gufuu guddinaa biyyaa fi farra namaa |
| 5. Tuuriizimii | E. Qabeenya hojii fi beekumsa misoomuu danda'uu fi kunuunsa barbaadu |
| 6. H.I.V | F. Kutaa hawaasaa ijoollee, abbaa fi haadhaan kan gurmaa'e |
| 7. Hambaa seenawaa | G. Qabeenya biyya keenyaa qofa kan taate |

**III. Himoota armaan gadii dubbisuun bakka duwwaa jecha ykn gaalee sirrii ta'een guutaa**

1. Gahee hojii gosa kamiyyuu gahumsaa fi bu'a qabeessummaan raawwachuun_______________ jedhama.



Sample output to test PDF Combine only

2. Warqii, meetii, sibiilaa fi, pootaasiyemiin _______ yoo ta'an kitaabonni biraannaa, masqiidotaa fi fakkiiwwan holqa keessaa __________ dha.
3. Rakkoolee guddina biyyaa dadhabsiisan keessa isa hamaan _____ dha.

**IV. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii filadhaa.**

1. Fayyaalessummaa fi amanamummaan itti gaafatamummaa bahuun:
   A. Obsa qabaatuu
   B. Ajajaanis ta'ee fedhiin hojiif kaka'umsa dhabuu
   C. Bu'aadhaaf qabsaa'uu fi dirqama lammummaa bahachuu
   D. Amala namaan walii galanii hojjechuu

2.Qajeelfamaa fi gorsa maatii raawwachuun
   A. Hojii mana keessaatiin qabamuu
   B. Seera kabajuu dhabuu
   C. Qo'annaa fi yeroo dhabuu fi dhiibbaa jalatti bu'uu
   D. Waadaa kabajuu

3.Takkoon tokkoo namaa itti gaafatamummaa hin bahu yoo ta'e
   A. Jireenya hawaasummaa irratti rakkinni hin uumamu
   B. Waadaan ni eegama
   C. Naannoo fi guddina biyyaa irratti dhiibbaa ni fida
   D. Jireenyi nagahaan itti fufa.

4.Guddina sadarkaa qaroomaa fi aadaa ummataa kan hin ibsine
   A. qabeenya uumamaa
   B. kitaaba seenaa
   C. hambaalee seenawaa
   D. ragaa bahuu manguddootaa

5. Faca'insa dhibee HIV /AIDS to'achuun kan danda'amu
   A. Karaa ittiin daddarbu saaxiluun
   B. Dhukkubsattoota irraa fagaachuun
   C. Karaa ittiin daddarbu beekuun of eeguu
   D. Walitti dhufeenya hawaasummaa hir'isuun

**V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa**

1. Waadaa galan hojiin mul'isuun akkamitti itti gaafatamummaa bahuu ta'uu danda'a?
2. Paarkii jechuun maal jechuu dha? Paarkii fi qabeenya uumamaa paariikicha keessa jiran kunuunsuu kan qabu eenyuu?
3. Ijoolleen warri isaan dhibee HIV/AIDStiin irraa dhuman miidhaa maaltu irraa gahaa?



Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA TORBA

# AADAA HOJII CIMAA

Kaayyoolee Boqonnichaa: Boqonnaa kana barattee yoo xumurtu :

- ***Hojiin kabajamaa ta'uu ni hubatta***
- ***Bu'aawwan jabaatanii hojjechuu fi seeraan yerootti fayyadamuu ni beekta?***
- ***Kaayyoolee dinagdee fi misoomaa heera mootummaa rippabliika federaalawa Itoophiyaa keessatti tumaman ni beekta.***

## 7.1. Maalummaa Aadaa Hojii Cimaa

### 7.1.1. Jabaatanii Hojjechuu

- ***Jabaatanii hojjechuu jechuun maal jechuu dha?***
- ***Jabaatanii hojjechuu irraa faaydaan argamu maal dha?***

**Hojiidhaaf haa kaanu**

Qotee bulaan qote meeshaa isaa warraaqsee. Daakuu osoo hin dhabin Birraanis bari'e. Qotee bulaan yaraan qonna irratti laafe. Adoolessa keessa rakkoodhaan xaxame.

Lafa isaa kan qote sanyiif kan qopheeffate
Calleessee galfate oogdii irraa hammaaree. Ciccimoon yoo hojjetan kan boqochuu hede. Hojii isaa hojjechuuf beekumsaa fi humna isaa kan qusate
Ijoolleen isaa daabboo yoo gaafattu jalaa ni dhokate. Qonna industirii baadiyyaa magaalaa Cimanii hojjechuun biyyi yaa misoomtu. Namni kan hojjeteen faaydaan akka arg-amu. Hojii aadaa gochuun biyyaaf yaa oomishnu. (Walaloo Hawaasaa Waliin walsimsiisuun barsiisuuf akka tolutti kan qophaa'e. Amajjii, 2000)

**Gigaala- 1**
**Bu'uura walalichaatiin gaaffiilee armaan gadii deebisaa**

1. Yaada walalicha irraa hubattan barruulee keessan irratti barreessuun barsiisaa keessaniif dubbisaa
2. Qotee bulaan yaraan qonna irratti laafee Adoolessa keessa rakkoodhaan xaxame. Yaadni walaloo bo'oowwan lamaan armaan olii kanaaf faallaa ta'e bo'oowwan kamiin ibsame?
3. Mee, isinis waayeebo'oowwan barataa cimaa ilaalchisuun walaloo gabaabaa barreessuun hiriyoota keessaniif dubbisaa.



Sample output to test PDF Combine only

Aadaa Hojii cimaa jechuun yaada cimaa akkaataa hojjettoonni ogummaa isaaniitiif qaban fedhii hojjechuu fi kutannoo ogummichaan bu'aa fooy-ya'aa galmeessisiisuuf qaban jechuu dha. Hojiin dhala namaa hundaaf wabii jireenyaa waan ta'eef jabaatanii hojjechuun mataa ofiif qofa otuu hin ta'in, maatii fi hawaasa naannoo haa-lli jireenya isaa jijjiiramee sadarkaa guddaatti kan ceesisu dha. Hojiin wantoota naannootti argaman irratti hundaa'uun waan salphaa ta'e irraa eegalanii yoo hojjatan sadarkaa gud-daa irra akka gahanii fi jireenya fooy-ya'aa akka qabaatan nama taasisa. Jabaatanii hojjachuu jechuun hojii irr-atti bobba'an sana bu'a qabeesa taa-sisuu qofa osoo hin ta'in yeroo hojii kabajuu, naamusa ogummaa qabaac-huu fi quliqullina oomishaa guddisuu kan dabalatu.

**Gigaala- 2**
**Gaaffilee armaan gadii dee-bisaa**

1. Mee wantoota naannoo ke-essanitti hojjatamuu dand-a'an tarreessaa.
2. Faaydaa jabaatanii hojjachu-un naannoo keessaniifis ta'e biyyaaf qabu gareen irratti mari' adhaa.

### 7.1.2. Hojii Tuffachuu Dhiisuu







*Fakkii 7.1. Hojiin kamiyyuu kabaja*

- ***fakkii kana irraa maal huba-ttan?***
- ***Namoonni naannoo keessanitti argaman hojii akkamii irratti bobba'uu?***
- ***Hojii tuffachuu dhiisuu jechuun maal jedhuu dha?***



Sample output to test PDF Combine only

### Ilmaa Cimaa

Badiruu Xaahir kan dhalate naannoo Somaalee maagaalaa Jijjiigaatti yaa ta'u malee yeroo dargaggummaa isaa kan dabarse maagalaa Dirree Dawaatti ture .Magaalaa Dirree Dawaatti carr-aaleen hojii adda addaa akka jiran yeroo baay'ee obboleeyyiin isaa yoo haasawan ni dhaga'a. Haaluma kan-aan Badiruun eessuma isaa waliin gara maagalaa Dirree Dawaa deemuun, ees-sumni isaa meeshaalee hojjii bitaniifitti tajajiilamuun mucaa cimaa kophee qulqulleessu ta'uu danda'e. Mucaa cimaa jedhamee kan beekamu Badi-ruun ganamaan ka'ee kopheewwan muraasa ergaa miidhaksee ykn qulqu-lleesee booda, gara mana barnootaa kan deemu. Badiruun hojii manaa kennameef seeraan hojjetee akkas-umas qo'atee gara kutaa waan galuuf barisiisootaa fi barattoota biratti bar-ataa jaalatamaa ture.

Mucaan hojii jaalatu kun maallaqa xiqqoo kuufateen hojii gosa biroo hojj-echuu akka qabu yaaduu eegale. Dhu-ma irratti jiraattoota naannootiif mana suphaa kophee tajaajila itti kennu bane. Yeroo gababaa keessatti lakk-oofsi maamiltootaa gara mana suphaa kophee Baadiruutti dhufan baay'achaa dhufe. Yeroo ammaa abbaa ijoollee sadii kan ta'e obbo Badiruun warshaa kophee naannoo Dachaatuu jedha-mutti dhaabe keessatti naamoota sad-arkaa umurii kamiyyuu keessatti argamaniif kophee mijaa'aa fi cimina qabu oomishuu eegale .Hojii salphaa irraa kan ka'e Badiruun har'a maa-gal-aa Dirree Dawaatti abbootii qaa-bee-nyaa jiran keessaa tokko ta'uu danda' eera.

**Gilgaala- 3**

**Seenaa armaan olitti dhiy-yaate kana irraa ka'uun gaaffilee kanneen gadiif deebii kennaa.**

1. Badiruun maamiltoota isaa biratti akkamiin waamamaa ture?
2. Namoonni naannoo keessan keessatti hojii xiqqaa irraa ka'anii sadarkaa guddarraa gahan yoo jiran ta'e warra keessan gaafachuun akkaa-taa raawwii hojii isaan itti adeemsisan tartiiban barree-ssuun gareef gabaasaa.
3. Wantoonni obbo Badiruun aadaa hojii cimaa akka hor-atu bu'uura ta'aniif maal isin-itti fakkaatu?

Hojii tuffachuu dhiisuu jechuun hojii kamiyyuu bifaanis ta'e sadarkaan adda osoo hin baasin ykn hin filatin hojjech-uu jechuu dha. Hojiin kamiyyuu xiqq-adha ykn guddadhaa osoo hin jedhin xiyyeeffannaan itti kennamee yoo hojjetame madda galii gaarii ta'uu dan-da'a .Har'a hojiin xiqqaa jedhamu



Sample output to test PDF Combine only

xiyyeeffanaan itti kenamee yoo hojjatame sadarkaa olaanaa irra nama geessisaa

### 7.1.3.Yerootti Seeraan Faayyadamuu

- ***Barattoota mee haala itti fayyadama yeroo keessan hiriyoota keessanitti himaa.***
- ***Yeroo haalan hojii irraa oolchuu jechuun maal jechuu dha?***

**'Adde Haaddaas'**

Addee Haaddaas jiraattuu magaalaa Shiree Ganda sadii ti. Umuriin ishii waggaa 35 yoo ta'u,naannoo jiraattutti amala hojii gaariin ittin beekamtu keessaa tokko yeroo ishii haalan hojii irra oolchuu dha. Naannoo jireenya ishiitti ilaalchi ishiin yeroof qabdu akka fakkenyaatti kan ilaalamu dha.Haala kanaan yeroo ishii qoqqooduun, cimnaan hojjettee jireenya ishee fooyyessuuf karoorfattee jirti. Kana raawwachuuf dhaaba waldaa liqiif qusannoo Daddabiit seenuun liqii yeroo murtaa'aa keessatti kaffalamu fudhacuun sa'a rimeessa tokko bitatte. Saani ishiis yeroo baay'ee osoo hin turin raada takka dhalteef .Saati tun guyyaatti leetira sadi elmamaa waan turteef aannan namoota naan-nootti kireessituun liqii ishee yeroon xumurate. Waggaa waggaanis sa'a tokko itti dabalaa deemte. Haala kanaan yeroo ishee haalan itti fayy-adamuun hojii horsisummaa irratti bobbaate .Har'a addee Haaddaas maagalaa Shiree keessatti dhaaba beek-amaa horii itti horsiistu qabdi.

**Gilgaala – 5**

**Dubbisa armaan olii bu'u-ureeffachuun gaaffilee gaditti eeramaniif deebii kennaa**

1. Itti fayyadama yeroo addee Haaddaas irraa maal barattan?
2. Sababoota gurguddoo hojii kanaaf kaka'umsa ta'aniif keessaa lamaan isaanii eeraa.
3. Faayadaan yeroo seeraan itti fayyadamuudhaan argamu maal dha?

### 7.1.4 Bu'aa Hojii Tuffachuu Dhiisuun Biyyaaf Qabu.

- ***Yeroo seeraan itti fayyadamuu jechuun maal jechuu dha?***
- ***Jechi <<Yeroon warqee dha>> jedhu maal agarsiisaa?***

**Kiyyeessitoota Qurxummii**

Namni kamiyyuu daawwannaadhaaf gara magaalaa Baahir Daar deemu haroo Xaanaa irratti dooniiwwan xixiqqoon olii fi gadi yoo deeman arguun isaa kan hafu miti. Namoonni kunis batoo asii fi achi gochuun doo-niiwwan kan oofan yoo ta'u jireenyi isaanii magaalaa Baahir Daar ta'ee fi kanneen qurxummii kiyyeessan dha. Namoonni qurxummii kiyyeessan kun gamtaad-



Sample output to test PDF Combine only

haan gurmaa'anii ciminaan hojjechuudhaan qurxummii haroo kee-ssaa akka baasaniin uummata maga-alaa kanaaf kan dhiyeessan dha. Mise-ensonni garees haala dandeettii hojii isaanitiin gurmaa'uun hojii qoqqoodatanii jiru. Gareen tokkoo tokkoon isaa itti gaafatamaa fi karoora hojii qaba.

Miseensonni garee yeroo mijaa'aa har-oo keessaa oomisha qurxummii baay'ee walitti qabuuf dandeessisu ni beeku. Tokkoo tokkoon miseensi gareewwanii yeroo mijaa'aa kanatti fayyadamuun sa'aatii isaanii eeguun jabaatanii hoj-jetu. Miseensoonni kunniin yeroo ammaa kana hojii karooraan qoqq-ooduun hojjechuu isaanitiin meeshaa ammayyaa oomisha qurxummii kuu-suu isaan dandeessisu gurmeeffatanii jiru. Dooniiwwan xixiqqoon dur turan doonii mootora qabuun bakka bu'anii jiru. Meeshaalee ammayyaa qurxummii itti kiyyeessan ,oomisha keessa itti tursiisan (firiijii)bitataniin jiru

Magaalaa Bahir Daar keessatti suuq-iiwwan oomisha qurxummii itti raab-san waan qabaniif ummanni naannoo sanaa aadaa qurxummii nya-achuu amaleeffatee jira. Dargaggoonni hojii dhabdoota turan hedduun oomishaa fi gurgurtaa qurxummii irratti bobba'-aniiru. Yeroo irraa gara yerootti oom-ishni qurxummii isaaniis qulqullinani isaa dabalaa waan deemeef omisha isaanii magaalaa biroof dhi-yeessaa jiru. Akkasumas, oomisha qurxummii biyyootii ollaatti erguu-dhaan biyya isaaniitiif sharafa alaa guddisuu irratti argamu.

**Gilgaala 6**

**Haala dubbifama armaan olitti dhiyaateen gaaffilee itti aananiif deebii kennaa.**

1. Itti fayyadamni yeroo mis-eensota garee maal fakk-aataa? Dubbifama irraa ra-gaa dhiyeessuun deebisaa.
2. Qabxiiwwan gurguddaa namoota gurmaa'anii qurxummii qabaniif hundee jabinaa ta'e keessaa sadi eeraa.
3. Oolmaa keessan kan guyyaa tokkoo yeroon qoqqoodaatii barsiisaa keessanitti agras-iisaa.

Hojii osoo hin tuffatin xiqqaadha ykn guddaadha jedhanii osoo hin filatin hojjechuudhaan lammiiwwan hedduu bu'aa gaarii argatanii jiru. Hojii tuff-achuun hin barbaachisu. Hojii kam-iyyuu qixa sirrii ta'een kan raa-wwatamu karoora baafachuu fi kar-oora bahe sanaan hogganamuun hojj-echuun waan ta'eef karooratti fayy-adamuun barbaachisaa dha. Mataa Lammiin itti fayyadama yeroo beekuun cimee hojjete maatii isaafis ta'e haw-aasa isaatiif jijjiirama fiduu danda'a.



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala 7**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Faaydaan yeroo seeraan hojii irraa oolchuun qabu maal?
2. Hojii tuffachuun barbaachisaa miti kan jedhame maaliif isinitti fakkaata?

## 7.2. Osoo Hin Hojjatin Nyaachuu

### 7.2.1 Osoo Hin Hojjatin Nyaachuun Miidhaa Inni Sadarkaa Maatiitti Qabu



*Fakkii 7.2. Kadhaan rakkoo hawwaasummaa kabaja dhala namaa xuqudha*

- ***Kadhaan nama dhuunfaa irra darbee akkamiin rakkoo hawaasummaaf sababa ta'a ?***
- ***Namoonni gara kadhaa akka hin deemne maal gochuu qabna?***

**Kadhaan gargar baane.**

Ayyaantuun intaala ishee umurii waggaa 8 taate waliin gamoo Xiqur Anbassaa jala mana laastikaan ijaaramte keessa jiraatti. Yeroo hundaa karaa foddaa konkolaataa fi balbala suuqii jala deemuun harka ihsii diriirsuun qarshii argattuun garaa ishee fi intalaa guutuuf yaalii taasisti turte. Guyyaa ayyaanotaa eeguun bakka adbaarii hunda deemuun akkasumas nyaata dhukkubsattoota hoospitaala Xiqur Anbassaa irraa hafu argachuuf kadhattoota kan biroo waliin tattaafatti turte.

Haa ta'u malee, namni akka ishee fayyaa guutuu fi sammuu nagaa qabu maaliif kadhannaa irratti akka bobba'u ishumaafillee ifa hin taaneef. Ayyaantuun qabeenya maatii ishee gurgursiistee biyya arabaa erga deemtee booda ,achiiyis deebi'uun daandii maagalaa Finfinneetti baatee jireenya kadhannaaa eerga jalqabdee waggoota 14 guuttee jirti.

Ayyaantun umuriin ishiitiis dabalaa, abdiin ishees dukkanaa'aa waan dhufeef jireenya jibbisiisaa kana keessaa akka baatu ni yaaddi turte.

Dhuma irrattis Ayyaantuun jiruu jabbisiisaa kana keessaa intala ishee fudhattee keessaa ba'uuf murteessite. Ayyaantuun intala ishii feestaala xiqqoon qabattee gara otoobisii biyya ishee deemu yaaphatte. Guyyaa lama booda ganda ishee yoo geessu wanta argite amanuu hin dandeenye. Karaan haaraan, saararri ibsaa fi bilibilli diriireera. Ujummoon bishaanii ganda hundatti galeera. Gandi Ayyaantuu inni baadiyyaa ture gara maagalaatti jijjii-ram-



Sample output to test PDF Combine only

eera. Ayyantuunis carraa kanaatti fayyadamuun akka ganda isheetti of jijjiiruuf murteessite. Kanaaf immoo maatii fi namoonni naannoo ishee gargaarsa akka godhaniif hubachuun (amanuun) gara dhaaba waladaa liqii fi qusannaa ganda isheetti argamu deemuun maallaqa xiqqoo liqeeffattee suuqii shaqaxaa banatte. Guyyoota fayyadaa tokko malee dabarsaa turte yaadachuun gaabbaa halkanii fi guyyaa osoo hin jedhiin ciminaan hojjete .Yeroo ammaa Ayyaantuun suuqii mi'oota adda addaa qabu banattee of dandeessee jiratti .

Miseenssonni maatii tokko keessa jiran hundi haaluma dandeettii isaanitiin hojii irratti hin hirmaanne yoo ta'e namoonni hojjetan muraasni ni miidhamu. Gee'essonnis ta'an, daa'imman ykn dubartoonni, akkasumas namoonni dhiira ta'an haaluma umrii isaanii fi dandeettii isaaniin hojii walgrgaaruu qabu. Gama biroon immoo osoo hin hojjetinii fi hin dadhabin kan namoonni biroo itti dadhaban nyaachuun gocha jibbisiisaa ta'u hubachuun hojiif kaka'uu qabna.

**Gilgaala- 9**

**Gaaffii armaan gadiitiif deebii kennaa**

1. Ijoolleen hojii mana keessatti hojjetamu irratti akkamiin hirmaachuu qabu?
2. Wantoota osoo hin hojjetin nyaachuu hambisuu danda'an keessaa lama barreessaa.
3. Maatii tokko keessatti hojii wal gargaaruun akkamiin baratamuu danda'a?

## 7.3 Dandeettii Ogummaa Fi Naamuusa Hojii

### 7.3.1. Maalummaa Dandeettii Ogu-mmaa Fi Naamuusa Hojii

1. ***Hojjetaan tokko dandeettii hojii ni qaba jechuun maal jechuu dha?***
2. ***Naamusni barataa tokko irraa eegamu maal fa'a dha?***

Ogummaan gosa hojii beekuumsaa fi dandeettii mataa isaa gaafatu dha. Fakkeenyaaf ogummaa qonnaa, gaazexeessummaa, barsiisummaa, abb-aa seeraa fi k.k.f ogummoota hojii adda addaa irratti nama bobbaasuuf gargaaran dha. Kanaaf, hojiiwwan kana irratti bobba'uuf beekumsaa fi dandeettii qabaachuu qabna. Naamuusa ogummaa jechuun seerota ogummicha



Sample output to test PDF Combine only

hojiitti jijjiiruuf hordofuu qabnu kan mul'isu dha. Dandeettii fi naamusa hojii kan jedhamu gahumsaa fi amala namni tokko hojii irratti qabu kan agarsiisu dha. Hojjetaan tokko dandeettii hojii qabaatee naamusa hojii hin qabu yoo ta'e tajaajila isa irraa eegamu kennuu waan hin dandeenyeef maamilli isaa ni miidhama.

Namni ogummaa fayyaa qabu tokko tajaajilamtoota gara isaa dhufaniif gargaarsaa fi yaalii akka argatan gochuun dirqama ogummaa isaa ta'uu beekee tajaajiluu qaba. Hawaasni akk0amitti dhukkuuboota daddarboo irraa of ittisuu akka danda'u barnoota kennuun dirqamaa ogummaa isaa ti. Gama birootiin akkaataa qorichi itti fudhatamuu fi akkaataa of eegganno-on itti godhamu barsiisuun irraa eegama. Isaan kun naamusa ogummaa yaalaa ti.

**Gilgaala -10**
**Gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa**

1. Ogummaanii fi naamuusni ogummaa adda bahanii hin ilaalaman jechuun maal jechuu dha?
2. Ogummoonni hundi misooma biyyaaf gahee olaanaa qabu jechuun maal jechuu dha?

### 7.3.2 Miidhaa Hanqinni Naamuusa Ogummaa Lammiilee Irraan Gahu

- ***ogeessi tokko naamuusa ogummaa yoo hin kabajne eenyutu hubamaa?***
- ***Ogummaan qofti kophaa isaa bu'aa hin qabu jechuun maal jechuu dha?***

Ogummaan kamiyyuu guddina namoota dhuunfaa, kan naannoo ykn hawaasaa fi misooma biyyaa yoo hin bu'uureeffatiin gatii hin qabu. Ogeessi tokko naamuusa ogummaa isaa hanga hin eeginitti bu'aa hin argatu. Kun immoo sadarkaa jireenya isaas ta'e, kan maatii isaa fooyyessuu hin danda'u.

Ogummaa isaatiin bu'aa dhabaa yoo deemu ogummaa isaa fooyyeeffachuuf fedhiin inni qabu gad aanaa ta'a.- Akkana yoo ta'u immoo tajaajilli fayyadamtoonni argatan ni xiqqaata. Ogummichis akka hin babal'anne ykn hin guddanne taasisa. Tajaajilli lammiin argachuu qabu guutuu hin ta'u. Carraan hojii lammiilee ni dhiphata. Kun immoo misoomaa fi fooyya'uu jireenya hawaasaa irratti miidhaa olaanaa geessisa



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala- 11**
**Gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa**

1. Naamuusni ogummaa kavajamuu dhabuun miidhaan gama misoomaatiin biyyattii irraan ga'u maal?
2. Ogummaanii fi naamusni ogummaa akka kabajamu maaltu godhamuu qaba?
3. Naamuusni ogummaa kavajamuu dhabuun tajaajilamtoota irratti miidhaa inni geessisu ifa gochuun barreessaa.

# 7.4 Aadaa Hojii Cimaa Fi Misooma

## 7.4.1 Kaayyoolee Misoomaa Heera Mootummaa Fedeeraala Itoophiyaa

- ***Kaayyoolee misooma dinagdee kan jedhaman maal fa'a dha?***
- ***Kaayyooleen misooma dinagdee hojii irraa akka oolan maal goc-huu qabna?***

Mootummaan federaala Itoophiyaa biyyattii keessatti misooma ariifachiisaa fi itti fufiinsa qabu fiduf imaammataa fi tarsiimoo baadiyyaa giddugaleessa godhate diriirsuudhaan hawaasa hojiif sochoosee bu'aawwan nama jajjabeessan galmaa'aa jiru. Har'a Ityoophiyaan kaayyooleen misooma dinagdee adeemsisaa jirtu ummata sadarkaa sadarkaan fayyadamtoota dinagdee kan taasisuu fi hirkattummaa jalaa bahanii guddina misooma ariifachiisaa akka fidan gochuu kan dandeessisu dha..Kunis kaayyoolee bu'uuraa afur qaba.Isaanis:

1. Guddina diinagdee ariifachiisaa mirkaneeffachuu akka kaayyoo bu'uuraa fi ka'umsaatti qabaachu.
2. Guddina diinagdee ariifachiisa mirkaneessuun alatti ummanni haala fooyyii qabuun fayyadamaa akka ta'u haala mijeessuu.
3. Biyya keenya kadhaa jalaa baasuu fi haala dinagdee addunyaatiin yeroo yeroon jijjiiramaa akka deemtu taasisu.
4. Armaan oliiti akka ibsameetti guddina ariifachiisaa fiduuf biyya keenya keessatti sirna gabaa bilisaa hojii irra oolchuu dha.

Kanas galamaan gahuuf imaammataa fi tarsiimoo misoomaa baadiyyaa gidduu galeessa godhate diriisuudhaan miisooma qonna baadiyyaa adeemsisuu fi misooma dinagdee kan biroo irratti harka waliqabachuun tumsanii hojjechuun ni barbaachisa.



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala- 12**

**Gaaffilee armaan gadii Irratí mari'adhaa**

1. Dinagdee gabaa bilisaa jechuun maal jechuu dha?- Ogeessa gaafachuun daree keessatti irrattímari'adhaa.
2. Misooma dinagdee baadiyyaa qonna giddu galeessa godhate yoo jedhamu yaadni hubattanmaal?
3. Guddina dinagdee misooma biyyaa irratti gaheen keessan maal? Daree keessatti irrattí mari'adhaa.



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada xumura boqonnichaa

Hawaasni aadaa jabaatanii hojjachuu qabu guddinni isaa ariifataa, dinagdeen isaas kan cime dha. Hojiin dhala namaatiif bu'uura (wabii), jireenyaaf immoo furtuu guddinaa waan ta'eef biyyoonni aadaa cimanii hojjechuu gonfatan jiruu mijaa'aa jiraatu. Hojii osoo hin tuffatin akkasumas osoo hin filatin hojiif kabaja qabaachuun warroonni hojjetan guddinaan sadarkaa tokko irraa gara sadarkaa olaanaatti jijjiiramaniiru. Hojiin yeroo baay'ee hirmaannaa ummataa fi lammiilee waan barbaaduuf namoonni hundinuu ogummaa fi dandeettii qabaniin gahee isaanii ba'uu qabu. Inni tokko hojjetaa kuun taa'ee kan nyaatu yoo ta'e kufaatii nama dhuunfaa fi hawaasaa fiduu qofa osoo hin ta'in giddina biyyaatiifis gufuu ta'a. Kana waan ta'eef hojjetaan hundi ogummaa fi naamusa ogummaa isaa walsimsiisuun aadaa hojii cimaa gonfachuuf mataa isaa amansiisuu qaba.

Akkuma beekamu mootummaa federaalaa Itoophiyaatis ta'e imaammanni dinagdee keenya lammiin hundinuu kallattii hojii kamiyyuu irratti hirmaatee biyya isaa akka misoomsu carraa bal'aa kennee jira.

Carraa fi mirga lammummaa kanaatti fayyadamuun ogeessi hundi yeroo hojii kabajuun, naamusa hojii eeguun, ogummaa isaa yeroo gara yerootti fooyyeeffachuus ta'e jijjiirama misooma dinagdee biyyaa fiduu irratti itti gaafatamummaa qaba.



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun kan sirrii ta’e ‘dhugaa’ kan sirrii hin taane ‘soba’ jechuun deebii kennaa.**

1. Biyyi kan misoomu lammiileen hundi aadaa cimanii hojjechuu yoo amaleeffatani dha.
2. Cimee hojjechuu kan qabu qotee bulaa baadiyyaa keessa jiraatu qofa dha.
3. Ogeessi tokko tajaajila ogummaa kennuun alatti naamuusa ogummichaa kabajuun barbaachis dha.
4. Ogeessi tokko ogummaa itti leenjifameen hojii yoo dhabe hojii xixiqqoo kan biroo hojjechuu hin qabu
5. Osoo hin hojjetin nyaachuun mallattoo hirkattummaa ti.

**II. Kanneen Armaan Gadii Walitti Firoomsaa**

| “A” | “B” |
|---|---|
| 1. Kadhaa | A. Seeraan Yerootti fayyadamuu |
| 2. Naamuusni ogummaa kan ittiin ibsamu | B. Bu’uura guddinaa fi misooma hawaasaa |
| 3. Aadaan hojii gabbachuu | C. Nama beekumsi isaa nama biraa hin fayyadne |
| 4. Hojii gamtaa liqii fi qusannaa | D. Yeroo fi dhala murtaa’aadhaan liqaa liqeeffachuu,deebisuu, |
| 5. Beekumsa dhokate | E. Rakkina hawaasaa keessaa isa tokko dha |
| | F. Qurxummiin kan ittiinkiiyye-ffamu |

**III. Bakka Duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta’een guutaa.**

1. Guddinni biyya keenyaa kan dhugoomu lammiileen aadaa ___________ yoo guddifatan dha.
2. Rakkinoota hawaasummaa biyya keenyaa keessaa _____________ _____________ fi _______________ eeruun ni danda’ama.
3. Ogeessi tokko dandeettii ogummaa isaatiin alatti dabalataan wanti kabajuu qabu ______________________ jedhama.



Sample output to test PDF Combine only

## IV. Gaaffiilee armaan gadiif deebii Sirrii Kennaa.

1. Ogeessa tokko irraa dirqamni eegamu
   A. Dandeettii ogummaa
   B. Yeroo seeran itti fayyadamuu
   C. Naamusa ogummaa
   D. Hunduu sirriidha

2. Biyyi tokko misoomuu kan dandeessuu
   A. Aadaa hojii cimaa guddifachuun
   B. Osoo hin hojjetin nyaachuun yoo cimu
   C. Hojiiwwan muraasni kabaja walqixaa argachuu
   D. Hundinuu deebii ta'uu danda'u

3. Hojii ilaalchisee sirri kan hin ta'in kamii ?
   A. Hirakattummaa balleessuu
   B. ogummaa ofiitiin hawaasa tajaajiluu
   C. Yerootti seeraan fayyadamuu
   D. Osoo hin hojjetin nyaachuu

4. Rakkina guddaa hawaasummaa tokko kan ta'e isa kam?
   A. Aadaa hojii isa cimaa
   B. Kadhaa
   C. Walqixxummaa
   D. Hunduu sirriidha.

5. Kanneen armaan gadii keessa tokko hojii qonnaa miti.
   A. Horii furdisuu
   B. Biqiltoota kunuunsuu
   C. Qonna Amayyaa
   D. Albuuda baasuu

## V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa

1. Hojiin xiqqaa fi guddaa hin qabu jechuun maal jechuu dha?
2. Hirkattummaan maal maaliin ibsama?
3. Yeroo seeraan itti fayyadamuu dhiisuun miidhaa maal fida?



Sample output to test PDF Combine only

Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA SADDEET

# OF DANDA'UU

Kaayyoolee Boqonnichaa: Barumsa kana erga xumurtee booda:

- ***Maalummaa hirkaattummaa hawaasummaa fi dinagdee ni hubatta .***
- ***Barbaachisummaa ejjennoo mataa ofii yaada namoota kan biroo waliin wal simsiisuu ni hubatta.***

## 8.1. Faaydaa of danda'uu

- Waan kutaa 5ffaa kessatti barattanii fi muuxannoo keessan ka'umsa gochuun faaydaa of danda'uu ibsaa.
- Namoota naannoo jireenya kees saniitti of irratti amantaa qaban jettanii yaaddan maqaa isaanii eeruun sab-aba kana jettaniif ibsaa.

### Of Danda'eera

Dandeettii fi humna koo madaalee beekeera. Waanan danda'e hunda cim-ee hojjachuuf ka'eera. Nama barsii-suudhaan ofiifis barachaa. Hirkattum-maas ta'e kadhaarraa ba'eera. Akka namaa gadi hin taane ofitti ama-aneera. Kanaan booda hin jiraadhuu eenyuttuu hirkadhee. Kadhaan hin jiraadhu harka koo diriirsee. Ofiin of nan bulcha. Kadhattuu hin ta'u nan jiraadha hojjedhee. Of danda'uu kootiin jabe-enya argadhee.

**Galgaala -1**
**Walaloo armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee kanaa gaditti kennamaniif deebii kennaa**

1. Of danda'uuf maal gochuu qabna?
2. Walaloo kana keessaa jechoo-taa fi gaaleewwan faaydaalee of danda'uu ibsan adda baas-uun irratti mari'adhaa.

Of danda'uu jechuun beekumsa, diinagdee fi humna ofii itti gaafatam-ummaa fudhatanii ofiif , maatiif, haw-aasaa fi biyya ofiif fayyaduuf qabat-amaan hojjachuudhaan hirkattumm-aa jalaa ba'uu jechuu dha. Haaluma kanaan mana keessatti, mana barn-ootaatti hariiroo hawaasummaa kees-



Sample output to test PDF Combine only

satti, dinagdeenis ta'e yaadaan namoota biroo irratti osoo hin hirkatin fedhii ofii gama adda addaatiin guutt-achuu ni dandeessisa. Fakkeenyaaf baratt-oonni of danda'anii hojjechuu kan qaban keessaa seeraa fi qajeelfama mana barnoota isaanii kabajuu fi barumsa isaanii cimanii barachuu dha. Kana yoo raawwatan immoo lammii mataa isaaniif, Maatii fi biyyaaf fayy-adu ta'uu danda'u .Haala yeroo qo'annaa isaanii hin tuqneen warra isaanii hojiin gargaaruu akkasumas ofis gargaaruun jireenya isaanii gara fuulduraaf bu'uura cimaa buusuu qabu.

Walumaagalatti, of danda'uun hirkat-tummaa hawaasummaa fi dinagdeef osoo hin saaxilamin of irratti amantaa qabaachuu ,yaada mataa ofiin hogg-anamuu ,ejjennoo mataa ofii qabaa-chuu fi murteessuu nama dandeessisa. Namoonni of danda'an miirri wal qixxummaa waan itti dhagahamuuf faaydaa nama biraa irraa argamu jala hin galan; Hin kadhatanis.Kanaaf, walabummaa isaanii eeganii kaka'-umsa mataa isaanii fi itti gaafatam-ummaan hojii misoomaa ni hojjetu.

**Gilgaala -2**
**Gaaffilee armaan gadiif deebii kannaa.**

1. arattoota mee isin keessaa nama tokko kan isin mari'ac-hiisuu fi barreessaa filadhaa. Sanaan booda harka baasuun faaydaa of danda'u irraa arg-amu tarreessaa. Barreessaan gabatee gurraacha irraatti yaa barreessu. Itti aanuun tarree-ffamoota dhiyaatan keessaa sirrii kan ta'ee fi kan hin taane irraatti sababa dhiyee-ssuun irratti mari'adhaa .Xu-mura irrattis yaada tokko irraa gah-aa .

## 8.2 Hirkattummaa

### 8.2.1. Hirkattummaa Jechuun Maal Jechuu Dha?



*Fakkii 8.1 Baratаa qorumsa irratti barataa biraa irraa deebii hataa jiru*



Sample output to test PDF Combine only

- ***Akka fakkii kanaatti sababni baratataa kana hirkataa taasise maal?***
- ***Akka fakkii armaan oliiti bara-taan kun hirkattummaa irraa walaba ta'uuf maal gochuu qaba?***

### Ilma Hirkataa

Obbo Ismaa'eel ijoollee lama Fatiyaa fi Ahimad kan jedhaman qabu. Daba-lataan Zayinuu guddifachaan fudhata-nii jiru.Warri Zeyinuu waan irraa du'aniif obbo Ismaa'eel isa kan gud-disan. Ahimad yeroo mara ispoortii meeshaalee ulfaatu kaasuu hojjeta. Nyaatas sirritti nyaata.Kanaaf, qaamni isaa baay'ee jabaa fi cimaa dha

Fatiyaan uffata isaa miiccitiif.Zayinuun kutaa ciisicha isaa qulqulleessaaf. Nya-ata qophaa'ee dhiyaate nyaachuufillee bishaan harka ittiin dhiqatu hatat-tamaan yoo hin kennamneef ni lola ture. Mana barnootaattis barattoonni kutaa humna isaa waan sodaataniif qormaata ofi hojjechiisaa turan. Zaiy-inuun garuu hirkataa ta'uu waan hin barbaadneef mana isaa keessatti hanga humna isaa hojiidhaan ni gargaara. Beekumsa argachuus waan barb-aaduuf qo'annaa isaa yoo xumuru hojii manaa kennameef hojjetee gara gaa-raajii obbo Ismaa'eel deema. Achittis makaanikoota meeshaalee adda addaa dhiyeessaa fi waan isaan hojjetan hubata.

Obbo Ismaa'eel haala Zayinuun irra jiruun gammadanis haalli Ahimad irra jiru garuu baay'ee isaan gaddisiisa ture.Jireenyi isaa kan gara fuula duraas baay'ee isaan yaaddessa ture.

Obbo Ismaa'eel guyyaa tokko haala Ahimad irra jiru isa hubachiisuuf mala waan argatan itti fakkaannaan lamaan isaanii waamanii "Ani dulloomee jira waan ta'eef gaaraajichaa lamaan keessan keessa namni tokko itti gaafatamummaa fudhattanii bulchitu jedhan. Waan hunda dura garuu bee-kumsa waayee gaaraajii irratti qabdan madaaluuf waayee gaaarajii ilaalchisee qormaata isiiniif kenna jedhan. Zayinuun dafee toolee jedhe. Ahimad garuu hojii hojjetee waan hin beekneef ykn namoonni yoo hojjetan hubatee waan hin beekneef of irratti amantaa qabaachuu hin dandeenye .Aareet "Anii bar ilma kee ti." jedheen. Kanaaf, hirkataa waliin hin dorgomu jedhe. Obbo Ismaa'eelis amala hirkattummaa kan qabu Ahimad ta'uun isaa ifatti waan itti mul'teef gaddanii "Hirkataa si dha malee Zayinuu miti " jedhanin.



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala- 3**
**Dubbisa Armaan olii bu'uura godh-achuun gaaffilee kanaan gadiif deebii kennaa**

1. Obbo Ismaa'eel Zeyinuun hirkataa miti yoo jedhan maal jechuu isaanii ti ?
2. Ahimad ofitti amanee akka hin dorgomne gufuu kan itti ta'e maal?
3. Akka Ilaalcha keessaniitti Ahimad fi Zeyinuu keessaa yaada hirkat-tummaa kan qabu eenyuu?
4. Ahimad gara fuuladuraatti nama ofitti amanee jiruu fi jireenya isaa fooyyeessee of bulchu akka ta'u maal goc-huu qaba?

Hirkattummaa jechuun meeshaalee fi fedhii ofii beekumsa, maallaqaa fi hu-mna nama birootiin akka guutamuuf eeguu jechuu dha. Fedhiin kun immoo dandeettii keenyaatti akka hin fay-yadamnee fi akka of hin kabajne taasiisuun walabummaa keenya dabar-sinee namoota birootiif akka kenninu nu taasisa. Ofittis amantaa waan dh-abnuuf hojii hojjechuu ni sodaanna. Hojii yoo hin hojjenne immoo bee-kumsaa dagaagfachuun hin dand-a'amu jechuu dha. Yeroo dargagg-ummaa beekumsa argannee hojii bu'a qabeessa ta'e akka ittiin hojjechuu hin dandeenye nu taasisa. Kanaaf, lammii gaarii taanee hirka-ttummaa ijoollum-maa keenya irraa kaasnee dhaba-msiisuu qabna.

**Gilgaala- 4**
**Gaaffilee armaan gadiitiif deebii kennaa**

1. Hirkattummaan haala kamiin beekumsaan akka hin gud-danne guufuu ta'uu dan-da'a?
2. Hirkattummaan ofitti aman-ummaa akkamiin dhabams-iisa?
3. Hirkattummaan haala kam-iin walabummaa keenya ak-ka dhabnu nu taasiisaa ?

### 8.2.2 Hirkattummaa Dinagdee Fi Hawa-asummaa

1. Daldalli seeraan alaa (kontiroba andii) miidha hawaasummaa fi din-agdee irratti qabu ibsaa.



Sample output to test PDF Combine only

## Hibboo

| Hibboo Lakk 1 | Hibboo Lakk 2 |
|---|---|
| **1. Hibboo Hibbakka**<br>**Gaaffii**:Miidhaan daldala seeraan alaa maal?<br>**Deebii:** Qorichaa fi nyaata qulqullina hin qabne gara biyya ke-essaatti galchuu dha.<br>**Gaaffii:**Miidhaan biroo hoo maal dha?<br>**Deebii**:Meeshaalee waraanaa yakki ittiin hojjetamuu fi baalli sammuu dhala nam-aa hadoochu daa-ngaa cabsuun biyya keessa galuun fayyaa fi tasgabbii ummataa jeequ. | **2. Hibboo Hibbakka Gaaffii:**<br>Daldalli seeraan alaa biyya hiyyoomsa,gárg-aarsa eeggattuu nama taasisa. Kun akkamitti akka ta'e eenyu kan ibsu**?**<br>**Deebii**:Ana,Gibira otuu hin kaffalin akka dar-ban nan beeka. Dal-daltoonnis seeraan ala gibira osoo hin kaffalin hafuun maallaqa umm-ataa misoomaaf oolu hatanii hambisi.<br>**Gaaffii**: Maal wayya ree?<br>**Deebii:** Biyyi keenya biyyoota guddatan wal-iin akka deemtu namo-ota osoo gibira hin kaff-alin seeraan ala dalda-luun qabeenya umma-taa fi biyyaa hatanii ha-mbisan irratti ni qabs-oofna. |



*Fakkii 8.2 Daldalli kontiroobaandii biyya miidha*

**Gilgaala -5**

**Hibboo fi hibbakka armaan olii bu'uura godhachuun ga-affilee armaan gadiitiif dee-bii Kenaa.**

1. Hibboo fi hibbakka armaan oliitti ibsame qo'adhaatii lama lama ta'uun haala seera tapha hibboo fi hib-bakkaatiin taphadhaa.
2. Nama tokko kan isiin mari'-achisuu fi barreessaa tokko filadhaa. Daldala seeraan alaa ilaalchisee hibboo fi hibbakka keessatti kan ibsaman akkamiin miidha dinagdee fi hawaasummaa geessisuu akka danda'an irratti mari'adhaa.

Meeshaaleen adda addaa karaa daldala seeraan alaatiin biyya keessaa yoo bahanii fi galan qabamuu isaanii sub-qunnamtii adda addaa irraa dhag-ahama. Meeshaaleen qabamuu qofa osoo hin ta'in abbaan qabeenyichaas mana murtiitti dhiiyaachuun adabbiin maallaqaa fi hiidhaa itti murtaa'aa jira. Xiyyeeffannaan kun hundi dal-dala seeraan alaatiif maaliif barb-aachise isiniti fakkaata? Sababiin xiyyeeffannaa kanaa : Daldala seeraan alaa seera biyyaa cabsuun mees-haalee garagaraa gara biyya keessaatti



Sample output to test PDF Combine only

galchuu fi gara biyya alaa erguun kan raawwatu ta'uu isaa ti. Kun immoo mootummaan tajaajila hawaasaa guutuuf galii keessaa fi alaa gama gibiraa fi sharfaan argatu hir'isuun dinagdeen biyyaa akka kufuu fi biyyattiin hirkattuu akka taa'tu kan godhu dha. Karaa birootiin immoo fiilmii, poostaraa fi fakkiiwwan adda addaa fi duudhaa akkasumas safuu hawaasa waliin kan hin deenmee fi jireenya hawaasummaa irratti miidhaa geessisan biyya keessa ni galu. Dbalataaniis meeshaaleen waraanaa seeraan ala daangaa cabsuun ni galu. Meeshaaleen kun immoo seeraan otuu hin galmaa'in harka namoota dhuunfaa galuun qabeenyi ummataa fi mootummaa akka saamamuu fi jeequmsi akka ittiin gaggeeffamu ta'a.

Nyaatnii fi qorichi qulqullinni isaanii hin mirkanoofne yeroon itti tajaajila kennan hin beekamne, qaama namaa irratti miidhaa kan hin geessisne ta'uun isaanii hin hubatamne, gara biyya keessaa akka galan godha. Kanumaan walqabatee yeroo ammaa sadarkaa addunyaatti gochi seeraan alaa ykn sochiwwan yakkaan walqabatan kan akka baala sammuu dhala namaa hadoochuu kan raawwatamu karaa daldala seeraan alaa kanaan dha. Waan kana ta'eef daldalli seeraan alaa dinagdee fi hawaasa biyyaa irratti miidhaa kan geessisu waan ta'eef hundi keenya daldalli ser-aan alaa kun diina biyyaa ta'uu beeknee irratti qabsaa'uu qabna.

**Gilgaala- 6**
**Gaaffiilee armaan gadiif deebii kennaa**

1. Miidhaan daldalli seeraan alaa gama dinagdee fi hawaasummaa biyyaa irratti fidu ibsi.
2. Daldala seeraan alaa irratti namoonni hirmaatan namoota amala akkamii qaban dha?

## 8.3. Ofiiti Amanuu

### 8.3.1. Malawwan Ofitti Amanuun Ittiin Ibsamu

- ***Gochawwan ofiitti amanuun ittiin ibsamu jettanii yaaddan tarreessaa.***
- ***Barattoonni mana barnootaa keessatti amantaa of irratti qabaachuun isaanii akkamiin akka beekamu ibsaa.***

**Firii Baratichaa**

Barsiisaan firii qormaata barattootaa afaaniin himaa jiru.Kana keessa barataan tokko barataa maddii isaa taa'etti hasaasuun," Barsiisaan keenya firii koo na jalaa dogoggorsiiseera" jedheen. Hiriyaan isaas "Na irraa callisi.



Sample output to test PDF Combine only

Akkamitt dogoggorte naan jetta jechuun ni dheekkamu" jedheen.

"Dogoggorri jiraachuun isaa dhugaa dha.Kana ibsuus nan danda'a.-"jedhe.

Sana booda bakka taa'ee ka'uun:- "Barsiisaa, firii koo na jalaa dogoggortan" jedheen. Barsiisichis fuula isaa walitti guuruudhaan "Waraqaa qorumsa`keessanii sirriitti ergan sorosee booda dha galmeessee kanan baase" jedhan. "Lakkii barsiisaa tasumaa sirrii miti. Ani barumsa koo daree keessatti sirritti hordofeera. Hojii manaa nuuf kenname hundas hojjadheera. Qormaataafis qophaa'eetan gale. Sirritti wantan irratti qophaa'eef qorumsichis natti hin ulfaanne. Kanaafuu, firiin natti himtan inni gad aanaan kun kan koo ta'uu hin danda'u" jedheen. Barsiisichis sababni barataan dhiyeeffate amansiisaa waan ta'eef gara biirootti deebi'anii deeman. Isa booda waraqaa qorumsa baratichaa yeroo ilaalan baay'ee dinqisiifatan. Sababiin isaas firiin baratichi argate baay'ee olaanaa ture. Barsiisichis gara dareetti deebi'uudhaan dhiifama gaafatan.

**Gilgaala- 7**

**I. Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebsi.**

1. Barattoota dura taa'aa fi barreessaa tokko filadhaa. Sana booda dubbifama armaan olitti dhiyyaate irraa ka'uun barataan kun mataa isaatti abdachuu akka danda'u taasisan gadi fageenyaan ibsaa. Dabtara keessan irrattis yaadannoo barreessuu hin dagatinaa.
2. Isin akka baratаa cimaa kanaatti rakkoon osoo isin mudatee maal gootuu?
3. Sababoota yaadni baratаa cimaan kanaa fudhatama akka argatu taasisan ibsaa.

Ofitti amanuu jechuun mataa ofii danda'uu wajjin walitti hidhama qaba. Namni hirkattummaan jiraatu lammii mataa isaatti amanu ta'uu hin danda'u. Mataa ofii danda'uun immoo aadaa hojii cimaa qabaachuu dhimma bu'uura ta'e dha.Lammiin aadaa hojii gaariin qarame mataa isaa danda'ee mataa isaatti amanuun isaa kan oolu miti.Namni haala kanaan of irratti amantaa qabu nama waayee isaa irratti hubannoo sirri qabu dha. Kanaafuu, waliin mari'atanii wal hubachuu fi yaada mataa isaa yaada namoota kan birii waliin wal simsiisuuf akk-



Sample output to test PDF Combine only

asumas dogoggora jiru amanee fudhachuu fi sirreessuu hin rakkatu. Kana irra darbee immoo lammiileen ofitti amanan yaada namoota biroo waan keessummeessaniif guddina dimokraasii, nageenyaa fi misooma biyya keenyaaf gahee murteessaa ta'e qaba.

**Gilgaala-8**

**Gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa**

1. Ofitti amanuuf of danda'uun barbaachiaa kan ta'e maaliif?
2. Amala namoota ofitti amananii ibsaa.



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada xumura boqonnichaa

Of danda'uun aadaa hojii cimaa guddiffachuu fi itti gaafatamummaa fudhachuu waliin kan walqabatu dha. Of danda'uun miira ofitti amanuu fida. kadhaa balleessuun walqixxummaan akka jiraannu nu taasisa. Gama biroon immoo hirkattummaan humna dadhabsiisuun kaka'umsa dhalli namaa hojii adda addaa irraatti qabu ajjeesuu irra darbee jireenya namaa keessatti gufuu ta'a. Daldalli seeraan alaas fayyaa, dinagdee, nageenyaa fi jireenya hawaasummaa garmalee miidhu. Ku nis bu'aa yaada hurkattummaa ti. Kanaaf, humna qabnu haalaan xinxaluun,yaada keenya yaada nama biroo waliin wal simsiisuu qabna. Dhimmoota mataa keenyaaf, maatii fi biyya keenyaaf ni fayyadu jennee itti amannee ejjennoon hojii irra oolchuunf itti deemuu fi dogoggora jiru amannee fudhachuun sirreessuun bu'a qabeessa dha. Tattaaffiin lammiin kamiyyuu of danda'uu fi ofitti amanuuf godhu guddinaa fi badhaadhina biyyaaf gahee olaanaa qaba.



Sample output to test PDF Combine only

## JECHOOTA IJOO

**kadhattuu**: Osoo hin hojjetin namoota kadhaadhaan jiraatan.

**Matta'aa**:Kenna karaa seeraan ala ta'een dhimma tokko raawwachiisuuf jech amaallaqa ykn waan biraa namaaf kennamu ykn nama irraa fudhatamu

**Beekumsa Namoota Biroof Dabarsuu**: Waan beekan namni biraa akka beeku gochuu

**Hirkattummaa:** Osoo hin hojjetiin bu'aa dhafqa namoota birootti hirkatanii jiraachuu.



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee keessa deebii

## I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun jecha sirrii ta'eef 'dhugaa' jecha sirrii hin taaneef 'soba' jedhuun deebisaa

1. Of danda'uun miira kadhaa dhabamsiisuuf ni gargaara natti hin fakkaatu.
2. Miirri hirkattummaa humna keenya guutummaan guutuutti akka itti hin fayyadamne nu taasisa.
3. Humna qabnuun namoota biroo gargaaruun nuti akka of hin dandeenye gufuu nutti ta'a.
4. Ofitti amanuu kan dandeenyu waa'ee mataa keenyaa hubannoo sirrii ta'e yoo qabaanne dha.
5. Yaada keenya yaada namoota kan biroo waliin wal simsiisuu akka dandenyu yaada namoota kan biroo fudhannee raawwachuu qabna.

## II. Gaaffilee "A" jalaa kan "B" jala jiraniin Walitti firoomsi

| "A" | "B" |
|---|---|
| 1. of danda'uu | A. Nageenya hawaasaa fi dinagdee biyyaa ni miidha. |
| 2. Barataa of hin dandeenye | B. Ofitti kan amanu |
| 3. Waayee ofii hubannoo sirrii kan qabu | C. Hirkataa |
| 4. Matta'aa kennuun dhimma ofii Raawwachiisuu | D. Falmanii amansisuu ykn yaada namoota biroo amananii fudhachuu |
| 5. Daldala seeraan alaa | E. Qormaata nama biroo irraa hojjachuu |

## III. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhaa.

1. Ofitti amanammummaa jechuun
   - A. Namni kamiyyuu tattaaffii yoo taasise figichaan tokkoffaa baha jechuu dha.
   - B. Dandeettii fi humna ofii madaaluun tattaaffii ofiitiin qabeenya ittiin jiraatu argachuuf madda galii horachuu jechuu dha.
   - C. Fedhii ofii guutuuf jecha hirkataa ta'uu dhiisuu
   - D. 'B' fi 'C'n deebii ta'u



Sample output to test PDF Combine only

2. Of danda’uu
   A. Nama beekamaa ta’uun barbaachisaa dha.
   B. Humnaa fi dandeettii ofii madaaluun beekuu fi hojjechuun barbaachisaa dha.
   C. Beekumsa ofii guddisuu fi of cimsuun barbaachisaa dha.
   D. hunduu sirrii dha.
   E. “a” n alatti hunduu deebii dha.
3. Namoonni ofitti amanan
   A. Yaada namoota biroo hin fudhatan
   B. Wantoota haaraa uumuuf yaalii taasisu
   C. Yaada namootaa seeraan ni dhaggeeffatu, amantaa mataa isaaniis namoota biroof ni ibsu
   D. “A” n alatti hundinuu sirrii dha
4. Hirkattummaa jechuun
   A. Osoo hin dadhabin jiraachuu waan nama dandeessisuuf faaydaa qabeessa dha.
   B. Hamilee namaa laamshessuun miira gad aantummaa uuma
   C. Bu’uura guddinaa ti
   D. Hundinuu deebii dha.
5. Dogoggora amananii fudhachuun faaydaa qabeessa kan ta’e
   A. Namoota lolan irraa walaba ta’uuf jecha yoo raawwate dha.
   B. Faaydaa dinagdee argachuuf jecha yoo raawwate dha.
   C. Amala wantootaa madaaluu fi hubachuudhaan kan raawwatu yoo ta’e dha.
   D. Namoota birootiin galatoomfamuu fi faaydaa argachuuf jecha yoo raawwate dha.

**IV. Bakka duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta’een guutaa**

1. Daangaa biyyaa cabsuun meeshaalee adda addaa seeraan ala biyya keessa galchuun _____________ jedhama.
2. Akka bishaan boollaa yaa’uutti yeroo hunda yaada namaa irratti hunda’uun _____________ jedhama.
3. Kenni namoota aangoo qabanitti fayyadamuun faaydaa seera qabeessa hin taane argachuuf jecha kennamu ________________jedhama.

**V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa**

1. Miidhaa hrkattummaan fiduu danda’u ibsaa.
2. Faaydaa of danda’uun argamsiisu tarreessaa.
3. Yaada mataa keenyaa fi kan namoota biroo wal simsiisuun maaliif barbaachisa?



Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA SAGAL

# AADAA QUSANNAA

Kaayyoolee Boqonnichaa: Barumsa kana erga xumuteen booda

- ***Faaydaa qusannaan qabu ni beekta***
- ***Baasii baraachisaa hin taane hiri'isuun mallattoo qusannaa ta'uu ni hubatta.***
- ***Humnaa fi dandeettiin buluudhaan aadaa qusannaa akkamitti cimsuun akka danda'amu ni hubatta.***

## 9.1. Qusannaa

### 9.1.1. Faaydaalee Qusannaa

- ***Naannoo jireenya keessatti namoota qusannaatti fayyadamuun of danda'an beektuu? Jiruu isaanii kan duraa fi kan ammaa wal bira qabuun madaaluun garaagarummaa ykn jijjiirama jiru hiriyoota keessanitti himaa.***

***Tirsiitiifi obbooleeyyan ishee***

Tirsiitii fi obboleeyyiin ishee abbaa fi haati isaanii balaa konkolaatatiin erga du'anii waggaa tokko darbeera. Yaa tu'u malee warrii ijoollee kanaa yeroo lubbuun turan maallaqa waan qusataniif ijoolleen isaanii rakkoo malee jiraachuu itti fufan. Tirsiit beektuu waan taateef quxusuuwwan ishii hogganuuun maallaqa qaban seeraan itti fayyadamaa barnoota isaanii barachuu akka qaban itti himte. kanumaan maallaqa kanatti fayyadamaa walii yaaduun jiraatu. "Maatiin keenya osoo maallaqa kana yeroon qusachuu baatanii har'a eessa seenna turre ?"- jechuun warra isaanii galateeffatu.

**Gilgaala -1**
**Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e kennaa.**

1. Tirsiitii fi obboleeyyiin ishee barumsa isaanii osoo addaan hin kutin barachuu kan danda'an maallaqa warri isaanii olkaa'aniifiin ta'uu isaa see-naa kana irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, warri ijoollee kanaa maallaqa kana qusachuu kan danda'an tasa du'uu ofii waan beekaniif ta'innaa laata? Deebiin keessan "eeyyee" yoo ta'e akkamitti beekuu danda'an? Deebiin keessan "miti" yoo ta'e maallaqa kana maaliif akka olkaa'an ibsaa.
2. Dubbisa armaan ol bu'uureeffachuun Tirsiitii fi obbooleeyyiin ishee hanga of danda'anitti barachuuf jecha maallaqaa warra isaanii irraa dhaalan akkamitti itti faaydamuu qabu?



Sample output to test PDF Combine only

Qusannaan faaydaa hedduu qaba. Galii yeroo murtaa'aa ta'e tokko kee-ssatti argamu qusachuun of fuulduraaf olkaa'uu fi rakkoon tasaa yoo nama qúnname rakkoo ittiin bahuuf nama fayyada. Qusannaan fedhiiwwan bu'u-ura ta'an guuttatanii jiraachuuf baa-y'ee fayyada. Fedhiiwwan bu'uura jireenya dhala namaaf barbaachisoo ta'anis kan akka midhaan nyaataa, uffataa fi mana jireenyaa fa'a dha. Qu-sannaan dhunfaanis ta'ee, maatiin akka of danda'anii fi dandeettii ofitti amanuu akka horatan taasisaa. Nam-oonni mataa ofii danda'an miira hirkattummaan ykn gad antummaan ykn hiyyummaan itti hin dhagahamu.

Qusannan barumsaan of guddisuuf nama gargaara. Wayeen barumsaa yoo ka'u yeroo baa'yee summuutti kan dhufu waayee barumsa ijoollee qofa ta'uu danda'a. .Haa ta'u malee barumsi umuriin wan hin daangeffamneef maatiin ijoollees sadarkaa olaanaa irra hin geenye yoo ta'e jiruu ofii foy-yeeffachuuf jecha hojjechaa baratu. Fakkeenyaaf, mana barnootaa fi koll-eejjii keessatti namoonni galgala bara-tan hojii idilee kan qabanii fi maatii bulchan dha .Kana gochuu kan dan-da'an galii argatan irraa qusachuun baasii barumsaaf barb-aachisu kaff-aluudhaan dha. Qusa-nnaan yeroo dh-ukkubsatan, dullo-omanii fi sababa adda addaan humna daban kadhaaa namaa irraa nama oolcha.

**Gilgaala -2**

**Gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa**

1. Faaydaalee qusannaa keessaa sadeen isaanii maatii ykn namoota naannoo keessanitti beekatan irraa ka'uun akka-sumas dubbisa armaan olii irraa ka'uun hiriyoota kees-saniif ibsaa..
2. Wanti sadarkaa keessanitti qusachuu dandeessan jira yoo ta'e ibsaa.

### 9.1.2. Tooftaalee Qusannaa

Maloonni qusannaan ittiin gaggeeffamu jechuun maal jechuu dha? Mee bars-iisaa fi hiriyoota keessanitti himaa.

***Al- Kudhan safarii si'a tokko muri***

Ganda tokko keessatti hanqinni roobaa ni qunnama jedhanii yaaduun ogee-ssonni qonnaa ummataaf barnootaa fi akeekkachiisa kennuuf gara gandichaa dhaqan.Haala kanaan namoonni naan-noo kana jiraatan bara dhufutti beelaa akka hin saaxilamne qabeenya isaanii ammumaa kaasee qusannaan akka itti fayyadamuu qaban barsiisan.Kana booda obbo Tasammaa fi haati manaa isaanii aadde Achaamyallash hojiiwwan bara kanaa fi bara dhufu raawwachuu barbaadan irratti mari'achuu akka qaban walii galan.



Sample output to test PDF Combine only

Bara kana intalli isaanii angaftittiin kolleejjii dhunfaatti galmooftee bar-achuu akka qabdu waan ama-nsiisteef yaada ishii fudhatanii jiru.Ilmi isaanii immoo haati manaa isaa ulfa waan taateef isaan bira dhuftee dahuu akka qabdu murteessanii hanga dhuftutti qophaa'anii eegaa jiru.

Sadaffaan immoo mana isaanii cita-adhaan ijaaramee ture gara qorq-oorrootti jijjiiruu akka qaban arm-aan dura murteessanii waan turaniif isuma kana gochuuf qophaa'aa jiru.

Baasiiwwan armaan olii kan isaan eegan ta'uu waan hubataniif irratti karoorfatanii qotiyoo sadeen qaban keessaa tokko gurguruuf, midhaan bara darbe galfatan keessaa immoo dheedhii kuntaala lama akkasumas lukkuu buphaa buustu takka gur-guruuuf yaadanii jiru. Barnoonni oge-essota qonnaatiin kennameef garuu hojii hojjechuuf karoorfatan irra dee-bi'anii akka itti yaadan taasise. Kanuma cinaatti immoo maatii isaan bulchan saglaniif uffataa fi nyaata dhiyeessuuf itti gaafatamummaa qab-u. Kanaaf, akka yaada alkudhan safarii si'a tookko muri jechuun hawaasa keessatti himamutti rakkoo dhufuu danda'u ilaaluun hawwii isaanii hojii irra oolchuun dura irra deebi'anii xinxaluu qabu.

**Gilgaala- 3**
**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.**

1. Obbo Tasammaa fi Achaam-yellash bara kana keessa kar-oora meeqatu isaan eeggata Maal fa'a dha ?
2. Galii qaban keessaa bahii gochuuf kan karoorfatan rak-koo isaanii waliin wal mada-alaa? Akkamitti?
3. Karoora isaanii keessaa kan haqamuu danda'u jiraa ? Dee-biin keessan"Jira "yoo ta'e isa kam? "Hinjiru" yoo ta'e maa-liif?
4. Gorsa ogeeyyii dhaga'uu fi hordofuun nama fayyadaa?

Dubbisicha bu'uura gochuu fi haala qabatama naannoo keessanii irraa ka'uun deebii keessan kennaa.

Maallaaqa baayyee si'a tokko argatn irraayis ta'e galii yeroo yeroon argatan irraa kuufachuun barbaachisaa dha. Haa ta'u malee maloonni qusannaan itti gaggeeffaman maal fa'adha? Malo-ota qusannaa ilaalchisee isaan arma-an gadii akka fakkeenyaatti eeruun ni danda'ama.



Sample output to test PDF Combine only

***A. Baasii hin barbaachisne hambisuu ykn hir'isuu***

Baasii hin barbaachisne hambisuun ykn hir'isuun maloota qusannaa keessaa isa tokko dha. Fakkeenyaaf,maatiin ijoollee barsiisaa jiran baasii humnaa olii gammachuu (cidhaa) fi gaddaaf baasuu irra wantoota barumsa ijoollee isaanitiif barbaachisu guutuuf dursa kennuu qabu. Namoonni kunniin qabeenya gahaa qaban yoo ta'e malee meeshaalee bareedinaa bituu, yeroo yeroon iddoo bashannanaa deemuu ,yeroo yeroon humnaa ol keessummaa afeeruu hin qaban.

***B. Mataa Ofii fi maatii ofii karooraan bulchuu***

Maloota qusannaa kan ta'an keessaa kan biroo mataa ofii fi maatii ofii karooraan humna ofii irratti hunda'uun bulchuu dha. Akkuma beekamu biyya keenya Itoophiyaa keessatti aadaa maatii baay'ee horachuu fi wal gargaaraa waliin jiraachuun kan barame dha. Haalli kun immoo karooraa fi humna qabaniin jiraachuu keessatti gadi fageenyaan itti yaaduu gaafata. Maatiin miseensa baay'ee qabu baasii midhaan nyaataa, uffata,fayyaa fi barnootaa guutuuf yeroon itti rakkatu jiraachuu ni danda'a.Kana waan ta'eef ,maatii ofii bittinsuun ,ijoollee jiruu fi jireenya daandiif saaxiluu ykn ,humna isaanii ol hojjechuun akka bulan taasisuu danda'a. Al-tokkoon miseensota maatii hundaaf uffata bituun rakkisaa ta'uu danda'a. Yeroo murtaa'e keessattis galii faaydaa maatii hundaaf oolu argachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Miseensa maatii loogii malee bulchuun barbaachisaa dha. Kana keessa wanti guddaan yaadamuu qabu aadaa qusannaa cimsuu fi isuma kana miseensonni maatii hundi akka hubatan gochuu dha. Maallaqni qusatame altokkoon fedha maatii hundaa guutuu hin danda'u yoo ta'e rakkoo cimaa ta'eef dursa kennuun barbaachisaa dha. Dabalataanis akka fakkeenyaatti yoo fudhanne biyya keenya keessatti iddoo baay'eetti ilma dhiira gara mana barumsaatti erguun akkasumas dubartii immoo sagantaa cidhaa humnaa ol ta'e qopheessuun heerumsiisuun kan barame dha.Inni kun immoo loogii kan qabuu fi yaada bu'uura qusannaatiin kan wal faallessu dha. Maatii horachuu irraa kaasee galii argamu rakkoolee ciccimoo ta'an hiikuuf oolchuun murteessaa dha. Maatii baay'isuu dhiisuun ,galii fi baasii waliin madaaluun karooraan jiraachuuf haala mijeessa.

***C. Mallaaqa kuufame qabaachuu***

Herrega baankii banuu,iqqubii,hojii gamtaa qusannaaa fi liqaadhaan gurmaa'uun mala qusannaa isa bayeessa dha. Maallaaqa baay'ee si'a tokko kaawwachuunis dirqama miti.Qusannaa saantima muraasa kaawwachuun jalqabuun ni danda'ama.



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala- 4**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Karooraan jiraachuu jechuun maal jechuu akka ta'e haala barattaniin ibsaa.
2. Tooftaalee qusannaa maatii ykn naannoo keessanitti baraman barreeffamaan qopheessuun hiriyoota keessaniif daree keessatti dubbisaa.
3. Maatii keessan keessaa baankiitti ykn Iqqubiitti fayyadamuu ykn miseensa hojii gamtaa qusannaa fi liqaa ta'e yoo jiraate gaaffilee armaan gadii gaafadhaa. Deebii isaas barreeffamaan barsiisaa keessaniif dhiyeessaa.

***D. Mana baankii deemuun maallaqaa kan kaawwatan yoom yoomii? Kan baafatan hoo?***

***E. Mallaaqa kana deemanii kan baafatan yoo rakkinni akkamii isaan mudate?***

## 9.2 Hawaasa Keessatti Gochaalee Faallaa Qusannaa




*Fakkii 9.1.Gochaalee faallaa qusannaa ta'an*

Ergaawwan fakkii irrattí mul'atan akkamiin faallaa qusannaa ta'uu akka danda'an ibsaa.

\

**A. Baasii humnaa olii**

- ***Naannoo jireenya keessaniitti namoonni baasii humnaa ol baasuun rakkoo fi miidhaa adda addaatiif saaxilaman yoo jiraatan ibsa itti kenna.***

**Rakkoo Walxaxaa**

Hiiruutii fi Tsadaaluun uffanni seeraa mana barnootaa isaanii kan bitame waggaa sadi dura ture.Uffanni seeraa isaanii kun moofa'uu irra darbee kan bututee fi binxame ture. Akkasumas halluun isaa jijjiirratee jira.. Hiiruutiif uffanni seeraa mana barnootaa akka bitamuuf yeroo gaafatan warri isaanii maallaqa uffata seeraa mana barnootaa ittiin bitamuuf akka hin qabne itti himaa turan .Kanaafis sababa kan ta'e



Sample output to test PDF Combine only

warrii isaanii gibira yeroo baay'ee osoo hin kaffalin kuufame akka kaffalan waan dirqamaniif, waamicha cidhaan boodaaf afeerraa humnaa ol taasisuun intala fira isaanii waan waamaniif, dabalataan immoo bara haarawaa kana keessa ollaadhaa gadi osoo hin ta'in baasii guddaa baasanii maag-aalaan alatti deemuun ayyannaa kab-ajuu waan qabanii fi ayyaana masqalaa itti aanuuf sangaa bitanii qaluu waan qabaniif ta'uu isaa tarreessaniif.

**Gilgaala- 5**

**Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa.**

1. Rakkoon maatii kanaa inni guddaan maal?
2. Rakkoo kana akkamiin ba'uu danda'u?

**B. Ilaalchaa duubatti hafaa**

- ***Ilaalchaa duubatti hafaa jechu-un maal jechuu dha? Mee wanti be-ktan yoo jiraate ibsa irratti kennaa.***

**Rakkoo Obbo Maahidarii fi Haadha manaa isaa**

Intalli obbo Mahiidarii fi aadde. Tir-ingoo, Tizzitaa kan jedhamtu baay'-ee jalaa dhiibamtee jirti. Dhibee intala isaanii Tizzitaa beekuuf jecha naannoo isaan irraa baay'ee fagoo ta'e ganda mortuu tokko deeman. Mortichi sab-aba maatiin kun gara mana isaa dhufaniif erga hubateen booda dhibeen intala tanaa "budaan nyaatamu" ishee waan ta'eef furmaata dhibichaa itti hi-muuf dursee akka hoolaa adii fidaniif hubachiise. Maatiin kun haaluma itti himameen hoolicha bitanii fidaniif. Hoolicha erga harkaa fuudhee booda warri intalattii biyya fagoo deemuun warqee gatiin isaa baay'ee mi'aawaa ta'e bitaanii galii akka godhan gaafate. Maatiin kun yeroo kanatti maallaqa harkaa qaban fixanii turan.Yaa ta'u malee maallaqa hin qabnu yoo jenne furmaata nuuf hin kennu jedhanii waan sodaataniif ollaa isaanii irraa liqeeffachuuf deeman.Kun immoo rak-koo cimaa keessa isaan galche. Haa ta'u malee maddi dhibee intaala isaanii hin argamneef. Silumaa dhibeen ishee cimaa dhufe. Maallaqni harkaa dhumaa deemuu fi liqii keessa galuun isaanii yeroof itti hin dhagahamne. Bara dhufu kaffaltii mana barnootaa ijoollee isaanii Kaffaluu akka hin dandeenye hin hubanne.

**Gilgaala -6**

**Gaaffillee aramaan gadiif deebii kennaa.**

1. Ilaalcha duubatti hafaa jech-uun maal jechuu dha?
2. Akka armaan olitti ibsametti hojmaata duubatti hafaa na-moota dhiphisuu fi rakkinaaf saaxilu



Sample output to test PDF Combine only

maatii fi ijoollee naannoo keessanii gaafachuun barsiisaa keessaniif dare-etti barreeffamaan dhiyeessaa.

Ilaalchonni duubatti hafoo ta'an jiruu fi jireenyi namaa akka hin fooyyofne godhu. Fakkeenyaaf, maal naan jedhan jechuun maallaaqa hedduu baasuu fi meeshaalee miidhaginaa adda addaa bituu, mana mortuu deemanii mal-aaqa bahii gochuun isa kanaaf ragaa ta'u. Akkasumas dubartoonni dhiiraa gadi akka ta'anitti ilaaluunis ilaalcha duubatti hafaa dha.Sababa Kanaan dubartiin hojjettee qabeenya akka horattu hin jajjabeeffamtu. Ilaalchoota duubatti hafoon kunniin qusannaa kan hin jajjabeessine dha.

**Gilgaala -7**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Ilaalchoonni duubatti hafoon guddina, jiruu fi jireenya namaa irratti akkamiin gufuu ta'uu danda'u?
2. Naannoo jireenya keessa-niitti ilaalchoota duubatti hafoo dha jedhaman tarree-ssaa.

## 9.3 Hiyyummaa

### 9.3. Salphina Hiyyummaan Fidu



*Fakkii 9.2 Ibsitoota hiyyummaa keessaa tokko*

Fakkii armaan olii ilaaluun balaa hiyyummaa fi beelli nama irraan gahu ibsaa. Hiyyummaan eenyumaaa namaa xiqqeessa. Hiyyummaan waan jaal-atan nama dhabsiisa. kabaja nama dhorka. Kadhaf nama saaxila.

Hiyyummaan bifa lama qaba.Inni tok-ko hiyyummaa maallaaqa ti. Inni lam-maaffaan immoo hiyyummaa beeku-msaa ti. Isaan lachuu dhalli namaa jireenya sadarkaa gad aanaa akka jira-atuu fi akka walitti bu'iinsi jiraatu kan godhan dha. Isaan lachuu hirk-attummaa uumu. Hirkattummaan im-moo nama hirkate irra darbee nama ofitti hirkises rakkoof saaxila. Namni hiyyummaa beekumsaa qabu hojii hojjechuu hin danda'u Kan namni hoj-jetuun jiraachuu fedha. Hiyyummaan beekumsaa hiyyummaa qabeenya caa-laa balaaf dhala namaa saaxila. Hiy-yummaa maallaqaa jabaatanii karo-oraan yoo hojjatan mo'achuun ni



Sample output to test PDF Combine only

danda'ama. Hiyyummaan beekumsaa kan badu garuu barumsaan qofa dha. Beekumsaa fi hojmaata haaraa fudhachuufis fedhii gaafata.

**Gilgaala- 8**
**Gaaffilee armaan gadii deebisaa**

1. Miidhaawwan hiyyummaan dhala namaa irratti geessisuu danda'u keessaa sadi barreessaa.
2. Hiyyummaanii fi aadaa hojii cimaa jiraachuu dhabuun gargar bahuu kan hin dandeenye ta'uu isaanii barreeffamaan barsiisaa keessaniif dhiyeessaa.

### 9.3.2 Hariiroo Qisaasummaa Fi Hiyyummaa

- ***Qisaasummaa jechuun maal jechuu dha? Hiyyummaa waliin haala kamiin wal qabatu?***

Hiyyummaan kan dhalatu sababa adda addaan dha.. Kanneen keessaa tokkoo fi inni ijoon qisaasummaa dha. Qisaasummaa jechuun immoo mallaaqa ykn qabeenya qabnu karooraan ala baasuu fi balleessuu jechuu dha. Fakkeenyaaf namoonni iqqubii fudhatan.

a) Afeerraa sababa malee gageessan yoo ta'e

b) Meeshaalee ittiin tajaajilamnu seeraan kunuunsanii itti fayyadamuu dhiisuun qisaasummaa dha.

Isa kana mee fakkeenyaan yaa ilaallu. Namichi gaarii oofu tokko meeshaalee gaarii isaa yeroo yeroon suphisiisee yoo kunuunse, gaarichi yeroo dheeraaf akka isa tajaajilu gochuu isaa ti. Akkasumas farda isaa nyaata gahaa fi boqonnaa gahaa yoo kenneef ,yeroo dheeraaf tajaajila irraa argachuu danda'a.Yaa ta'u malee gaarichi yoo jalaa miidhamu argaa maallaqa bahii gochuudhaan hin suphisiisu yoo ta'e ,farda isaaf boqonnaa fi nyaata gaarii yoo hin dhiyeessineef humna dhabaa deema. Dhumni isaas bayeessa hin ta'u.

**Gilgaala -9**
**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa**

1. Maloonni qusannaa jijjabeessan maal maal fa'a dha?
2. Qisaasummaan bu'uura hiyyummaa ti. Kun akkamiin ta'uu akka danda'u hiriyoota kee waliin irratti mari'adhaa.

### 9.3.3 Hiyyummaa Balleessuuf, Baasii Xiqqeessuu Fi Qusannaa Barachuu

- ***Wantoonni baasii hir'suu dandeessisan maal fa'a isinitti fakkaatu?***



Sample output to test PDF Combine only

Baasii xiqqeessuuf baasiiwwan barbaachisoo ta'anii fi hin taane addaan baasanii beekuun murteessaa dha. Fakkeenyaaf baadiyyaa keessatti iddoo ibsaan hin galletti qotee bulaan tokko boba'aa bitee yoo itti fayyadama ta'e qabeenya qisaase jechuu miti. Garuu ayyaana sababeeffachuun ijoollee isaaniif yeroo hundaa huccuu bituu fi ani eenyuu gadi jechuun baasii humnaa ol baasuun qisaasummaa ta'uu danda'a.

Ayyanaa fi afeerraa adda addaa irrattis fira dhiyoo qofa waamuun afeeruun osoo danda'amuu ani eenyuu gadi jechuun nama hedduu waamuun afeeruun rakkoo bara dheeraaf keessaa hin baane keessa nama galcha.

**Gilgaala- 10**

**Gaaffilee armaan gadii fi deebsaa**

1. Baasii barbaachisaa ta'ee fi hin taane haala qabatamaa naannoo keessaniitti argamu irraa ka'uun fakkeenyaan ibsaa.
2. Baasii barbaachisaa hin taane hir'suun, akkamiin hiyyummaaballeessuun akka danda'amu irratti mari' adhaa.



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada Xumura boqonnichaa

Namoonni jiruu tasgabbaa'ee fi mijaa'-aa jiraachuuf aadaa qusannaa barac-huu qabu.Aadaan qusannaa jiraac-huun faayidaalee garaagaraa qaba.

Namoonni qusachuun rakkoo fi hiyyu-mmaa moo'atanii jireenya mijaa'aa jira-atan hedduu dha. Qusannaan jireenya ofii fooyyessuu fi barumsaa fi beek-umsaan of cimsuuf gargaara. Qusann-aan gosa adda addaa qaba. Kanneen keessaa haala galii ofiitiin jiraachuun isa ijoo dha. Maallaqa olkaawwachuu fi humna ofiin jiraachuun baasii hin taaneef akka hin saaxilamne godha.

Aadaa qusannaa guddiffachuuf barm-aatilee duubatti hafoo adda baasanii beekuun ni fayyada. Barmaatileen kunniin qisaasummaa fi hiyyummaaf nama saaxilu. Humnaa ol afeerraa qopheessuu,ilaalchonni duubatti haf-oon wkf. barmaatilee qisaa-summaaf nama saaxilan dha.

Walumaagalatti aadaan qusannaa jira-achuu dhabuun isaa hiyyummaaf nama saaxila. Aadaan qusannaa jiraa-chuu dhabuu immoo qisaasinni jir-aachuu isaa agarsiisa. Qisaasum-maan itti fayyadama maallaqa seeraan ala ta'e dha.Rakkoo kana hambisuuf baasii hir'isuu fi qusannaa baruun barb-aachisaa dha. Sababni isaas hiyyu-mmaan kabaja namummaa nama dha-bsiisa. Kanaaf, amantaa of irratti qabaatanii jiraachuu fi hirkataa ta'anii nama rakkisuu manna aadaa qus-annaa gabbifachuu qabna.



Sample output to test PDF Combine only

## JECHOOTA IJOO

**Hiyyummaa:** Dhabiinsa, rakkoo, hiyyeessa ta'u

**Qisaasummaa:** Mallaaqa seeraan ala, karooraa fi kaayyoo malee balleessuu

**Qabeenya:** Mallaaqa , hambaa,

**Jiruu mijaa'aa**: Jireenya amansiisaa, ofitti amanuun jiraachuu, jireenya milkaa'aa rakkoo hin qabne, jireenya rakkoo hin qabne

**Liqii:** Fuula duraaf kan kaffalamu, rakkina nama mudate ittiin bahuuf namoota biroo irraa fudhachuu fi itti fayyadamuu



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee keessa deebii

**I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun sirrii kan ta'e "dhugaa" sirrii kan hin taane soba" jechuun deebsaa.**

1. Namni hiyyeessa ture sooressa ta'uu akkuma danda'u, sooressa kan ture immoo hiyyeessa ta'uu danda'a.
2. Hiyyummaan iiaalchaa fi hiyyumaan qabeenyaa gonkumaa kan adda hin baane dha
3. Karoorri jireenyaa fi qusannaan duubaa fi fuula dura saantima tokkoo ti.
4. Namni tokko liqii osoo hin fudhatin jiruu fi jireenya isaa gaggeessuu hin danda'u.
5. Hojii hojjannee jiraannu kamiyyuu keessatti qusannaan barbaachisaa dha.

**II. "A" jala kan jiran " B" jala kan jiraniin Walitti firoomsi**

| "A" | "B" |
|---|---|
| 1.Hiyyummaa | A. guddina walee |
| 2. Dhaabbilee qusannaa aadaa | B. Hirkattummaa |
| 3.Qisaasummaa | C. Baasii sababa malee |
| 4.Dhaabbilee qusannaa ammayyaa | D. Of danda'uu |
| | E. Baankii |
| | F. Uqqubii |

**III. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun bakka duwwaa ta'e guutaa**

1. Naannoo itti jiraattan keessatti _______ fi ______miidhaawwan qusannaa daangessan dha.
2. Malawwan qusannaa kan ta'an keessaa__________________________fi ______________eeruun ni danda'ama.

**IV. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii filadhaa.**

1. Qusannaa jechuun
   A. Qabeenya dhalootaa darbuu danda'u kaa'uu jechuu dha,
   B. wabii yeroo rakkinaa fi balaa ti.
   C. Namoota rakkatan dhaqqabuuf
   D. hundinuu sirrii dha.



Sample output to test PDF Combine only

2. Baasii barbaachisaa hin ta'in hir'irsuu jechuun
   A. karooraan jiraachuu
   B. maatii miidhanii jiraachuu
   C. Of miidhanii boruuf yaaduu
   D. hunduu sirrii dha
3. Qisaasummaa jechuun
   A. qusannaa yaaduu dhiisuu
   B. Itti gaafatamummaa dhabuu
   C. Baasii bakka baasuu qabanitti baasuu dhiisuu
   D. "a' fi 'b" n sirrii dha
4. Aadaa qusannaa horachuun wabii jireenyaa ti yoo jedhamu
   A. Gatii dafqa ofiitti fayyadamuun nama gammachiisa
   B. Maatiin akka hin diigamne gargaara
   C. "a" fi "b"n deebii dha.
   D. deebiin hin kennamne
5. Hiyyummaa iiaalchaa jechuun
   A. Hojii jaalachuu dhiisuu jechuu dha.
   B. Faayadaa waleef yaaduu dhiisuu jechuu dha.
   C. Barmaatilee boodatti hafoo jala buluu jechuu dha.
   D. Hunduu deebii dha

## IV. Gaaffii armaan gadiitiif deebii gabaabaa kennaa

1. Aadaa qusannaa horachuun akkamiin hiyyummaa balleessuuf akka gargaaru ibsa irratti kennaa.
2. Naannoo jireenyaa keessanitti barmaatilee qusannoo irratti miidhaa geessisan jettan yoo xiqqaate fakkeenya lama eeruun isaan kana akkamiin akka of irraa ittisuun danda'amu ibsaa.



Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA KUDHAN

## DAMMAQINAAN HIRMAANNAA UMMATAA

Kaayyolee boqannichaa: Boqonnaa kana barattee erga xumurtee booda:

- ***Faayidaalee hawasni dammaqinaan hirmaachuun isa argamsiisu ni beekta.***
- ***Dhimmoota hawaasni dammaqinaan akka irratti hirmaatu barbaadamu ni beekta.***
- ***Maalummaa waldaalee siivikii naannoo keetii ni hubatta***

### 10.1 Barbaachisummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Hawaasaa



*Fakkii 10.1 Duula hojii mana barnootaa keesatti*



*Fakkii 10.2 Hirmaannaa hojii misooma naannoo irratti*

- ***Garaagarummaa fakkii lamaan jidduu tokko tokkoon ibsaa.***
- ***Garaagarummaa lamaan giddu-utti mul'ateef sababni isaa maal isinitti fakkaata? Hawaasni dammaqinaan kan hirmaatus kam keessatti dha?***

**Haasawa dura taa'aa mana barumsaa**

Dura taa'aan mana barnootaa Gonjila jalqaba cufiinsa Simisteeraa irratti barattoota mana barnootichaatiif haasawa godhan. Haala ibsa isaanitiin mul'atni mana barnootichaa lammiilee gahumsa qaban horachuuf bu'uura buusuu dha. Kanaafis mana barnootaa kana keessatti barumsi qulqullinni isaa eegame kennamuu qaba. Qulqullina barnootaa mirkaneeffachuuf



Sample output to test PDF Combine only

immoo mana barnootaa Gonjila keessatti rakkooleen armaan gadii dhabamuu akka qaban ibsanii jiru Hir'inni bishaan qulqulluu, hanqinni mana fincaanii, mana kitaabaa dhaabuun , manni yaalaa hojjatamuu dhabuun adeemsa baruu barsiisuu irratti gufuu kan ta'anii fi barumsa qulqullina qabu dabarsuu irratti rakkina fidaa kan turan ta'uu isaanii ibsan. Manni barnootichaa barattoota kutaa kudhan yeroo jalqabaaf qorm-aata biyyoolessaa akka fudhatan waan godhuuf barattoonni haala gaariidhaan qophaa'uu isaanii mirkaneessuu dha-buun rakkoo kan biraa ture. Barattoonni turtii mana barnootaa isaanii keessatti barumsa dareen alaan beekumsa dabalataa argachuuf carraa hin qaban ture. Amma garuu, barattoota hojmaata mana barnootaa keessatti hirmaachuu, akkasumas maatiin barattootaa hoggansa mana barnootaa keessatti gurmaa'anii socho'uu erga eegalanii rakkinoonni heddu hiikamanii jiru. Sararri bishaanii dabalataan galee jira. Manni kitaabaa bayeessi ijaaramee kitaabileenis waan walitti funaanamaniif yeroo ammaa barattoonni kitaabilee dabalataatti fayyadamaa jiru. Manni yaalii haaraan waan ijaarameef barnoonni yaaliidhaan deggaramee kennamaa jira.Barattoonni barnoota daree keessaa barnoota wal maddeessaan akka deggaran godhamuu isaatiin gumiiwwan akka lammummaa fi amala gaariitiin waayee haqummaa fi filannoo shaakala gochuun isaanii gumaacha olaanaa akka qabu hubachiisanii jiru. Keessattuu manni barnootichaa barattoota kutaa 10ffaa yeroo jalqabaaf qorumsa biyyoolessaa akka fudhatan, qophii gahaa akka qabaatan gosa barnootaa adda addaa irratti barsiisonni deggarsa adda addaa kan gochaafii jiran ta'uu isaanii ibsanii jiru. Barattoonni bulchiinsa mana barnootichaa keessatti akka hirmaatan gochuuf jecha seerri ittiin bulmaataa qophaa'ee ture mana marii barattootaan erga ilaalamee booda hanga ta'e fooyyessuun mirkanaa'ee jira. Tarkaanfiin kun hundi kan fudhatame maatii fi ummanni hoggansa barnootaa irratti gurmaa'ee himaachuu waan eegaleef ta'uu isaa cimsanii hubachiisanii jiru. Waan kana ta'eef bara kanas sochiin olaanaan yoo godhame mana barnootaa kana keessatti barnoota qulqullina qabu kennuun akka danda'amu amantaa qaban ibsanii jiru.

*(Gaazexaa"Lissaana Naa'ood "jedhamu waggaa tokkoffaa lakk 1 Guraandhala –Ebla, 2000 mana barnootaa Atsee Naa'oodiin qophaa'e ka'umsa gochuun fooyya'ee kan fudhatame.)*



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala-1**

**Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uudhaan gaaffiilee armaan gadiitiif deebii kennaa**

1. Rakkooleen mana barnootaa Gonjilamaal maal turan? Furmaanni maaltu kenna-meef isinitti fakkaata ?
2. Rakkoolee mana barnootaa Gonjilaa keessa turaniif furmaata kennuu irratti gaheen barattootaa yookan hirmaannaan barattootaa maal fakkaataa?
3. Rakkoolee mana barnootaa Gonjilaa keessa turan adda baasuu fi furmaata itti laachuu irratti haalli barattoonni hirmaannaa fooyyii qabu itti taasisan jira turee ?Fakeennyaan ibsaa.
4. Manni barnootaa Gonjilaa amala magaalaa giddugaleessaa kan qabu dha. Mee isin immoo qabatamaa mana barnootaa keessaan irraa ka'uun rakkinoota gurguddoo mana barnootaa ta'an shan eeruun furmaata waliin kaa'aa.
5. Adeemsa rakkina adda baasuu fi furmaata itti laachuu keessatti hirmaannaan isaanii akka cimu gaheen barattoota mana barnoota kan-aa maal ta'uu qaba

Hojiiwwan tokko tokko dhuunfaan kan hojjataman yaa ta'an malee kanneen biroo immoo hirmaannaa gareen yoo ta'e malee dhunfaan kan hin hojjetamne dha. Dhunfaan kan hojjetan ta'anis faaydaa qubsaa kan hin qabne ta'u . Fakeenyaaf naannoo keenya irraa osoo kaanee,sochiin seeraa fi naamusa dhunfaan kabajsiisuuf goonu bu'aa qabeessa hin ta'u. Ganda keenyas naannoo biroo waliin waliquunamsiisuun osoo barbaachiisee hirmaannaa ummataa malee qofaatti galmaan ga'uun rakkisaa dha.Kunis kan mul'isu hirmaannaan hawaasaa hangam barbaachisaa akka ta'e dha. Hirmaannaa akkanaa kana keessa faaydaa dhunfaa argachuun ni danda'ama. Bu'aa adeemsa kana keessa argamu irraa tokkoon tokkoon keenya fayyadamtoota ta'uu dandeenya. Muuxannoo fi beekumsas irraa arganna. Namoonni dhunfaanis rakkoo isaan irra gahuu danda'u irraa ni oolu. Hirmaannaan gareen godhamu kana caalaa barbaachisaa dha. Faaydaa dhunfaa irra kan hawaasaa ni caala. Hawaasni naannoo hundi fayyadamaa ta'a. Naannoo murtaa'aa irra darbee aanaa,ganda,naannoo fi biyyaaf fayyaduu danda'a.Waan kana ta'eef hirmaannaan hawaasni dammaqinaan godhu barbaachisaa dha



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala -2**
**Gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa**

1. Namni dammaqinaan hirmaachuun ummataa faayidaa homaatuu hin qabu jedhu osoo isin qunnamee ragaa maal dhiyeessuun falmitu?
2. Faaydaan hawaasummaa dammaqinaan hirmaannaa ummataa irraa akkamitti akka argamu gabaabinaan ibsaa.

### Mana Barnootaa Dandaroo

Manni barnoota Dandaroo sadarkaa tokkooffaa mana barnoota magaalaa Fininnee irraa fagaatee argamu dha. Manni barnootaa mootummaa barattoota kuma tokkoo fi dhibba saddeetii ol ta'an qabu kun rakkoolee heddu qaba. Rakkinoota hedduu kana keessaa haala baruuf barsiisuu irratti rakkoo fidaa kan ture rakkoo namusaa barattoonni gareedhaan uuman dha. Barattoonni kunis gareen walii ijaaruun sa'aa barumsaatti dhugaatii dhuguun gara daree seenuun barsiistoota, barattootaa fi hawaasa mana barnootaa irratti rakkoo guddaa geessisaa turan.

Naamusa badaa daandii fi mana barnootaan alatti uumaniin ala barattoonni kun mana barnootaa keessattis barattoonni dubaraa tasgabbaa'aanii barumsa isaanii akka hin baranne miidhaa irraan geessisu.Sa'aa barumsaa kabajanii waan hin seenneef barsiisota isaanii waliin walitti bu'u. Nama isaan to'atu waan dhabaniif barattoota biroof fakkeenya badaa ta'anii jiru. Barsiisota isaanii waan hin kabajneef namni isaan gorsu hin argamne. Walumaagalatti manni barnootichaa sababa isaaniin amala mana barnootaa qabaachuu hin dandeenye.

Dura bu'aan mana barnootaa haaraan muuxannoo qaban irraa ka'uun rakkoo mana barnootaa ni hiiku jedhamanii ramadaman fala barbaadaa jiru. Rakkoo uumameef fala kennuun yeroo kan fudhatu ta'us haala jiru fooyyessuun akka danda'amu hin shakkine. Bu'aan kun akka argamu gochuuf garuu haalli guutamuu qabu ni jira.Innis tattaaffii dhunfaa isaaniin godhan qofa osoo hin ta'in hawaasni mana barnootaa hundi irratti hirmaachuu qaba. Haala kanaan hawaasni mana barnootaa hundi isaan faana akka hiriiru kakaasan. Kanaanis milkaa'an. Barsiisonnii fi maatiin barattootaa gamtaa isaaniitiin ,barattootni kaawunsilii isaaniitiin ,akkasumas hawaasni naannoo gama ganda isaaniitiin dura-bu'icha cinaa dhaabbatan. Rakkinichis waliin waan hojjetaniif fala argate.Itti fufuunis hirmaannuma kanaan rakkoolee mana barnootaa kan biroo hiikuuf sochiin godhame.Yeroo



Sample output to test PDF Combine only

ammaa manni barnoota Dandaroo godina san keessaa sochii barnootaa fi naamusaan filatamee badhaafame.

### Hojii Garee

1. *Akka miseensa mana marii bar-attoota mana barnootichaatti of ilaaluun seenaa dhiyaate irratti hundooftanii gareen ta'uun rakk-oolee yeroo san turan adda baasuun yaada furmaataa barr-eeffamaan dhiyeessaa.*
2. *Rakkoolee ijoo mana barnootaa keessan keessa yeroo ammaa jiran addaan baasuun hirmaannaa kee-ssaniin akka hiikaman yaada furm-aataa barreeffamaan qopheessuun dhiyeessaa.*

Manni barnootaa akkuma dhaaba kamiyyuu hawaasa mataa isaa kan qabu dha. Dhimmi mana barnootaa kumiyyuu hawaasa ilaallata. Namni hundi dhuunfaanis ta'e gareen dhimma mana barnootaa keessatti gahee ola-anaan qaba. Kanaaf,murtiiwwan mana barnootaa ilaallatan keessatti hirm-aannaan hawaasaa mirkanaa'uu qa-ba. Namni kamiyyuu kaka'umsa ma-taa isaatiin guddina mana barn-ootichaa keessatti hirmaannaa goch-uun gumaachuu qaba. Barataan mana barnootichaa dhimmi mana barn-ootichaa waan isa ilaallatuuf yoo-miyyuu taanaan dammaqinaan hir-maachuun irraa eegama.

**Gilgaala -3**

**Gaaffiilee armaan gadiif deebii kennaa.**

1. Adeemsa dimokraatawaa kee-ssatti hojjattoonni dhaaba ykn waajjira tokko keessatti hojjetan hogganaas ta'uu baa-tan murtii dhaabichaa ykn waajjirichaa irratti yaada ke-nnuuf mirga ni qabuu? Maa-liif? Akkamiin?
2. Isin hoo dhimma mana barnootaa keessan keess-atti adeemsa murtiikennuu irratti hirmaachuu qabduu? Maaliif ?

## 10. Faayidaalee Dhaabbilee Siviikii Keessatti Hirmaachuu



*Fakkii 10.3 Naannoo xureessuu*



Sample output to test PDF Combine only




*Fakkii10.4 Sochii mormii xuraa'insa naannoo*

- ***Fakkii armaan olii irraa maal hubattu.***
- ***Waldaan Fakkii lakk 10.4 irra jiru, hawaasaa faaydaa maal kennu ?***

**Jireenya Daa'imummaa Aara Tamboo irraa Walaba Ta'en Fedha**

Addunyaa kana keessatti wantoonni heddu daa'imman miidhan ni jiru. Daa'imman wantoota akkanaa irraa eegamuuf mirga kan qaban ta'uun isaanii seera addunyaa irratti tumamee jira. Daa'imni waggaa 12 Maatiyoos jedhamuu fi miseensa waldaa farra kaansarii Itoophiyaa ta'e ergaa nuu dabarse keessatti "sinis wantoota miidhaa geessisan irraa of eeguu qabdu" jedha. Addunyaa irratti guyyaan dhibee kaansarii waggaa waggaan ni kabajama. Waggaa kanatti dhadannoon filatame, "Jireenya daa'imummaa aara tamboo irraa walaba ta'en fedha.>> kan jedhu dha. Kun immoo fedhii daa'imman addunyaa hundaa akka ta'e ni amanama.




*Fakkii 10.5 Mirgi naannoo qulqulluu keessa jiraachuu nuuf yaa kabajamu!*

Maatiyoos "Tanboo xuxuun mataa ofii irra darbee fayyaa namoota biroo irratti miidhaa guddaa kan geessisuu dha. Kana waan ta'eef mana keessatti ,mana barnootaa keessatti, akkasumas naannoo jiraannutti namoonni tamboo xuuxan gocha isaanii irraa of ittisuu qabu. Hundi keenyas namoonni tamboo xuuxan naannawa keenya jiran yoo ta'e gocha isaanii kana irraa akka of qusatan akeekkachiisuun nurraa eegama" jedha .

Dhaabbanni kaansarii addunyaa dhadannoo "Daa'imman aara tamboo irraa yaa ittisnu" jedhu hojii irraa oolchuun hirmaannaa hunda keenyaa gaafata. Kunis kan nu yaadachiisu namoonni osoo hin beekin tamboo xuuxu irratti bobba'an miidhaa inni fidu barsiisuuf itti gaafatamummaa qabnuun hojii akkanaa irraa of qusachuu akka qaban itti himuu akka qabnu dha. Mana keessatti,konkolaataa keessatti , iddoo



Sample output to test PDF Combine only

daa'imman itti guddatanittii fi iddoo ummanni wal gahutti akkasumas iddoo tamboon akka hin xuuxamne dhorkame hundatti tamboo xuuxuu dhorkuun gahee hunda keenyaa ta'uu ibsa.Yaaliin kun akka milkaa'u gaheen daa'immanii,maatii, jaala daa'immanii wkf.olaanaa ta'uu agarsiisa. Kana waan ta'eef daa'imman iddoo qulqullina qabu jiraachuuf mirgi isaanii eegamuu akka qabu nu barsiisa. (Gaazeexaa Addis Zaman irraa Amajjii 25/2000 fuula 2 irraa fooyya'ee kan fudhatame dha.)

**Gilgaala- 4**
**Dubbisa armaan olii bu'uura godhachuun gaaffii armaan gadiif deebbii kennaa.**

1. Dhaabbile siviikii armaan olitti dubbistan irraa ka'uun maqaa lamaan isaanii eeraa. Akkas-umas gaheen isaanii maal akka ta'e ibsaa.
2. Waayee Maatiyoos maal akka hubattan addeessaa.

### Hojii Garee

*Barreeffama armaan olii irraa wanta hubattan bu'uura godhachuun gaaffii armaan gadii gareen raawwadhaa.*

***A. Mana barnootaa keessanitti hojii wal fakkaatu hojjechuuf gumii tokko hundeessuu dandeessan. Waayee gumii hojii wal fakkaatu hojjechuuf hundeessitan kanaa addeessaa.***

***B. Faaydaa gumii dhaabbatu kana irraa argamuu danda'u barree-ssaa.***

***C. Isuma kana bu'uura godhachuun barattoonni mana barnoota kees-saanii toftaa gumii keessatti ak-ka hirmaatan gargaaru qophe-essuun dhiyeessaa .***

Dhaabbileen waldaa siivikii kaayyoolee addaa addaa gama hawwaasummaan ykn diinagdeetiin qaban galmaan gaguuf jecha kaka'umsa mataa oftiin dhuunfanis ta'e gareen kan ijaaraman dha. Waldaaleen kun fedhii ofii irratti hundaa'uun dhiibbaa mootummaatiin ala ta'uun, walabaa fi seera qabeessa ta'anii kan hundeeffaman dha. Kana waan taa'eef sirna dimokraasii kee-ssatti waldaleen kun gama hawaasum maa,dinagdee akkasumas siyaasaatiin tajaajila ummataaf kennuuf caarraa bal'aa qabu.

Waldaaleen siiviikii faayidaalee heddu qabu. Faakeenyaaf wantoota mootu-mmaan ummataaf guutuu hin dan-deenye irratti tajaajila heddu kennuu danda'u. Ummanni imaammata moo-tummaa irratti akka mari'atanii fi adeemsa siyaasaa to'achuu akka dan-da'u, sirna dimokraasii akka shaakalu haala mijaa'aa ni uumu. Dabalaatanis waldalee siivikii keessatti namoonni dhunfaan miseensa ta'uun hirm-



Sample output to test PDF Combine only

aannaa dammaqinaan taasisuun muuxannoo fi beekumsa akka argatan isaan taasisa. Miseensoonnis aadaa walii yaaduu fi wal gargaaruu akka guddifatan akka-sumas jaalala hojii akka horatan gochuufis ni fayyada.

**Gilgalaa -5**
**Gaaffilee armaan gadii hojjadhaa.**

1. Ragaa jaarsa ykn jaartii jaalala hojiitiin beekaman funaanuun barreeffama gababaa dhiyyeessaa.
2. Faayidaalee waldaan siivikii qabu taarreessaa.

### Tuuttuuyyee fi Akaakayyuu ishee Abbiyyee

***Tuuttuuyyee***: Abbiyyee, aayyoon waggaa meeqaaffaa kee siif kabajje ?

***Abbiyyee:*** Waggaa saddeettamii saddeettaffaa kiyya intaala koo. Waaqni ishee yaa eebbisu.

***Tuuttuuyyee:*** Kana eega siif gotee maaliif loltaan?

***Abbiyyee:*** Osoon hin beekin itaala koo; osoon hin beekin "Har'a guyyaa dhaloota kee waan ta'eef miidhagdee taa'uu qabda. Manaayis bahuu hin qabdu." naan jette.

***Tuuttuuyyee:*** Ni beekti mitii ree? Anis ta'u guyyaa dhaloota kiyyaa huccuu haaraa uffadhee, bareedee, hiriyoota, obboleettii fi obboleessa kiyya gidduu taa'uun akkan bashannanu taasifamaa jira mitii? Ati hoo maaliif guyyaa dhaloota keetii uffata haaraa uffattee maatii kee walin hin teenyee?

***Abbiyyee***: Tuuttuuyyee wanti siif hin galle tokkotu jira. Abbaa umurii dheeraa ta'uu kanan danda'e naannoo keenya keessatti waldaa misoomaa hundeessuu irraa eegalee hanga sadarkaa amma irra jirrutti osoo hin taa'in ol jedhee gad jedhee hojjachuu fi jaalala hojii qabaachuu kootiin dha. Dheerina umrii koo kanaaf sababni isaa jaalala hojii ti. .Kanaafuu, guyyaa dhaloota kiyyaa yoon kabaju hojiin jaaladhuu fi isa asiin na gahe kanaan gargar bahuu hin danda'u. Uffata uffadhee, miidhagee, maatii kiyya waliin ta'een kabaja ture.Kana booda immoo uffata kiyya jijjiiree gara hojii deemun qaba ture.Waldaa misoomaa kiyya keessatti immoo dhimma cimaaf beellama nan qaba. Guyyaa dhalootaa kiyya ergan kabajee booda akkamiinan jaalawwan koo lamaan dagadha. Haadha keetiin walii galuu kan hin dandeenye sababa kanaan dha.

***Tuuttuuyyee***: Amma naa gale Abbiyye. Anis fakkeenyummaa keen hordofa.

***Abbiyyee***: Ishoo! intaala too. Naa guddadhu! Siifis umurii naaf kenne siif yaa kennu!. Jaalala hojii horadhu!



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala -6**

**Marii armaan olii irratti bu'uureeffachuun gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa**.

1. Akka ilaalcha keessaniitti garaagarummaan haadha tuuttuuyyee fi akaakayyuu tuuttuuyyee gidduu jiru maal?
2. Beekumsa ijoo lamaan Abb-iyyee irraa argattan barr-eessaa.
3. Tuuttuuyyeen yaada haadha ishee fi akaakayyuu ishee keessaa kam yoo fudhatte wayya? Maaliif ?



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada xumura boqonnichaa

Dammaqinaan hirmaannaan ummataa, misooma hawaasummaa fi ijaarsa sirna dimokraasii ummataa, gudd-isuuf barbaachisaa dha. Sirni dimok-raasii kan guddatu, guddinni hawa-asummaa kan dhufu, akkasumas na-geenyi ummataa kan mirkanaa'u lammiileen hundi hirmaannaa dam-maqinaan yoo taasiisan dha. Srina dimokraasii keessatti dammaqinaan hirmaachuuf haalli mijaa'aa ta'e ni uumama. Isaan kanneen keessaa to-kko mirga walabummaan gurmaa'uu ti. Gurmaa'uun immoo humni bittina-a'ee jiru walitti dhufee humna cimaa akka uumu taasisa. Waldaaleen siiv-ikiis bu'uura mirga walabummaan gurmaa'uu ti. Namoonni dhuunfanis ta'e gareen fedhii fi kaka'umsa ofiitiin wadaalee siiviikii kaayyoolee haw-aasummaa fi dinagdee galmaan gah-uuf ni hundeeffatu. Waldaaleen kunis dhiibbaa mootummaa irraa walaba dha.Waldaaleen kunniin tajaajila haw-aasummaa kennuun mootummaaf deg-garsa gochuun alatti sirna dimokraasii gabbisuu keessatti gumaacha olaanaa taasisu. Waltajjii ummatni karaa dimokraatawaa ta'een raawwii imaa-mmata mootummaa irratti hirmaatuu fi to'annaa akka godhu taasisan ta'uun tajaajilu.Waldaaleen siivikii aadaa wal gargaaruu fi jaalalli hojii akka cimu taasisu. Haaluma kanaan isin hun-dinuu amma irraa eegalee waldaalee siivikii tokko keessatti miseensa ta'uun hirmaannaa dammaqinaan taasisuu irratti shaakaluu fi gahee lammu-mmaa isin irraa eegamu bahuu qab-du. Dammaqinaan hirmaachuu kees-saniinis aadaa fi jaalala hojii ittiin cimsachuu danda'uun isin irraa eeg-ama.



Sample output to test PDF Combine only

## JECHOOTA IJOO

**Faaydaa dhuunfaa**:- Faaydaa namoonni dhuunfaan waan tokko irraa argatan

**Faaidaa hawaasummaa**:- Faaydaa namoonni waan tokko irraa waliin ykn qaamni hawaasaa tokko argatu

**Kakaasuu:** Namoonni kaayyoo ykn hojii tokko akka hubatan ,akka deggaran,akka morman wkf.gochuuf jecha kan raawwatu

**Jaajala hojii:-** Hojiin jireenyaaf barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun hojii kabajuu



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee keessa deebii

**I. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun sirrii kan ta'een 'dhugaa' jechuun sirrii kan hin taane immoo 'soba' jechuun deebii kennaa.**

1. Hawaasni dammqinaan hirmaachuun isaa faaydaa dhunfaa qofa argamsiisa.
2. Yeroo amma jireenyi dorgommii waan ta'eef wanti bu'a qabeessa ta'e hundi kan raawwatamu dhuunfaan qofa.
3. Jaalalli hojii kan ibsamu faaydaa hojii dubbachuun qofa dha.
4. Waldaaleen siivikiin gurmaa'anii hojii bal'aa fi faaydaa qabu hojjechuu akka danda'an sirni dimokraasii isaaniif barbaachisaa dha.
5. Dammaqinaan hirmaannaan ummataa jaalalli hojii akka uumamu gargaara.

**II. Gaaffilee armaan gadii "A" jalatti dhiyaatan kan"B" jala jiraniin walitti firoomsaa.**

| "A" | "B" |
|---|---|
| 1. Dhuunfaan kan hin raawwanne | A. Maatii, gandaa, aanaa , naannoo fi biyyaa |
| 2. Faayidaalee waldaa siivikii keessaa tokko dha. | B. Dhabamuu dammaqinaan hirmaan hawaasaa |
| 3. Qaamoolee faayidaa hawaasummaa argaamsiisan | C. Waldaalee siivikii |
| | D. Misooma naannoo |
| 4. Dhiibbaa mootummaa irraa walaba kan ta'e | E. Hojiiwwan humna mootummaan qafa hin hojjetamne deggeruu |
| 5. Sirna dimokiraasii | F. Dhiibbaa aadaa |
| | H. Haala dammaqinaan Hirmaannaa hawaasaaf mijaa'aa ta'e |



Sample output to test PDF Combine only

**III. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta'e filadhaa.**

1. Faaydaalee waldaa siivikii keessaa tokko
   - A. Miseensoota isaa aangoo siyaasaatiif geessisuu
   - B. Bakka mootummaan humni isa hanqatetti deggeruu
   - C. Imaammata mootummaa cimsuuf jecha waltajjii ummanni irratti hirmaatu uumuu
   - D. Kutaalee hawaasaa dhiibbaan irra gahaa tureef aantummaa siyaasaa qabaachuu

2. Hojiiwwan faaydaa qaban kamiyyuu
   - A. dhunfaan raawwachuu qabu
   - B. Gareen raawwachuu qabu
   - C. Akka haala qabamaatti hojii irratti dhuunfaan ykn gareen raawwatamuu qabu
   - D. Deebiin hin kennamne

3. Waldaalee siviikii ilaalchisee dhugaa kan ta'e kam?
   - A. Dhuunfaan ykn gareen fedhii fi kaka'umsa ofiitiin hundeeffamu
   - B. Haala qajeelfama mootummaa irraa kennamuun hojjeta
   - C. Kaayyoo hawaasummaa malee kaayyoo dinagdee hin qabu
   - D. Deebiin hin kennamne

4. Dammaqinaan hirmaannaa ummataan faaydaa hawaasummaa kan argatan
   - A. Biyyattii
   - B. Ummata gandichaa
   - C. Ummata aanaa
   - D. Hundinuu sirriidha.

**IV. Iddoo duwwaa armaan gadii jecha/gaalee sirrii ta'een guutaa**

1. Waldaaleen siivikii bu'aawwan mirgoota walabaan ___________________ ti.
2. Hawaasni naannoo tokkoo waliin ta'uun misooma tokko ciminaan hojjetee hojii hojjete irraa bu'aa olaanaa yoo argatu ___________ mul'isa.

**V. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e kennaa**

1. Faaydaalee waldaa siivikii keessaa lamaan isaanii eeri.
2. Dammaqinaan hirmaannaa hawaasaa keessatti garaagarummaa faaydaa dhuunfaa fi garee adda baasaatoo fakkeenyaan addeessaa.



Sample output to test PDF Combine only

# BOQONNAA KUDHA TOKKO

# BEEKUMSA FEDHUU


Kaayyoolee Boqonnichaa: Barumsa boqonnaa kana erga xumurtee booda:

- ***Maddoota beekumsaa gurguddaa ni beekta.***
- ***Garaagarummaa yaadaa fi ilaacha duubatti hafaa adda baasuun faayidaa beekumsaa ni hubatta.***
- ***Aadaa dubbisuu fi faaydaa haala odeeffannoon itti aabamu ni beekta.***

## 11.1 Maddoota Beekumsaa Ijoo Ta'an



*Fakkii 11.1Kitaabileen Maddeen Beekumsaa ti*



*Fakkii 11.2 Barnoonni madda beekumsaa ti*



*Fakkii 11.3 Namooti Madda Beekumsaa ti*

- ***Namoonni fakkii tokkoffaa irratti agarru ragaalee madda beekumsaa kan ta'an eessaa argachaa jiru isinitti fakkaata?***
- ***Maloonni beekumsa ittiin argatan Fakkii 11.2 fi 11.3 irratti ilaaltan maaliin walfakkaatan? Garaagarummaan isaanii maal?***

### Ji'a Onkololeessa

Ji'ini Onkololeessaa biyya keenya keessatti iddoo baay'eetti waan lamaan beekama. Abaaboo fi asheetaan. Abaaboon mallattoo nageenyaa, gammachuu fi tasgabbii ti. kanaan alatti namoonni abaaboo, jaalala, amanamummaa, galata ittiin galchuu fi kana kan fakkataniif ittiin faayadmu. Abaaboon yeroo gaddaatiifis itti fayyadamu. Sababiin isaas abaaboon yeroo gabaabaa keessatti waan goguuf gabaabbachuu umurii namaa waliin akka fakkeenyaatti dhiyeessu.



Sample output to test PDF Combine only

Ji'a Okololeessaa adda kan isa taasisu inni kan biroo aesheeta dha. Ji'a dhadhaanii fi aannan akka barbaad-ametti itti argamu dha.Kana qofa miti. Onkololeessi haadha dammaa ti. Sanu-uu asheeta dammaa. Damma muruun Okololeessa keessa jedhama. Midhaan qusachuunis Onkololeessa irraa eega-la..Sababa kanaan daa'ima harmaan guddisuu, miidhaan immoo Onkol-oleessatti qabachuu jedhama .Onko-loleessi waan hundi baay'inaan kan itti argamu qofa osoo hin ta'in waan-toonni argamanis bayeessa ta'uu isa-anii agarsiisa. Jechoonni kun wanta argame hunda of eeggnnoon qabuun akka barbaachisu mul'isa. Fakke-enyaaf daa'ima harmaan, midhaan On-kololeessatti kan jedhamu yoo fud-hanne, daa'imni daa' imummaan haa-laan yoo hin qabamne, yoo hin soo-ramne ykn yoo hin kunuunfamne yeroo guddatu lammii gaarii hin ta'u. Onkololeessa keessa midhaan akka hin miidhamne eeguu fi kunuunsuun akkasumas omisha ji'a Muddee fi Amajjii keessa argame seeraa fi qusa-nnaan yoo itti hin fayyadamne Wax-abajjii fi Adoolessa keessa beela'uun hin oolu. Kanaafuu, oomisha jalq-abumaa kaasee hanga dhumaatti ku-nuunsuun barbaachisaa dha.omisha Onkololeessi kan beekamu wantoota kana qofaan miti Bishaan lagaa qul-qulluu ta'ee kan argamus Onkolol-eessa keessaa. Rakkinni jiru garuu namni bishaan Onkololeessaa barba-adu xiqqaa ta'uu isaa ti. Bishaan Onkololeessaa osoo dhugamee gaarii ture.Gorsa hiyyeessaas namni dhag-geeffatu osoo jiraatee gaarii ture kan jedhamu sababa kanaan dha.

*(Madda kaahsaay Gabre Igzi'aabiheer 1998, fuula112-113 irraa fooyya'ee kan fudhatame.)*

**Gilgaala-1**
**Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee gadiif deebii kenni**

1. Namtichi waayee ji'a Onko-loleessaa barreessee odee-ffannoo barreeffamicha irra-tti tuqame essaa fide isinitti fakkaata?
2. Barreessaan kun odeeffa-nnoo kana akkamitti funa-annachuu danda'e?
3. Kana irraa ka'unaadhaan madda beekumsi itti arga-muu danda'u tarreessaa.

Beekumsi ragaa umuriin, muxannoon fi sadarkaa barumsaa keenyaan arga-nnu irratti hundaa'uun qabeenya gud-datu dha. Karaa biroon immoo beek-umsi hanga odeeffannoo qabnuun kan madaalamu dha jechuun ni dada'ama. Kanaafuu adeemsa dagaagina beeku-msaa keessatti dhimmi odeeffannoo salphaatti kan ilaalamu miti.



Sample output to test PDF Combine only

Beekumsi kitaaba, Gaazeexaa, Raadiyoo,Televizyiinii akkasumas namootaa fi naannoo keenya irraa kan argamu dha. Kana waan ta'eef naannoonni madda beekumsaa keessaa isa tokko dha. Fakkeenyaaf barreeffama waayee Ji'a Onkoloolessaa asii olitti dubbisne qopheessuuf dubbisne qopheessuuf barreessichi naannoo isaa sirritti hubateera. Jechoota jaarsootaas sirriitti dhaggeeffatee galmeesseera. Haalli kun adeemsa beekumsa horachuu keessatti walitti hidhamiinsa ragaaleen daawwachuu, dhaggeeffachuu fi dubbisuu waliin qaban agrisiisa.

Beekumsa naannoo keenyaa irraa kan argannu wantoota kallattiin ilaaluun, urgeeffachuun, dhandhamuun harkaan qaqqabuun fi dhaggeffachuun dha.. Waayee bishaan lageen naannoo keenyaa guutuu fi hir'achuu, waayee nageenyaan socha'uu namootaa, waayee misooma naannoo keenyaa irratti beekumsa kan argannu kalattiin ykn qaamaan iddoo sanaatti argam-udhaan

Maddi ijoon beekumsa saayinsii irratti hundaa'e ittiin argannu mana barnootaa ti. Kunis, kan ta'u barsiisoo-nni ogummaa adda addaatiin leenji'an mana barnootaa keessatti waan argamaniif. Isaanis beekumsa ragaa amanamaa irratti xiyyeeffate qindeessanii dhiyeessu. Barreeffama adda addaa dubbisuunis beekumsa heddu argachuu ni dandeenya. Rediyoon fi televizyiiniinis maddoota beekumsaa bayeessa ta'an dha. Dabaltaanis ragaaleen dawwannaan beekumsi irraa argamu ni jiru. Fakkeenyaaf, waayee hambaawwan seenaa biyya keenyaatti argaman kan akka dhagaa dhabbataa Xiyaa , fincaa'aa Abbaay , galma sheek Huseen, ijaarsa Harar ,madda dhala namaa kan ta'e Hadaar akkasumas waayee haroowwan sululaa beekuu yoo barbaadne ragaan daawwannaan argamu madda beekumsaa ijoo dha.

Haa ta'u malee ragaalee dagaagina beekumsaa nu barbaachisan yoo fudhannu of eegannoo gochuun barbaachisaa dha. Sababni kanaas gaazeexoonni ykn buufatni raadiyoo tokko tokko akkasumas namoonni tokko tokko odeeffannoo sirrii hin taane yoo nu dhiyyeessan beekumsi nuti argannu waldhahaa ykn odeeffannoo sobaa ta'a. Kanaafuu, ragaa dhiyaate osoo hin fudhatin dura maddoota biroo waliin walbira qabanii madaaluu, akkasumas barsiistootaa fi namoota beekumsa sana qaban gaafachuun mirkaneeffachuun barbaachisaa dha.



Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala -2**
**Gaaffilee armaan gadii hojjadhaa.**

1. Mataa dureewwan armaan gadii keessaa kan isiniif mijaa'e filachuun ykn mata durebarsiisoonni keessan isinii kennan fudhachuun ragaalee gama adda addaatiin funaanaa.

Ragaalee kanneenis karaa adda addaatiin qindeessaa.

a. Walitti dhufeenyi maatii fi mana barnoota keessanii maal akka fakkaatu
b. Ka'umsi dhukkuba saree maraatee maal akka ta'ee fi of eeggannoon godhamuu qabu maal akka ta'e
c. Rakkoowwan bu'uurri qonnaan bultoota, horsiisee bulaa ykn daldaltoota naannoo keessanii maal akka ta'anii fi akkamiin fala kennuuf akka tattaafattan
d. Adeemsa barachuu keessatti gaheen maatii maal akka ta'e

2. Odeeffannoowwan funaantan haalaan qindeessaatoo barsiisaa keessaniif agarsiisaa.

## 11.2 Yaadaa Fi Ilaalcha Duubatti Hafaa


- ***Yaadaa fi ilaalcha duubatti hafaa yoo jennu maal jechuu keenya isinitti fakkaata?***
- ***Ilaalchoonni duubatti hafoon naannoo keessanitti hubattan maal maal fa'a dha?***

**Hojii manaa barsiistuu Galaannee**

*Barsiistuu Galaaneen barattoota kutaa 6ffaa keessatti barsiisaa jiran yaadaa fi ilaalcha duubatti hafaa naannoo isaanii jiru galmeessanii akka fidanii fi daree keessatti akka irratti mari'atan taasisan. Barattoonnis haaluma ajejamaniin yaadaa fi ilaalcha duubatti hafoo naannoo isaanitti argamu funaananii fidan. Barattoonni muraasni kan fidanii dhufan kan armaan gadii turan.*



Sample output to test PDF Combine only






Sample output to test PDF Combine only

**Gilgaala- 3**
**Gaaffilee armaan gadiif deebii kennaa**

1. Barattoota shanan kees-saa kamtu ilaalcha boodatti hafaa fidee dhufe? Kana jechuu keessaniif sababni maal dha?
2. Isin hoo ilaalchoota boodatti hafoo akkanaa naannoo keessanitti hubattaniirtuu? Mee akkeenya eeruun kutaa keessatti irratti mari'adhaa.
3. Sababiin ku'umsa yaad-ootaa fi ilaalchoota kanaa maal ta'uu danda'a?
4. Miidhaa ilaalchoonni boodatti hafoon fedhii beekumsa argachuu fi guddifachuu irraan geessisan ibsaa.

Ilaalchi boodatti hafaan barmaatilee miidhaa qabanii fi saayinsiidhaan hin deggaramne irratti kan hundaa'e dha. Keessattuu rakkoolee uumamaa fi ilmi namaa geessisuun yoo miidhamnu ilaalcha boodatti hafootiif saaxilamuun ni mul'ata. Fakkeenyaaf teeknoolojiitti fayyadamnee oomisha gahaa omishuu yoo hin dandeenye , roobni xiqqaatee ykn baay'tee midhaan keenya nu jalaa barbadaa'a.Yoo sana ta'e beelaaf saaxilamna .Yoo beelaaf saaxilamne immoo cubbuu wayii waan hojjenneef waaqni nutti dhekkame nutti fakkaachuu danda'a. Haa ta'u melee yaada saayinsaawaa qabaannee bu'aawwan teeknooloojii barnoota ammayyaatiin argamanitti fayyadamnee yoo omishnee fi yoo of dandeenye yaada akkanaa kana irraa bilisa taana.

Namoonni rakkinni fayyaa isaan mudachuu danda'a. Namoonni tokko tokko garuu dhibee isaaniitiif sababaa hin taane dhiyyeessu. Fakkeenyaaf dhibee AIDS/HIVn namoonni dheekkamsa waaqaa waliin wal qabsiisan hin dhabaman. Kun immoo ka'umsa dhibee kanaaf ilaalcha qabatamaa hin taane uumuu dha.

Ilaalchi boodatti hafoon yaada saayinsaawaa hin taaneef akka saaxilamu nu taasisa.Yaadni saayinsaawaa hin taane jireenyi dhala namaa akka hin mijoofne godha.

Namoonni ilaalchaa fi yaada duubatti hafaa qaban misooma hojiin argamsiisuu iirra "kan inni naa ajeje hin dhabu" jechuun carraa ofii eeggachuu filatu. Namoonni isaan fakkaataan rakkina jalaa bahanii yommuu ilaalan "carraan isaaniif ganama barreeffameef" jechuun yaadu. Jireenyi milkaa'uufii yoo dides carruma isaanii san balaaleffachuutti galuu danda'u-.Kanaaf,namni rakkoof uumame daldalus bu'aa hin buusu jedhanii yaadu.



Sample output to test PDF Combine only

Walaloo yaada kana waliin wal qabate ilaalaa. Ana na ajjeesi ykn carraa koo milkeessi Garaan na baqaqe beelaan kanan hooqu Ilaalchi akkasii immoo abdii kutachuu fi mo'amuu fida. Namoonni abdii yoo kutatan ofitti amanuu fi qabsoodhaan rakkina keessaa bahuu irra balaaf saaxiluu danda'u. walumaagalatti ilaalchonnii fi yaadooleen duubatti hafoon yaada namaa kan miidhan dha jechuun ni danda'ama. Waan kana ta'eef miidhaa fi faaydaa dhabeessa ta'uu isaanii qabatamaatti hawaasaatti mul'isuun ,adeemsa keessa immoo dhabamsiisuun barbaachisaa dha. Duraan dursee garuu ofii keenyaaf barumsa keenyaan cimnee ilaalcha keenya ilaalcha sayinsaawaa irratti hunde-essuun nurraa eegama.

**Gilgaala -4**
**Gaaffii armaan gadiif deebii kennaa.**

1. Ilaalchonni duubatti hafoon miidhaa akkamii fayyaa namaa irraan geessisuu danda'u?
2. Ilaalcha saayinsaawaa hin taane qabachuun maal irraa madda? Miidhaan isaa hoo maal?
3. Barumsaan cimuun haala akkamiin ilaalcha duubatti hafaa irraa walaba ta'uuf nama

## 11.3. Ragaa

- ***Isin ragaalee seeraan qindeessitanii ni qabattuu? Ragaalee hanga ammaatti seeraanqabattan qabduu?.***
- ***Faayidaan ragaalee keessan seeraan qindeessitanii qabachuu maal?***

### Zabargaa ilma hubataa

Zabargaan baratаa mana barnoota baadiyyaa naannoo dhagoota xiyaaan argamutti kutaa 6ffaa keessa baratu dha.Mucaan kun uumamaan dammaqina kan qabuu fi dubbisuu fi barreessuu akkuma danda'een guyyaa dhaloota haadha, abbaa fi obboleeyyii isaa akkasumas kan ofii isaa maatii isaa gaafchuun yaadannoo isaa irratti galmeeffate. Umuriin isaa adaduma dabalaa deemuun firoottan isaa gaafachuun gabaabumatti galmeeffate. Hojii isaa kanaanis dhalataa saba Guraagee ta'uu isaa beeke.

Kana irras darbee maqaa gandoota shanan naannoo sanii jaarsolii gaafachuun galmeeffate. Itti aansuunis gandoonni kun maaliif maqaa akkanaa argachuu akka danda'an jaarsoota gaafatee yaadannoo isaa guddicha irratti galmeeffate. Amma yeroo dhiyoo keessatti immoo seenaa dhagoota xiyaa dhalattoota naannoo fi barsiistoota gaafachuun galmeessuu egalee jira.. Barnoota lammummaa fi amala gaarii



Sample output to test PDF Combine only

kutaa 6ffaa kana baratee yoo xumuru immoo waayee maatii isaa,naannoo isaa, muuxannoowwan faaydaa qab-eessaa fi naannoo sanitti argama ilaalchisee ragaa bal'inaan funaanee akka barreessu dubbateera.

Zabargaan kana yaa dalagu malee hiriyoonni isaa tokko tokko akka nama hojii hiikuutti isa ilaalu. "Zabargaan yeroo boqonnaa isaatti barumsa isaa qo'achuu fi maatii isaa gargaaruu irra waan fayyadus waan hin fayyadnes hojjechaa oola " jechuun itti qoosan.

**Gilgaala -5**
**Yaada armaan olii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiitti deebii kennaa.**

1. Zabargaan hojii sirrii ta'e hojjechaa jira moo, akkuma jedhame hojii namni hojii hin qabne hojjetu hojjechaa jira?
2. Zabargaan hojii jalqabe kana caalmaatti bu'a qabeessa taasisuuf ragaalee funaanuu cinaatti maal gochuu qaba isinitti fakkaata

Ragaan tooftaa waayee maatii ,naa-nnoo, mataa keenyaa, mana baru-msaa, akkasumas hanga ta'e waayee biyyaa ilaalchisee yaadolee faayidaa qaban ittiin argannu dha. Zabargaanis isa kana waan hubateef hanga dandeettii isaa waan hubate hordofaa galmeessuun isaa dinqisiifamuu qaba.

Ragaan faaydaa qabeessa dha.Kanaaf, itti fufiinsaan funaanamuu fi of eeggannoon kaawwamuu qaba. Itti fufiinsaan yoo jedhamu ragaa yeroo kamiyyuu argannu osoo hin tuffatin galmeeffachuu qabna jechuu dha. Fakeenyaaf qilleensi torbee darbe tur-ee fi kan har'aa hanga ta'e garaagar-ummaan irratti mul'achuun isaa hin oolu. Kana waan ta'eef torbee galmee-ffannee jirra jennee har'a dhiisuu hin qabnu. Haala kanaan, gatiin meesh-aalee daldalaa, haalli fayyaa keenya,, amalli namoota irratti mul'atu ,gud-dinni beelladootaa fi biqiltootaa wkf. yeroo yerootti jijjiiramuu danda'u. Osoo addaan hin kutin yeroo yeroon guddinaa fi jijjiirama isaanii galmeess-uun nurraa eegama.

Ragaan seeraan qabamuu qaba yoo jennu karaa tokkon iccitiidhaan eega-muu qaba jechuu keenya dha. Fakk-eenyaaf waayee amala maatii keenyaas ta'e kan mataa keenyaa ykn akka-sumas haala fayyaa keenyaa yeroo galmeessinu iccitiin kaa'uu qabna. Haala kanaan dhimmonni dhunfaa, ummataa, maaatii,waajjira mootum-maa fi kan biroo iccitiin kaa'amuu qabu. Gama birootiin ragaaleen akka hin bannee fi akka hin qisaasne eeguuf fayyada. Ragaalee galmeessuu qofa osoo hin ta'in isaan galmaa'an seeraan ol kaa'uun akka hin banne taasisa.




Sample output to test PDF Combine only

Ragaaleen seeraan hin teenye yoo ta'e yeroo barbaannetti argachuu dhiisuu dandeenya. Wal keessa galanii addaan baasuu irratti nu rakkisuu danda'u..Karaa nuti hin beekneen nu jalaa hatamuus danda'u.Nu jalaa yoo hataman immoo iccitiin keenya bahuu irra darbee humna ykn dadhabbii keenya namni biroo itti fayyadama jechuu dha.. Kanaaf, namni akka Zabargaa ragaalee funaanuu cinaatti waayee saanadoota of eeggannoon qabachuu fi kaa'uu irratti hubannoo argachuu qaba.

**Gilgaala -6**
**Gaaffii kanaa gadii irratti mari'adhaa**

1. Ragaan faaydaa qaba kan jedhamu maaliif?
2. Ragaan seeraan yoo hin qabamne miidhaa maal geessisa?

## 11.4 Muuxannoo kitaaba Dubbisuu



*Fakkii 11.4 Mana kitaabaatti dubbisuu*



*Fakkii 11.5 gaaddisa manaa jalatti dubisuu*



*Fakkii 11.6 Muka jalatti dubbisuu*

Yeroo baay'ee ni dubbistuu? Yoo ni dubbistan ta'e, guyyaatti yeroo hangamiif muuxannoo dubbisuu qabdu? Hin dubbistan yoo ta'e maaliif hin dubbisne?

- ***Barreeffamoota akkamii dubbiftu? Barreeffamoota akkasii dubbisuu maaliif jaalattu?***
- ***Yeroo baay'ee eessatti dubbiftu? Bakka akkasii maaliif filattu?***



Sample output to test PDF Combine only

**Inni sirrii ta'e kan eenyuu ti?**

Barattoonni kutaa 6ffaa Giday, Xankirii fi Zamzam jedhaman muuxannoo dubbisuu irratti qaban ilaalchisee ejjennoo adda addaa qabu. Ejjennoo isaanii kanas akka armaan gadiitti ibsanii jiru.

***Gidaay***: Ani dubbisuuf fedhii olaanaan qaba. Barreeffamoota baay'een dubbisa. Barreeffamoonni kunis Gaazeexoota, barruuleewwan, kitaabota ykn dabtaroota koo ta'uu danda'u.

Bakkeen itti dubbisus bakka ifnigahaan itti argamu jechuun muka jala, mana kitaabaa keessa, mana jalaa fi mana keessatti dha.

***Zamzam:*** Giday ati sirrii miti. Kan dubbisnu baay'ee ta'uu hin qabu. Kun ta'uu baannan ija keenya balleessuu ni danda'a. Abbaan koos namni baay'ee dubbisu kan hojii hin qabne dha. Mataayis ni dhukkubsata naan jedhee jira. Dubbisuu kan qabnu dabtara keenyaa fi kitaaba barataa qofa ta'uu qaba. Wanta biroo kan dubbisuu qabnu akka barsiisaatti yoo sirritti guddanne dha. Yeroo dubbisnus mana kitaabaa fi mana keenyatti, kutaa qo'annaa keenya keessatti qofa ta'uu qaba.

***Xankir:*** Gidayis ta'e Zamzam dogoggortanii jirtu. Barreeffama arganne hunda dubbisuu hin qabnu. Kitaabilee hojii manaa barsiisonni keenya nuu kennan hojjechuuf nu barbaachisan ni dubbisna. Asoosama dubbisuunis hammeenya hin qabu. Gaazeexaa yoo ta,e garuu kutaa ispoortii qofa dubbis-uun ni gaha. Barreeffamoota kan biroo dubbisuun faaydaa hin qabu.

**Gilgaala- 7**

**Marii armaan oliitti dhiyyaate irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisaa.**

1. Barattoota sadan keessaa waa'ee dubbisuu irratti ejjennoo fooyya'aa ta'e kan qabu eenyu?Maaliif isinitti fakkaata?
2. Falmii barattoota sadanii irratti erga mari'attanii booda waayee muuxannoo dubbisuu irratti maal hubattan?

Dubbisuun meeshaa beekumsa keenya ittiin gabbifannu dha. Yeroo barannus barsiisonni wanta nutti himan fudhachuu qofa osoo hin taane, nutis baay'ee dubbisnee beekumsa dabalataa argachuu qabna. Waan kana ta'eef, ijoollummaa keenya irraa kaafnee muuxannoo dubbisuu guddifachuun nurra jira.



Sample output to test PDF Combine only

Waayee muuxannoo dubbisuu irratti dhimmoonni dagatamuu hin qabne ni jiru. Yeroo dubbifnutti bakka ifni gahaan jiru filachuu qabna. Bakki ifni olaanaan ykn gadi aanaan jirutti dubbisuun ijaaf gaarii miti. Namoonni tokko tokko aduu keessattis ta'e ykn bakka ifni elekitirikii humnaa ol jirutti dubbisan. Bakka ifni gahaan hin jirretti namoonni dubbisanis ni jiru. Ijjoolleen akkana godhan yeroo isin mudatan dhukkuba ijaatiif akka hin saaxilamne gorsa kennaafii .

Dhimmi kan biroo inni hubachuu qabnu dhimma filannoon dubbisuu ti. Wanti dubbisuu qabnu wanta barannu qofa miti. Barreeffamoota kan biroo ragaalee dabalataan nuuf kennamanis dubbisuun nurraa eegama.Kutaalee gaazexaa fi barruuleewwan adda addaa dabree dabrees ta'u dubbisuu qabna.Barreeffama dubbisuuf iddoo fi yeroo murteessuun barbaachisaa yoo ta'eyyuu wantoota kana sababee-ffachuun dubbisuu dhiisuun barba-achisaa miti. Mana kitaabaa qofatti yoo ta'e malee hin dubbisu jechuu hin qabnu. Ifni gahaan hanga jirutti muka jalatti, taaksii fi otobisii keessatti, saalonii keessatti, kutaa ciisichaa, ma-na kitaabaa fi bakka birootti dubbis-uun ni danda'ama.

Barreessaa Mangistuu Lammaa, obbo Yidenaqaachaw Tasammaa, Pirofe-eseer Akiliiluu Lammaa, obbo Yilmaa Dheeressaa, Abbaa Ciiqoo Tsaggaayee, Gabramadiinii fi kkf biyya keenya keessatti namoota gurguddoo jedh-amuu danda'an dha. Kunis kan ta'e namoonni kun baay'ee dubbisuu fi wantoota gadi fageenyaan qorachuu danda'uu isaaniitiin dha. Isinis, fakkeenyummaa isaanii kana hordo-fuudhaan hayyoota beekamoo taatanii maqaa biyya keessanii waamsisuuf baay'ee dubbisuu qabdu.

**Gilgaala- 8**
**Gaaffilee armaan gadii irratti waliin mari'adhaa**.

1. Barreeffama dubbisuudhaaf bakka murtaa'e filachuun dirqama miti kan jedhame maaliif?
2. Yeroo baay'ee dubbisuun bu'aa maalii argamsiisa?
3. Namoota barachuu fi baay'ee dubbisuudhaan biyya isaa-niitiif waan gaarii hojjatan keessaaa namoota sadi ila-alchisee gaaffii afaaniitiin ykn dhimma isaanii irratti waan barreeffame dubbisu-un ragaa funaanaa. Kana booda, lammiileen kun biyya isaaniitii fi ummata isaanii-tiif maal akka gumaachan hiriyoota daree keessaniif dhiye essaa.



Sample output to test PDF Combine only

## 11.5 Tooftaa Qo'annoo Barumsaa

- ***Barumsa keessan qo'achuu osoo hin eegalin dura qophii maal  fa'a gootu?***
- ***Adeemsa qo'annaa barumsaa kees-satti  tooftaa akkamii hordoftuu?-***
- ***Yeroo xumurtan hoo?***

**Kadiir fi Birmaaciiti**

Mana barnootaa keenya keessatti Kadiirii fi Birmaaciit kan jedhaman barattoota kutaa 6ffaatu jira. Kadiir yeroo tokko daree keessatti muge. Barumsa isaatinis firii gadi bu'aa ta'e qaba. Birmaaciit garuu, barattuu cimtuu dha. Daree keessatti yeroo barsiisaan ishee barsiisu wanta hin galleef ni gaafatti. Warri biroon yeroo ishee gaafatan deebisuun ni hirmaatti. Barsiistuun Birkitiin garaagarummaa ijoollee kana lamaan gidduu jiruu hubattee jirti.

Guyyaa tokko barsiistuun kun ijoollee lama barumsa isaanii akkamitti akka qo'atan dareef akka ibsan gaafate.

Kadir akkana jechuun ibse. Yeroo hundaa qo'achuun natti hin talu, na nuffisiisa .Kanan qo'adhu yeroo qormsi gahu dha. Guyyaan gosa barnootaa san itti qoramu baru dha yeroo jedhamu dabtara  koo kaaseen gara kutaa ciisichaa gala.

Kana  booda hanga dadhabutti qo'ac-huu dha. Yeroon qo'adhus kan naaf hin galle yoo jiraate homaa gochuu hin danda'u .Irran darba.

Birmaaciitis  dabaree isheetiin itti fufte. Ani guyyaa tokkotti dubbisuun mataa koo dhiphisuu hin jaaladhu. Guyyaa guyyaan wantan baradhe jala jalaan qo'adha. Yoo naaf hin galle hiriyoota koo waliin irratti dudubbanna. Yeroo sana yoo naaf galuu dide barsiisaa koon gaafadha. Qo'achuu osoo hin eegalin dura wantoota na barbaachisan jechuun kan akka galmee jechootaa, yaadannoo, kitaaboleen wabii nan qopheeffadha. Wantan dubbisus yaad-annoo irratti nan qabadha. Akkanatti yoon qo'adhu sirritti naaf gala. Bara darbe tokkoffaa bahee kanan bad-haafame kanaaf natti fakkaata. Bara-nas battallee irratti firii gaarii arg-achaan jira. Tokkoffaa akkan bahus shakkii hin qabu.

**Gilgaala – 9**
**Gaaffilee armaan gadii irratti mari'adha.**

1. Muuxannoo qo'annoo gaarii kan  qabu Kadiir moo Birmaacit dha  jettu? Maaliif?
2. Haala deebii lakkoofsa 1 irr-arri kennitaniin  firii gaarii argachuuf akkamitti qo'ach-uu qabna jettu?




Sample output to test PDF Combine only

Qo'achuuf dubbisuu fi kaayyoo kan biraaf dubbisuun garaagarummaa muraasa hanga ta'e qabu. Beekumsa walii galaa fi ragaalee adda addaa argachuuf bakkuma nutti toletti dubbisuu dandeenya.Haala kanaan yoo dubbisnu yaadannoo qabachuu fi irra deddebi'anii dubbisuun dirqama hin ta'u.

Qo'annaaf yoo dubbisnu garuu, yaadni waan dubbisnu sanaa hanga nuuf ~~galutti~~ irra deddeebinee dubisna. Yeroo qo'annus meeshaalee qo'annoof barbaachisan qopheessuu qabna. Kana malees, bakka sagaleen hin jirre filachuu fi teessuma gaarii irra taa'uun barbaachisaa dha.

Yeroo dubbisnus yaadicha gadi fageenyaan sakatta'uu qabna. Yaada nuuf hin galles addaan baasnee hiriyoota keenyaaf ykn dareedhaaf mariif dhiyyeessuun barbaachisaa dha. Wanti dubbisnu dirqama dabtara keenya qofa ta'uu hin qabu. Mata duree baranne kan ilaallatan barbaaduun ibsa dabalataa argachuun gocha barataa cimaa ti. Qo'annaa yeroo xumurru qabxiilee ijoo ta'an hangam akka hubanne, gaaffiiwwan garaa garaa hojjechuun of madaaluun barbaachisaa dha.Inni kunis ofiin of madaaluu jedhama.

Qo'annoon adeemsa armaan gadiiqaba.




**Gigalaa -9**

**Gaaffilee armaan gadii ibsa barbaachisaa ta'e kennuun deebisaa**

1. Gargaarumman qo'achuuf dubbisuu fi kan biroo ma-al?
2. Qabxiileen yeroo qo'annu nuuf hin galin yoo jiraatan maal gochuu qabna?
3. Yeroo qo'annaa gaggeessitan sadarkaalee armaan gadii irratti maal hojjechuu qabdu?
   a/ Dursitanii yeroo qophii gootan
   b/ Yeroo qo'anaa irraa jirtan
   c/ Qo'annaa erga xumurtanii booda



Sample output to test PDF Combine only

## Yaada xumura boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti waayee madda beekumsaa, waayee ilaalchaa fi yaadoota miidhaa geessisan irratti mari'annee jirra. Beekumsi madd-awwan mana barnootaa, kitaabilee, gaazeexaawwan fi kan kana fakkaatan irraa kan argamu dha. Beekumsi kunis mataa keenyaa fi naannoo keenya jijjiiruu kan nu dandeessisu ta'uu isaa hubannee jirra.

Qabxiiwwan waayee yaadootaa fi ilaalchoota duubatti hafoo ykn miidhaa geessisan ilaalchisee kaasne beekumsa akka argannu nu taasisee jira. Bar-maatilee fi tilmaamota qabatamaa hin taaneen akka bullu kan nu taasisu ta'uu isaa ilaallee jirra. Kunis adeemsa mataa keenyaa jijjiiruu fi tattaaffii naannoo keenyaa misoomsuuf taasisnu akka miidhu nama hin shakkisiisu.

Miidhaa fayyaas akka nurra geessisuu danda'u nuuf gala. Qabxiilee qo'annaa ilaalchisee kaasa-nellee gabaabumatti haala kanaan tee-ssisuu ni dandeenya.

Qo'annaan dursanii qophii gochuu barbaada.Sadarkaa kanattis wantoota qo'annaaf nu barbaachisan guunnee dhiyeessina.Gara qo'annaatti yoo see-nnu yeroo murtaa'e keessatti hojii keenya ni raawwanna. Qo'annicha yer-oo xumurru immoo haala adda addaan mataa keenya ni madaalla.

Haaluma kanaan boqonnaa kana kee-ssatti qabxiiwwan ijoo of eeggannoon ilaaluun beekumsaa fi qabxiilee ijoo kanneen hubachuun keessan ni amanama. Haa ta'u malee beekumsa argachuun keessan qofti gahaa miti. Waan barumsaan argattan san hojiitti jijjiiruuf tattaaffii gochuun isin irraa eegama.



Sample output to test PDF Combine only

# JECHOOTA IJOO

**Beekumsa:** Dandeettii, yaad-qalbiiwwan, wantootaa fi ta'eewwan gadi fageenyaan hubachuu.

**Ragaa:**Yaada ijoo waayee namootaa,naannoo,wantootaa fi waayee dhimmoota adda addaa hubachuuf funaanamu.

**Ilaalcha boodatti hafaa:**Tilmaamaa fi ilaalcha saayinsiin hin deggaramne, barmaatilee qofaan kan gaggeeffamu

**Qo'annaa:** yaad-qalbiiwwan gadi fageenyaan hubachuuf jecha barreeffamoota maddoota ragaa kan biroo sirritti sakatta'uun qorachuu

**Dubbisuu:** barreeffamoota ragaalee adda addaa of keessatti qabatan waliin haasawuu

**Of madaaluu:** Qo'annaa booda gaaffiiwwan adda addaa hojjechuun hangam akka hubatan keessa deebi'uun ilaaluu.



Sample output to test PDF Combine only

# Gaaffilee keessa deebii

## I. Jechoota armaan gadii sirrii kan ta'e "dhugaa" kan sirrii hin taaneef immoo "soba" jechuun deebsaa

1. Manneen barnootaa madda beekumsaa ijoo dha.
2. Barnoonni yoo babal'atu ilaalchonni duubatti hafoon lafa qabachaa deemu.
3. Mana fooyya'aa keessa jiraachuuf beekumsa fooyya'aa qabaachuun barbaachisaa dha.
4. Beekumsa guddifachuuf filannoowwan jiran keessaa ragaan isa tokko dha jechuun ni danda'ama.

## II. Roga 'B' jala kan jiran roga 'A' jala kan jiraniin walitti firoomsi

| "A" | "B" |
|---|---|
| 1. Ilaalcha boodeetti hafaa | A. Shamarran barsiisuun bu'aan isaa xiqqaadha |
| 2. Madda beekumsaa isa ijoo | B. Meeshaalee qo'annaa filachuu |
| 3. Qo'annaa | C. Alaabaa kabajuu |
| 4. Qophii qo'annaan dura | D. Dubbisa biroo irraa haala adda ta'een gaggeeffama |
| 5. Maddeen odeeffannoo | E. Adeemsa barnoonni gadi fageenyaan itti dubbisamu |
| | F. Mana barnootaa |
| | G. Raadiyoo, Jaarsolii, Moobayilii |

## III. Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta'e filadhaa.

1. Ilaalchoonni duubatti hafoon yoo maal ta'e jijjiiramuu danda'u?
   A. Ummanni barumsaan yoo qarame
   B. Saayinsii fi Teeknoloojiin yoo guddate
   C. Barumsaan yoo guddannu
   D. Hundinuu sirrii dha.



Sample output to test PDF Combine only

2. Qo’anna ilaalchisee sirrii kan ta’e isa kam?
   A. Qo’achuun kan danda’amu mana barnootaa keessatti qofa dha.
   B. Qo’annaan kan namaa galu yeroo sagantaan qormaataa as dhiyaatu dha.
   C. Bu’aa qabeessa ta’uun kan danda’amu jala jalaa yoo qo’atan dha.
   D. Hiriyaa waliin qo’achuun yaada namaa jeeqa.

3. Kanneen armaan gadii keessaa ragaa nuu dhiyeessuu kan danda’u isa kam?
   A. Televizyiinii
   B. Raadiyoo
   C. gaazeexaa
   D. Hunduu

4. Yeroo qo’annaa yaadannoo qabaachuun faaydaa maal qaba?
   A. Yaadota ifa nuuf hin ta’in mariif dhiyeessuuf
   B. Barreeffama harkaa fooyyessuuf
   C. Yaadannoo qabachuun hagas mara faaydaa hin qabu.
   D. Hundinuu deebii dha

5. Kanneen armaan gadii keessaa ilaalcha duubatti hafaa kan ta’e kam?
   A. Yeroo hunda duubbisuun falaasama hin taane keessa nama galcha
   B. Dubartoonni dandeettii isaanii kamiinuu dhiiraan walqixa.
   C. Dubartii barsiisuun hunda fayyada.
   D. A fi Bn ilaalcha duubatti hafoodha.

**V . Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa**

1. Beekumsi gabbachaa akka deemu taasisuun faaydaa maal qaba ?
2. Qo’annaa adeemsa dubbisa biroo irraa maaltu adda isa taasisa?
3. Ilaalchi duubatti hafaan akkamiin miidhaaf nama saaxiluu danda’a ?
4. Ilaalcha duubatti hafaa akkamiin dhabamsiisuun danda’ama?



Sample output to test PDF Combine only